Seattle Department of Construction and Inspections
(Dippartmentii Konistraakshiinii fi Tu'annoo Siyaatili)
sdci

Odeefannoo **604**

# Ulaagaalee Seeraa

*—Qajeelfamawwan seera tasgabbii fi qulqullina jireenyaa siyaatil (Seattle) ittiin hogganamu*

## Seera Siyaatil (Seattle) Kan Mirgaa fi Dirqamoota Abbaa Qabeenyaa fi Kireeffataa Ilaallatu

*Guyyaa haromfamu: Adoolessa 11,2018*

Seattle Department of Construction and Inspections (Seattle DCI, Dippartmentii Konistraakshiinii fi Tu'annoo Siyaatili) , Seera Mana Jireenyaa fi Ijaarsa Suphaa Sityaatil (SMC Kutaalee/section 22.200 - 22.208) fi qajeelfamoota magaalattii biroo kireessaa fi kireessaa irra dhiibbaa geessisan ni hoggana akkasumas hojiirra oolcha. Miseensotni hojjettoota ulaagaalee seera Seattle DCI'wwanii kireeffattootaa fi kireessitootni ulaagaalee seera magaalattii hubachuu irratti gargaarsa taasisuufiif ni argamu ykn jiraatu.

Yaadannoon Gargaarsa Maamilaa kun seera magaalaa jalatti mirgaa fi dirqamawwan kireeffataa fi kireessaa Siyaatil (Settle) hogganuuf qajeelfama isa waliigalaati. Odeefannoo addaa Seera Manneetii fi Gamoo Suphuu(SMGS)/HBMC ykn Kiraa Galmeessuu fi To'annoo Seeraa (KGTS)/RRIO iraatti teessoon:

**Seattle Department of Construction and Inspeciotns**
**Ulaagaa Seeraa Guupaman**
**(206) 615-0808**

**Teessoo:** Gamoo 19ffaa, Taawarii Mana Qopheessaa Siyaatil (19th Floor, Seattle Municipal Tower)
**Teessoo Meelii:** 700 Fifth Ave., Suite 2000
P.O. Box 34019
Seattle, WA 98124-4019

Dambiin Kireessaa/Kireeffataa Kutaa Biyya Waashingitan (The Washington State Residential Landlord/Tenant Act) (Boqonnaa 59.18 RCW) kireeffattootaa fi kireessitootaaf mirgaa fi dirqama hundeessee jira. Odeeffannoo dabalataa waa'ee seera kutaa biyyichaatiif, dhaabbilee barreeffamaa armaan gaditti tarreeffaman keessaa tokko fayyadamaa ykn **http://apps.leg.wa.gov/RCW/default.aspx?cite=59.18** 'n barreessaa.

### Abbootii qabeenyaa kiraa irraa magaalaan kun maal barbaaddi?

HBMC jalatti, abbootiin qabeenyaa gamoo Siyaatil (Seattle) dirqama tajaajila jireenyaa qulqulluu fi tasgabbii kennuuf dirqamni isaan irra jira. Walumaagalatti, abbootiin qabeenyaa dirqama itti aanan ni qabu:

- Dallaa manaa ittiin jireenyaa dhala namaatiif akka mijatu godhanii eeguu, fi naannoolee faayidaa waliiniitiif oolan qulqulluu fi tasgabbaa'aa gochuu:
- To'annaa ilbiisaa, tukaanii fi ilbiisota kanneen biroo kennuu:
- Qabiyyeewwan bocaa (Baaxii, konyaa fi bu'uura) sirriitti ni qabata, akkasumas kutichi qilleensa akka qabaatu ni taasisa.
- Hojiiwwan elektirikaalaa, boombaa, ho'isaa fi mi'oota kanneen biroo fi tajaailawwan abbaa qabeenyaan dhiyaatan ni eega:
- Balfaaf konteenara gahaa ni dhiyeessa:
- Kutaalee kiraa kana ho'isuun dirqama yoo ta'e,Fulbaanaa hamma Waxabajjiitti tempireechara guyyaa (ganama 1:00 hamma 04:30) Digrii Faaraanaayitii 68 gad akka hin taane ni eega,akkasumas teempireechara gargalaa Digrii Faaraanaayitii 58 gad akka hin taane ni eega.
- Bakka ittiin jireenyaa dhaabbataatti, wayita kiraan jijjiiramutti tooftaalee furtuu fi furtuuwwan jijjiiruu, kireeffattootaatis furtuuwwan balbala kutaawwanii fi gamoo ittiin seenamu kennuu:
- Dhabamsiiftota aaraa ijaaruu fi waa'ee hojmataa fi tajaajila isaanii kireessitootaaf

Abbootiin qabeenyaa suphaa bareedinaatiif, tokkoo



Seattle Department of Construction and Inspections
700 5th Avenue, Suite 2000
P.O. Box 34019
Seattle, WA 98124-4019
(206) 684-8600

*Waraqaa kilooriinii irraa bilisa ta'e kan post-consumer fiber %100 waliin hojjetame ykn qophaa'een piriinti ta'e.*

tokkoon kiraa booda, kan akka haguuggii fi diba qalamaa haarawaatiif itti gaafatamummaa ykn dirqama hin qabaatu. Hojjetaan Guuta Ulaagaa Seeraa abbaan qabeenyaa addatti hojii suphaaf itti gaafatamaa ykn dirqamaa ta'uu fi dhiisuu isaatiif deebii ni kenna. Odeeffannoo dabalataatiif (206) 615-0808 bilbilaa.

KGTS/RRIO jalatti abbootiin qabeenyaa manaa Siyaatil mana mijataa kan ulaagaalee ijoo jedhamanii KGTS'n murteefaman guutuu qabu. Akkasumas:

- Manneetii jireenyaaf kireefaman waggootii shan shaniin galmeesisu (Qabeenya kee kan kiraa galmeenisuu ilaalchisee hubalchiisa 620 ilaali)
- 2015 jalqabee yoo xiqqaate waggaa kudhanitti al-tokko to'annoo KGTS/RRIO yoo darbe(Qabeenya kee kan kiraa galmeenisuu ilaalchisee hubalchiisa 620 ilaali)

## Kireeffataa kan jedhanuu eenyu

Seera deeggasa bakkaa kireeffataa malee, kireeffataa jeechuun bu'uura wal galtee kiraatin nama gamoo ykn mana qabiyyeen qabatee dha. Jiraattonni turtin yeroo ji'a tokkoo fi isaa olturan kana keesatti hammatanuu. Waligalteen kiraa barruun ykn afaan taasifamu ni danda'a.

## Dirqamoota Kireeffattootaa

Mana kireeffatan haala kiraa tasgabbaa'aa, qulqulluu, baqaqaa fi cabaa idilee ulaagaa kireessaa eegu guutuu qaba. Dirqamootni kireeffataa;

- Balfa haala sirriin kuusuu
- Tajaajilawwan elektirikaalaa fi boombaa fayyadamuu irratti kunuunsa taasisuu
- Kireeffataan ykn keessumoota isaaniin waan miidhame hatattamaan supha
- Abbaan qabeenya sababa quubsaa haaromsuu, suphuu fi ilbiisa to'achuuf akka seenu eeyyamu; akkasumas KGTS/RRIO to'annoo akka godhuuf seensisuu
- Dhabamsiiftota aaraa haala gaariin qabuu
- Manicha keessatti meeshaaleemiidhaa geessisan kuusuu irraa of qusachuu

## Suphaawwan yoo barbaachise sirreeffamawwan taasifaman

Suphaawwan yoo barbaachisan kireeffattoonti tarkaanfii armaan gadii ni fudhatu;

1. **Abbaa qabeenyaa quunnamaa.** Bilbilli ykn xalayaan karaa itti kireeffattoonti baay'een rakkoolee kamuu hiikkatan dha. Yeroo baay'ee, kun rakkicha kan hiiku ta'us, kireeffattoonti sirreeffamaaf tarkaanfii kamuu fudhachuu isaaniitiin dura gaaffiin barreeffamaa seeraan barbaachisaa dha. Garagalcha ergaawwan kanneenii hunda of harkaa qabaachuu keessanis yaadadhaa.
2. **Rakkicha Seattle DCI tti Gabaasaa.** yoo abbaan qabeenyaa ykn hogganaan yeroo gahaa ta'e keessatti hin suphiin tarii Seattle DCI'n akkaa ilaalu saganteefatta . yoo haalichi SMGS/HBMC ykn KGTS/RRIO cabsuu fi abbaan qabeenyaa rakkinicha furuu dadhabe, abbaan qabeenyaa tarkaanfii sirreessaa akka fudhatuuf to'ataan ni gaafata. babalinasaaf kutaa itti aanuu ilaali;
3. **Suphaa gargaarsa dhuunfaa, marii, kiraa escrow keessa ramaduu dabalatee tarkaanfiiwwan sirreessaa biroo fayydamuu, fi dhuma irratti gara alaatti socho'uu.** Dambiin Kireessaa/Kireeffataa Kutaa Biyya Waashingitan (Washigton) (Boqonnaa 59.18 RCW) kireeffattootaaf tarkaanfii sirreeffamaa murtaa'e kan qabuu fi kunis haala abbootiin qabeenyaa gamoo, edda barbaachisummaan suphaa edda beeksifamee booda, abbaan qabeenyaa yeroo isaa eegee yoo tarkaanfii sirreeffamaa seerichi gaafatu ykn barbaadu yoo taasisuu baate dha. Filannoowwan kanneenitti fayyadamuufis, kanfaltrii kiraa manaa fi tajaajilaa keessan yeroo isaa eegdanii kanfaltanii xumuruutu isin irraa eegama. Sirreeffamootni kanneen bifa kiraa wizholdiingii fi hir'ifamaa ni dabalatu. Akka seera waliigalaatti, salphaatti, kiraan wiizhooldiigni sirreeffama mijataa waan hin taneefuu; dhugumatti, kireeffattootni kanfaltii kiraa raawwachuu dhabuu irraa kan ka'e mana keessaa ari'atamuu danda'u. Seerri Kutaa Biyyaa waa'ee kanfaltii kiraa irraa maallaqa hir'isuu fi kanfaltii kiraa kanas herrega escrow tti kanfaluuf dambiiwwan murtaa'aa ni qaba. Dhimmicha irratti odeeffannoo dabalataa yoo barbaaddan, gartuuwwan gargaarsa kireeffattootaa dhuma barruu kanaa irratti tarreeffaman quunnamaa.

## Rakkoolee Seattle DCI tiif Gabaasuu

Abbaan qabeenyaa ykn hojii gaggeessaan suphicha yeroo barbaadame keessatti yoo hin taasisiin,

kireeffattoonti Seattle DCI tti gabasuu ni danda'u. Ulaagaa Seera Seattle DCI kan Taawarii Mana Qopheessaa Siyaatil (Seattle) Gamoo 19ffaa, 700 Daandii Shanaffaa, Siyaatil, WA 98104, (206) 615-0808 tiif barreessaa ykn bilbilaa;

- Abbaan qabeenyaa ykn hojii gaggeessaan waa'ee gaaffii ykn komii suphaa deebii yoo hin kennu ta'u, filmaata isa qofaa ta'ee yoo isinitti mul'ate, waa'ee rakkoo kana Seattle DCI tti gabaasuuf bilbilaa. Gaaffii akkanaa yoo qabaattan maqaan keessan iccitii ta'ee eegama.
- Wanta martuu to'annaa barbaadu addatti ibsaa akkasumas teessoo gamoo, fi lakkoofsa manaa dabalataan kennaa;
- Gargaarsaaf Seattle DCI wayita gaafattan lakkoofsa bilbilaa dabalataan barreessaa, achiiyis Qajeelchichi to'annaa ykn to'annaatiif yeroo mijatu ni tottolcha. Wayita qorannaas namni gaafatu sun argamuutu irra jiraata.
- Qorataan sun seerota caban yoo arge, qorataan sun yaadannoo suphaawwan kunneen itti taasifamuu qaban ni qopheessa, akkasumas beeksisicha manicha irratti ni maxxansa.
- Yeroon sirreeffamaa guyyoota 30 hamma 60 ta'a. Kunis haallan seerota cabanii fi dheereffama kamuu abbaan qabeenyaa fudhatu irratti hundaa'a.
- Abbaan qabeenyaa suphaawwan barbaachisoo yoo hin taasisiin, sirreffamicha hordofuuf Seattle DCI dhimmicha gama mana murtiin hordofa.

## Qajeelfama Sababa Sirrii Siyaatil'n Mana Gad'dhiisuu

Qajeelfama Haqiinsaa Sababa Sirrii Siyaatil (Seattle) qaama HBMC Siyaatil (Seattle) dha. Kaayyoon qajeelfamichaa, kireeffattootaa fi kireessitoota lamaaniifuu haala itti kiraan ji'a-ji'aa itti addaan cituu fi haqamu irratti yaada qulqullaa'aa hubachiisuuf dha. HBMC sababban walta'iinsi kiraa itti addaan citu qofa eera. Abbootiin qabeenyaa manaa wayita beeksisa barreeffamaa walta'iinsa kiraa addaan kutuu barbaadan ibsu ergan sababban walta'iinsa itti addaan kutan tarreessuutu isaan irraa eegama. Raga dabalataa haala gamoowwan itti haaromfamanii fi suphaman ilaalchisee seera Siyaatil, hubachiisa 604A ilaali

Hiikkoowwan armaan gadii walta'iinsa haquu fi addaan kutuu gidduu adda addummaa jiru ibsuuf faayidaa qabeessa dha.

**Mana Gad'dhiisuu:** Jechuun bu'aa isa dhumaa tarkaanfii seeraa idilee mana murtii siiviliitti kennamuun kireeffataan bu'uura beeksisa barreeffamaa kennamuufiin mana gad dhiisee itti bahu dha.

**Addaan cituu walta'iinsaa:** Qajeelfama Sababa Mana Kirichaa Keessaa Buqqa'uu keessatti kanneen eeraman keessaa tokkoon beeksisa barreeffamaa kireessaan kireeffataaf kennuu fi akka mana isaa keessaa bahu itti gaafatu dha.

***Yaadachiisa:*** Kireeffataan mana gad dhiisee bahuuf hayyamaa yoo hin taane, kireeffataan mana gad dhiisee akka bahu kan dirqisiisuu danda'u mana murtii qofa dha.

ababban armaan gadii bu'uura qajeelfamichaan haala itti abbootiin qabeenyaa mana kiraa walta'iinsa kiraa itti addaan kutu dha:

1. Kireeffataan kanfaltii kiraa manaa akka kanfalu guyyoota 3 kennameef keessatti yoo kanfaluuf hayyamaa ta'uu baate ykn manicha gad dhiisuuf hayyamaa yoo hin taane:
2. Kireeffataan yeroo mara kanfaltii kiraa kanfaluu yoo hin dandeenyee fi ji'oottan 12 keessatti darbiinsa kanfaltii kiraa abbaan qabeenyaa kireeffataadhaaf barreeffamaan al 4 fi isaa ol yoo beeksiseen:
3. Kireeffataan bu'uura tumaalee walta'iinsa kiraa yoo hin guutiin fi guyyoota 10 beeksisni gaheen keessatti akka beeksisichaatti raawwachuu dhabuu ykn mana gad lakkisuuf hayyamaa yoo hin taane.
4. Kireeffataan bu'uura dirqamoota Seera Kireessaa-Kireeffataa Kutaa Biyyichaan guyyoota 10 beeksisni gaheen keessatti akka beeksisichaatti raawwachuu dhabuu ykn mana gad lakkisuuf hayyamaa yoo hin ta'iin.
5. Kireeffataan yeroo mara tumaalee walta'iinsa kiraatiif yoo hin bitamiinii, fi yeroo ji'oottan 12 keessatti beeksisa guyyoota 10 al 3 fi isaa olii abbootii qabeenyaan kan kennamuu qabu ta'a:
6. Kireeffataan kutaa manaa guddoo yoo miidhe ("badiisa" yoo hordofsiise), jeequmsa yoo uumame (gochaa qoricha sammuu hadoochaa waliin wal qabateen), ykn hojii daldalaa seera qabeessa hin taane yoo adeemsise, fi beeksisni mana akka gad dhiisu ajaju kennameefii booda guyyoota sadii keessatti kana raawwachuudhaa yoo baate. Gosi miidhaa, jeequmsaa ykn hojii daldalaa ykn dhimma seeraan alaa kunneen beeksisa barreeffamichaa

irratti ibsamuutu irra jiraata.

7. Kireeffataan gamoo ykn manneen keessatti ykn naannoo gamoo ykn manneen kiraatti dhiyoo jiranitti gochaa yakkaa raawwatee yoo argame. Gochaan yakkaa raawwatame jedhamee yaadame ykn shakkame nagaa fi tasgabbii kireeffattoota biroo ykn abbaa qabeenyaa haala qabatamaan kan miidhu ta'ee; gochaan qoricha seeraan alaa waliin wal qabate gochaa yakkaa tokko qajeelfamichan ibsame dha. Abbaan qabeenyaa sababa kana fayyadamu dhiibbaawwan shakkicha deeggaran ifatti ibsauu, fi garagalcha beeksisa addaan kutiinsa walta'iinsa kiraa Seattle DCI tiif erguutu irra jiraata.

8. Kireessaan manicha ofuma isaa qabachuuf ykn firri ykn maatiin dhiyoon akka qabatu yoo barbaadee, fi kutaan walfakkaataa banaa ykn biraan yoo gamoo kanuma irra hin jiraatiinha manaa ykn abbaa manaa kan abbaa qabeenyaa ykn kkkireessaa. Miseensi maatii dhiyoo haadha manaa ykn abbaa manaa, warra, akkawoo fi akaakayyuu, daa'imman, obboleessa ykn obboleettii kan kireessaa/abbaa qabeenyaa jechuu dha. Kireeffattaa akeekachiifni duraa guyyoo ta 90 ni kennama. Abbaan qabeenyaa walta'iinsa kiraa addaan kutuuf sababa kana yoo lafa kaa'ee fi hojiirra ooluu yoo hin dandeenye, adabbii murtii siivilii hamma maallaqa $2,500 ni adabama. Kireeffataan walta'iinsi kiraa isaa sababa kanaan addaan cites, kireessaan tumaalee ykn ulaagaalee walta'iinsa kanaatiif sirriitti hin bitamne yoo ta'e, mirga tarkaanfii dhuunfaa isaa fudhachuu ni qabaata.

9. Kireessaan walta'iinsa kiraa kan kireeffataa mana kutaa jireenyaa wal fakkaataa kan kireessaan keessa jiraatu waliin wal fakkaatu ykn tokko ta'e addaan kutuu yoo barbaade, ykn abbaan qabeenyaa kun mana isaa/ishee kireeffataa kutaa jireenyaa tajaajilootni meeshaalee jijjirraa isaanii guutaman (ADU) mana abbaa qabeenyaan qabame keessa jiraatu kireeffataan akka hin fayyadamne yoo barbaade.

10. Kiraan qabachuun kireeffataa haala hojii qabeenyaa irratti kan hundaa'ee fi walitti dhufeenyi walta'iinsa hojii ypp addaan cite.

11. Abbaan qabeenyaa manichaa suphaa ykn haaressi manichaa muummichi hayyama barbaadu yoo karoorfamee fi haaressi kun kireeffataan osoo keessa jiruu hojjetamuu kan hin danda'amne ta'uun isaa yoo ibsame. Dabalataanis, abbaan qabeenyaa ulaagaalee Qaajeelfama Gargaarsa Deebisanii Bakka Qabsiisuu Kireeffataa gutuutu irra jiraata. (Odeeffannoo asii gad jiru ilaalaa). Abbaan qabeenyaa manichaa suphaa ykn haaressi manichaa muummicha akka sababa addaan kutuu walta'iinsa kiraatti yoo fudhatee fi kana raawwachuu yoo hin danda'iin, Abbaan qabeenyaa walta'iinsa kiraa addaan kutuuf sababa kana yoo lafa kaa'ee fi hojiirra ooluu yoo hin dandeenye, adabbii murtii siivilii hamma maallaqa $2,500 ni adabama. Kireeffataan walta'iinsi kiraa isaa sababa kanaan addaan cites, kireessaan tumaalee ykn ulaagaalee walta'iinsa kanaatiif sirriitti hin bitamne waan ta'eef, mirga tarkaanfii dhuunfaa isaa fudhachuu ni qabaata.

12. Abbaan qabenyaa gamoo sana gara Waldaa Gamtaa ykn Kondomiiniyamiitti naannessuuf ykn jijjiiruudhaaf yoo murteesse, (Qajeelfamoota Waldaa Gamtaa ykn Kondomiiniyamiitti naannessuu ilaalchisee odeeffannoo fuula 7 irra jiru ilaali)

13. Abbaan qabeenyaa gamoo sana diiguuf ykn gara tajaajila jireenyaan alaatti jijjiiruu yoo barbaade. Abbaan qabeenyaa dura ulaagaalee Qaajeelfama Gargaarsa Deebisanii Bakka Qabsiisuu Kireeffataa gutuu fi hayyama barbaachisaa argachuun isaa dirqama. (Fuula 6 ilaalaa)

14. Abbaan qabeenyaa mana jireenyaa maatii tokkoo qofa gurguruu yoo barbaadee fi kireeffataadhaaf yeroon walta'iinsa kiraa addaan cituu isaa dura, yoo xiqqaate beeksisa guyyaa 90'n duresee yoo kenne. Abbaan qabeenyaas, manichi guyyaa kireeffataan gad dhiifamee kaasee guyyoota 30 jiran keessatti tarreessa gatii qabeneyaa fi gatii isaanii sirrii gaazexaa ykn ejensii riyaalitii iratti ibsuutu irra jiraata. Seattle DCI komee yoo ofitti fudhate, abbootiin qabeenyaa manicha gurguruuf yaada qabaachuu isaaniitiif mirkannoo yaada isaanii kana addeessu mallatteessuutu irra jiraata. Yaadi sobaa jiraatee kutichi yoo gurgurtaaf hin beeksifamiin ykn hin tarreeffamiin, ykn gabaarra osoo hin bahiin kenname ykn guyyaa kireeffataan gad dhiisee kaasee guyyoota 90 keessatti deebi'ee yoo kireeffame qajeelfamni cabe ni jira. Kireeffataan walta'iinsi kiraa mana isaa sababa kanan addaan cite, kireessaan tumaalee ykn ulaagaalee walta'iinsa kanaatiif sirriitti hin bitamne jedhee yoo yaade, mirga tarkaanfii dhuunfaa isaa fudhachuu ni qabaata.

15. Beeksisa Seera Irra Darbuu edda kennameefiin booda abbaan qabeenyaa, tajaajila kutaa manichaa kan Seera Fayyadama Lafaan hin hayyamamneen itti fufuu yoo barbaade. Abbaan qabeenyaa Kireeffattoota tokko tokkoo kutaa

kanneeniif kireeffattootni manicha gad dhiisuu isaanii, yoo xinnaate yeroo torbee lamaa dura Gargaarsa Bakkatti Deebisuu tiif kanfaluutu irra jiraata. Kireeffattootni galiin isaanii gad aanaa ta'e kanfaltii gargaarsaa $2,ooo isaanii kanfalamuu qaba. Kireeffattoonti biroon immoo kanfaltii tajaajila Gargaarsa Bakkatti Deebisuu kanfaltii kiraa kan ji'a lamaa waliin wal madaalu ni kanfalamaaf.

16. Daangaawwan Seera Itti Fayyadama Lafaa (Kanneen walitti dhufeenya kamuu yoo hin qabaatiin, mana jireenyaa tokko keessatti namoota 8 ol hin taane keessa jiraatan) guutuuf jecha abbaan qabeenyaa baay'ina kireeffattootaa kiraa mana kanaa hir'isuu yoo barbaade.

17. Abbaan qabeenyaa walta'iinsa kiraa kan kireeffataa manichaa ADU beekame of keessaa qabuun, Seera Itti Fayyadama Lafaa irratti seera cabsuu isaa ilaalchisee beeksisni gaheeniin booda; sadarkaalee guddinaa ADU'wwanii guutuuf jecha addaan kutuu yoo barbaade. (Seerri cabe sun kireeffataan manicha gad dhiisee yoo bahee fi kutaalee lameenuu yoo kireesse, kireeffataan kutaa isa tokko deebisee qabachuutu ykn gad dhiisuutu irra jiraata. Abbaan qabeenyaa kireeffattoota buqqaafamaniif, akkasumas galiin isaanii gad aanaa ta'eef kanfaltii gargaarsaa $2,000, akkasumas kireeffattoota adda biraatiif immoo kanfaltii kiraa kan ji'a lamaa waliin maallaqni wal madaalu ni kanfalamaaf. Seattle DCI abbaan qabeenyichaa yaada ADU fayyadamuu itti fufuu barbaachuu fi dhiisuu isaa hubachiisu ykn mul'isu akka mallatteessu gaafachuu ni danda'a.

18. Ajajni hatattamaa qabeenyicha gad dhiisuu Seattle DCI'n kennamee kireeffattootnis yeroo isa dhumaa ajaja irratti kennametti manicha gad dhiisuu yoo hin dandeenye.

**Daandii Sababban Eeraman Hordofuu Dhabuu:** Abbaan qabeenyaa walta'iinsa kirichaa sababa (1) Gurgurtaan mana jireenyaa maatii sun yoo karoorfame, (2) Abbaan qabeenyaa ykn miseensi maatii isaa manichatti galuuf yoo ta'e, (3) Deebisanii Fooyyessuu Manichaa Qabatamaa ta'e yoo karoorfame, (4) Lakkoofsi jiraattotaa gara saddeetiitti hir'achuu qabu. ykn (5) beeksisa seera cabsuu isaa ibsu fudhateen booda abbaan qabeenyaa ADU yoo itti fufee, fi abbaan qabeenyaa sababban kireeffataa manicha irraa itti baase yoo hin raawwatiin, akkaataa seera Magaalattii ykn Adabbii Siiviliin, adabbii maallaqaa $2,5000 tarkaanfii dhimmicha hojiirra akka oolchu taasisu irratti fudhatama.

**Mirga Tarkaanfii Dhuunfaa Fudhachuu Kireeffattootaa:** Abbaan qabeenyaa walta'iinsa kirichaa sababa (1) Gurgurtaan mana jireenyaa maatii sun yoo karoorfame, (2) Abbaan qabeenyaa ykn miseensi maatii isaa manichatti galuuf yoo ta'e, (3) Deebisanii Fooyyessuu Manichaa Qabatamaa ta'e yoo karoorfamee, fi abbaan qabeenyaa sababban kireeffataa manicha irraa itti baase yoo hin raawwatiin, kireeffataan, hamma maaallaqa $3,000, baasiiwwan, fi kanfaltii tajaajila abukaatootiif eeruun abbaa qabeenyichaa irratti himannaa hundeessuu ni danda'a.

Yoo armaan dura eerameera ta'e malee, beeksisni addaan kutuu walta'iinsa kiraa yeroon kiraa manaa itti aanu jalqabuu isaatii, yoo xiqqaate guyyoota 20 dura kennamuu kan qabuu, fi sababa walta'iinsichi itti addaan cites ifatti barreeffamaan ibsamuutu irra jiraata. Siyaatil (Seattle) keessatti, sababban ji'aa-ji'a walta'iinsa kiraa addaan kutuuf sababootni seera qabeessaa fayyadan kanneen armaan olitti tarreeffaman qofa. Barreeffama Qajeelfama Sababa Sirriin Kireessa Manaa Baasuu (Gad-dhiisuu) guutuutiif, gara Magaalaa Siyaatil, weebsaayitii shuumiiwwan magaalaa bira dhaqaati Mana qopheessaa Siyaatil (Seattle) kan kedhu irratti cuqaasaa/click godhaa/. Kutaa bilbilaa 22.206.160. Odeeffannoo dabalataatiif, Gargaarsa Qabeenyaa Seattle DCI Kirreessaa ykn Abbaa qabeenyaa fi Kireeffataa irratti lakk.bilbilaa (206) 615-0808 irratti bilbilaa.

Adaraa keessan yaadadhaa, seera kutaa biyyichaa jalatti, kireeffattootni kiraa ji'a-ji'aa addaan kutuu barbaada, adeemsa beeksisaa qica sirrii hordofuuu, fi yeroon kiraa itti aanu jalqabuu isaa, yoo xinnaate guyyoota 20 dura fedha isaa abbaa qabeenyaa ykn hojii gaggeessaatti beeksisuutu irra jiraata.

## Hojiirra Oolmaa Qajeelfama Sirriin Manaa Baafamuu/Buqqaafamuu

Hojjettootni Qajeelfama Seera Seattle DCI walta'iinsa kiraa karaa seeraan ala addaan citu irratti qorannoo ni taasisu. Komeen sun fudhatamummaa kan qabuu ta'ee yoo argame, qajeelchi sun qajeelfama ulaagaalee abbaa qabeenyaa ykn kireessaatiif ni beeksisa, akkasumas kireessaan beeksisa walta'iinsi kiraa itti addaan citu yoo fudhachuudhaa baate, beeksisa karaa seeraan alaa walta'iinsa kiraa addaan kutuu isaa ibsu ni kennaaf. Kireessaan ykn abbaan qabeenyaa beeksisicha yeroo beeksisa cabsa seeraa keessatti eerametti haquudhaa yoo baate, dhimmichi gara Waajjira Abukaatoo Magaalattiitti ergama ykn qajeelfama. Kireessaan ykn abbaan qabeenyaa walta'iinsa kiraa karaa seeraan ala addaan kute, guyyaa bu'uura walta'iinsichaan raawwachuu dadhabe

isaan duraa 10 tiif adabbii siivilii hammi isaa $150.00 ta'e guyyaatti, tokkoon tokkoo mana kireeffametti, akkasumas guyyoota 10 kanneenii booda adabbii siivilii hammi isaa $500.00 ta'e guyyaatti, tokkoon tokkoo mana kireeffametti adabama.

Guyyoota beeksisa Qajeelfama Sirriin Manaa Baafamuu irraa darbu fudhatan 10 keessatti, kireessaan ykn qaamni miidhamaa biraan bakka bu'aa Seattle DCI'n keessa deebii dhimma bulchiinsaa gaafachuu ni danda'u. Seattle DCI nis gaaffiin kun guyyaa isa gahe irraa kaasee waa'ee dhimmichaa guyyoota toorba (7) keessatti qaama gaafate sana ni beeksisaan. Odeeffannoo dabalataa Seattle DCI tiif dhiyeessuufis, qaamni gaafate sun guyyaa gaaffiin qulqulleessaa sun mirkanaa'ee deebi'eef irraa kaasee guyyoota 15 ni qaba. Dhimma qulqullaa'e kana hordofees, bakka bu'aan Seattle DCI beeksisa cabsa seeraa ykn walta'iinsaa sana itti fufuu, fooyyessuu, ykn haquu ni danda'a. Guyyaa murtichi kenname irraa kaasees, murtiin barreeffamaa qaama gaafateef guyyoota 15 keessatti ni ergama.

Abbootiin qabeenyaa addaan kutuu walta'iinsa kiraa isaanii deeggaruuf sanadoota armaan gadii akka qabatan qabxiilee gorsaa kaa'aman dha:

1. Waliigaltee walta'iinsa kiraa barreeffamaa murtaa'e, seerota kireeffattoota hunda irra wal qixa hojiirra oolan waliin; fi checklistin haala kutaa Sanaa.
2. Galmeewwan kanfaltii kiraa;
3. Garagalcha ykn koppii beeksisaa kireeffataadhaaf kenname, barreeffama ragaaleen adeemsa seera qabeessaan barbaachisan sirriitti dhiyaachuu isaanii mirkaneessu waliin;
4. Odeeffannoo ykn ragaa barruu kamuu addaan kutuu walta'iinsaa deeggaran, kan akka gabaasaalee mudannoo poolisii ykn komee olla irraa dhiyaatu.

Beeksisni addaan kuta walta'iinsa kiraa sababa walta'iinsichi itti addaan citu sirriitti ibsuutu irra jiraata. Fakkeenyaaf, beeksisni kanfaltii kiraa yeroo hedduu duubatti harkifatee kanfalame kan ibsuu ykn of keessaa qabaachuu irra jiraatu:

> *"January 3, 1999, February 3, 1999, March 3, 1999, fi April 3, 1999 barreeffamaan akkuma beeksifamtan kanfaltiin kiraa keessan yeroo kanfalamuu qabu irraa duubatti harkifateera. Kan hin kanfalamiinii fi guyyaa jalqabaa ji'a kamuu irratti kanfalama."*

Abbootiin qabeenyaa sagantaa RRIO wajiin kan waliigalan ta'uu ragaasisuuf galmeewwan fuldura kanaa akka qabaatan ni gorsama:

1. Ragaa galmeesuu (Sertifikeeta galmeesuu) kan tokko tokkoo kireefattootaatti agarsiifaman ykn kennaman; kireefattoota haaraa hundaaf otoo itti galan ykn dura kennuu
2. Galagalcha sertifikeeta ga'umsaa erga takkaa to'anoon godhame booda.

## Gochaawwan akka dhiibbaa mirga namoomaa fi haaloo bahuutti fudhataman

HBMC gochaawwan tarkanfii murta'an kireessaa ykn kireeffataa irratti fudhataman isaan baay'ee isaanii ni daangessa ykn dhorka.

Kanneen armaan gadii gochaawwan akka dhiibbaa mirga namoomaa ykn haaloo bahuu kireeffataa irratti raawwataman of keessaa qabaatu;

1. Furtuuwwan balbala kutaa keessaa jijjiiruu;
2. Balbala, foddaawwa, sanduuqa fiyuuzii fi tajaajilawwan kanneen biro dhabamsiisuu;
3. Tjaajilawwan boba'aa, elektirikaa, bishaan fi kanneen biro abbaa qabeenyaan hojjetaman ykn ijaaraman akka itti fufiinsaan akka hin hojjenne taasisuu;
4. Adeemsa mana gad dhiisifachuu seera qabeessaan ala kireeffataa manicha keessaa baasuu;
5. KIreeffataan cabiinsa seerota HBMC Seattle DCI tiif gabaasa waan taasiseef ykn mirga seeraa kamuu kireeffataan manicha kiraan qabachuu irraa maddan kamuu fayyadamuun manicha keessaa baasuu, kanfaltii kiraa dabaluu yk sodaachisuu;
6. Yeroo balaa hatattamaa ykn manicha seenuuf hayyamni kireeffataatiin kennameefii beeksisa qixa sirrii kennuun ala kutaa kireeffataa seenuu,
7. Dursanii osoo barreeffamaan hin beeksisin kanfaltii dabaluun, daballiin kiraa dhibbantaa 10 kan hin caalle yoo ta'e akeekkachiisa guyyaa 30, daballiin kiraa dhibbantaa 10 ykn yoo caale akeekkachiisni guyyaa 60 ni kennaama.
8. Haala manni jireenyaa, jireenyaaf mijataa akka ta'uuf haalonni bu'uura ta'an osoo hin guuttamin kanfaltii kiraa manaa kan ji'aa dabaluuf ykn komii dhiheessuudhaaf.

**ULAAGAA SEERAA:** *Odeefannoon kun seerotaa fi tasgabeesitoota akka bakka bu'utti hin fayyadu. Hojiirra oolchaan seeraa fi qajeelfama hunda odeefannoo kana keessatti ibsames ibsamuu dhabees hojiirra oolchuun itti gaafatamumaasaati.*

Kanneen armaan gadii gochaawwan akka dhiibbaa mirga namoomaa ykn miidhaa geessisuu kireessaa irratti raawwataman of keessaa qabaatu;

1. Balbalawwan manaa irratti furtuu jijjiiruu
2. Meeshaalee ykn tajaajilawwan manicha irratti qabsiifaman, rarraaffaman ykn suphaman hayyama kireessaan ala dhabamsiisuu
3. Gamoo irratti ta'e jedhanii miidhaa geessisuu

Lakkoofsa bilbilaa (206) 615-0808 tiin Seattle DCI dhaaf bilbilaa.

**Hiikkaa Kanfaltii Manaa**

kanfaltii manaa kan jedhaman kiraa manaa fi kan biroo yeroo murtaa'e keessatti ykn ji'a ji'aan kan kanfalaman fkf kuusaa meeshaa. Kan dhaabbii konkolaataa ykn kanfaltiiwwan itti fayyadama tajaajilaa yoo ta'an kunneenis kireeffataan kireessadhaaf kan kanfaluu dha.

## Qajeelfamoota Magaalattii Biroo Kireeffattootaa fi Abbootii Qabeenyaa Miidhan

1. **Qajeelfama Gargaarsa Bakkatti Deebisuu Kireeffataa**
   Qajeelfamni kun kan hojiirra oolu kireeffattootni wayita manicha irratti miidhaa geessisan, tajaajila isaa jijjiiran, haaressa bu'uuraa, ykn dhimma manaa mootummaan deeggaramu irraa daangaan fayyadamuu yoo dhabamsiifame dha.

   Abbaa qabeenyaa hojiiwwan guddinaa karoorsu hayyama bakka qabsiisuu kireeffataa fi gamoo argachuu, fi hayyamicha walta'iinsa kiraa addaan kutuu isaatiin dura fayyadamuutu irra jiraata.  Kireeffattootni hunduu manicha gad dhiisuuf guyyoota beeksisaa 90 isaan fayyadu fudhachuutu irraa eegama. Kireeffattootni galii gad aanaa qaban, galiin isaanii galii gidduugaleessaa irraa dhibbeentaa 50 kan hin caalle, gargaarsa bakkatti deebisuutiif maallaqa $3,340 kan argatu yommuu ta'u, walakkaan isaa Abbaa qabeenyaan, walakkaan immoo Magaalattiin kan kanfalamu ta'a.

   Kireessaan iyyata irra deebi'amee eeyyama kireeffaatu argachuuf godhamu didduuf gatin kan dabalu yoo ta'e qajeelfama kana cabsuu dha.

2. **Qajeelfama Seera Waliigaltee Kiraa**
   Seerri kun tumaaleewwan sadii abbaan qabeenyaa walbifachuu qabu of keessatti qabatee jira.

**Beeksiisa kiraa dhibbeentaa 10 ykn ol dabaluu:** Kireessaan karoora baasii manaa, kiraa dabalatee dhibbeentaa 10 ykn ol yeroo ji'ota 12 keessatti dabaluu barbaadu yoo xiqaate guyyoota 60 keessati dabaluusaa barreefamaan beeksisa.

**Odeeffannoo Barbaadamue:**  Kireessitootni Siyaatil (Seattle) wayita kireeffattoota mana isaanii kireeffachuu dhufaniif walta'iinsa kiraa kennanitti, garagalcha waliigalaa seera kireessaa-kireeffataa magaalichaa fi kutaa biyyichaa kennuun dirqama isaaniiti. Gudunfaan waliigalaa kunis waliigalteewwan barreeffamaa hunda waliin wal qabachuu, fi kireeffattoota waliigaltee afaanii ykn jechaan raawwataniif kennamuu qabu. Kireeffattootni ammaan kana kireeffachaa jiraniifis garagalchi isaa kennamuu qaba.

Gudunfaawwan kunneen fuula “Publications” Seattle DCI'wwan weebsaayitii **www.seattle.gov/dpd/publications** irratti argama. Garagalchi barreeffamaa Gidduugala Qabeenya Uummataa Seattle DCI (Seattle DCI Public Resource Center), fooqii 20ffaa, Gamoo Mana Qopheessaa Siyaatil, karaa 700 shanaffaatti argamu irraa ni argattu. Tokko tokkoon maamilaa garagalcha muummicha tokko ni fudhata.

**Tumaalee Waliigaltee Kiraa Dhorkaman:**  Seera kana jalatti, abbootiin qabeenyaa walta'iinsa kiraa kireeffattoota ji'oottan yartuu (Fkn. Ji'a jaha) keessatti akka walta'iinsi kun addaan cite ari'ataman isaan taasisu ji'a ji'aan kireeffattoota mallatteessisan isaaniif hin hayyamamu.

Kireessitootni kireeffataan bakka walta'iinsa kiraa addaan kutuuf beeksisa kennee jiruttii fi manicha ji'a tokkoo booda kan gad dhiisu ta'ullee, kanfaltii kireeffataa ol fuufame jalaa hin qabu. Kireessaan akka kireeffataan sun ji'oottan murtaa'aniif akka turu ykn turtu yoo barbaade, kireessaan kireeffataadhaaf walta'iinsa kiraa kennuutu irra jiraata, yeroon walta'iinsaa osoo hin raawwatiin ykn xumuramiin dura kireeffataan manicha yoo gad dhiiseef jecha walta'iinsichi tumaalee adabbii of keessaa ni qabaata.

Kireeffattootni abbootii qabeenyaa ykn kireessitoota tumaalee kanneen diigan irratti himata siivilii hundeessuu ni danda'u. Kireessaan tumaalee kanneen cabsee argame adabbii akkasumas miidhaa kireeffataa irra gahe, baasii mana murtii fi durgoo abukaatoo ni kanfala.

3. **Qajeelfamoota Jijjiirama Kondomiiniyamii fi Waldaa Gamtaa**
   Manneen jireenyaa gara kondomiiniyamii ykn manneen waldaa gamtaatti yoo jijjiiraman, Qajeelfamootni Dabarsa kondomiiniyamii ykn manneen waldaa gamtaatti taasifamu to'annaa seera dhimma manneenii ni barbaada.

   Dabalataanis, jijjiirraa kondomiiniyamiitiif, beeksisni guyyoota 120 dura kireeffataaf gahuutu irra jiraata. Kireeffataan kutaa manichaa bituuf yoo hin murteessiin, kireeffataan haala gargaarsa deebisanii qubachiisuuf taasifamuun kanfaltiin maallaqa kiraa kan ji'a sadii waliin wal madaalu ni kanfalamaaf. Kunis Maddeen hunda irraa galiin waggaa kan kireeffataa baay'ina miseensota maatiitiin sirreeffamee, galii gidduugaleessa naannichaa %80 kan hin caalle yoo ta'e dha. Akkuma qajeelfamicha keessatti bal'inaan ibsame maatiin ulaagaalee faayidaalee bakkatti deebisanii qubachiisuu guutuu fi maaticha keessas namni umuriin isaa jahaatamii shan (65) ol ykn isaa ol ta'e yoo jiraate ykn nama "Fedhii Addaa" barbaadu of keessaa qabu gargaarsa dabalataas ni argata.

   Jijjiirraa Waldaa Gamtaa tiif, kireessaan ykn abbaan qabeenyaa manicha gurguruu akka barbaadu beeksisi guyyoota 120 kireeffataa dhaaf kennamuutu irra jiraata. Kireeffataan mana kiraan keessa jiraatu sana bituuf yoo hin murteessiin, maatiin kireeffataa gargaarsa deebisanii qubachiisuutiif maallaqni hammi isaa $500.00 ta'e ni kanfalamaaf.

   Gargaarsi deebisanii qubachiisuu abbaa qabeenyaa ykn misoomsaatiin kireeffataadhaaf kallattiin ni kanfalama. Kanfaltiin gargaarsaa kanfalamuu kan qbu guyyaa manichi gad dhiifame irraa duubatti hin harkifatu.

   Odeeffannoo dabalataa barbaaddaniif, Qajeelfama Seera Seattle DCI lakk. (206) 615-0808 fayyadamaa.

   Qajeelfamoota kana irratti odeeffannoo dabalataa isin barbaachisuuf, lakk. Bilbilaa fayyadamuun (206) 615-0808 bilbilaa.

4. **Qajeelfama Ittigaafatamummaa Kanfaltii Qaama Sadaffaa**
   Qajeelfamni kun abbootii qabeenyaa mataa isaanii ykn karaa kubbaaniyaawwan dhuunfaa, tajaajilawwan magaalichaan kireeffataadhaaf kennaman (Bishaan, Dhangala'aa Dhabamsiisuu, Balfa gatuu, tajaajila elektirikii) kiraa isaanii irraa adda ta'e kireeffattootaan kanfalchiisaniif seera ni hiika ykn hiikkaa seeraa ni ibsaaf. Qajeelfamichi gamoowwan jireenyaa hunda kutaalee manaa sadii fi isaa ol qaban hunda irratti hojiirra oola ykn ni hojjeta.

   Seerotni kunneen abbaa qabeenyaa ykn qaama kanfaltii kanfalu, waa'ee kanfaltii tajaajilaa kan kireeffattootaa ilaalchisee, kireeffattootni odeeffannoo akka argatan taasisuuf fi, hojmaata kanfaltii tajaajilaa walta'iinsa kiraa keessatti ykn beeksisa barreeffamaan ifa akka ta'uufii gochuu gaafatu. Kireessaan beeksisa barbaachisaa osoo hin kenniin dura hojmaata kanfaltii lakkooftuu tajaajilaa haarawaa yoo kireeffataarra buuse, qajeelfamicha diige jechuu dha.

   Kireeffataan hojmaata kanfaltii tajaajilaa qaama sadaffaa (Billing third-party) bakka bu'aa dhimma kanfaltii tajaajilaa tiif beeksisuunii fi sababa walitti bu'iinsichaa ibsuun mormuu ni danda'a. Kuni kan raawwatamuu danda'u, guyyaa biiliin isaan qaqqabe irraa kaasee guyyoota jiran 30 keessatti dha. Bakka bu'aan kanfaltii tajaajilaa kunis guyyaa yaadi mormii ykn waldhibdee kun isa gahee kaasee guyyoota 30 keessatti waa'ee dhimmichaa maria'chuuf kireeffataa quunnamuun irra jiraata. Kireeffataan komee isaa Waajjira Dhaddacha Qorannoo Siyaatil (Seattle Office of the Hearing Examiner) tiif dhiyeessuu ykn abbaa qabeenyaa mana mana murtiitti dhiyeessuu ni danda'a. Qorataan dhimma dhaddachaa ykn manni murtii kireessaadhaaf yoo murteesse, abbaan qabeenyaa adabbii kanfaluutu irraa eegama.

## Odeeffannoo Dabalataa

Gartuuwwan biroon kireeffattootaa fi abbootii qabeenyaa kiraatiif odeeffannoo kennuu danda'an kanneen armaan gadii ni haguuga:

1. **Sababa Qabatamaa (Solid Ground)**
   **(206) 694-6767**
   **www.solid-ground.org**
   Seera akkasumas tumaalee Mirgaa fi Dirqamoota seera qabeessa kan Abbaan qabeenyaa/ kireeffataa Dhimma Jireenyaa Kutaa Biyyichaa jalatti odeeffannoo fi gorsa barbaachisaa, akkasumas sirrii hunda ni kenna.

2. **Gidduugala Tarkaanfii Seera Qabeessaa (Legal Action Center)**
   **(Tajaajilawwan Hawaasa Kaatoolikii) (Catholic Community Services)**
   **(206) 324-6890**
   **www.ccsww.org/legalactioncenter**

Kireeffattoota galii gad aanaa qabanii fi tarkaanfii mana irraa ari'atamuu isaan quunnameef odeeffannoo fi deeggarsa ni taasisa.

3. **Tenants Union of Washington State (Waldaa Kireeffattootaa kan mootummaa Waashingitan)**
   **(206) 723-0500**
   **www.tenantsunion.org**

   Rakkoolee abbootii qabeenyaa/kireeffattootaa ilaalchisee odeeffannoo fi gorsa ni kenna. Dabalataanis, waldaan Kireeffattootaa abbootii qabeenyaa waliin marii haala gaariin taasisuuf jecha, abukaatoo fi gartuuwwan kireeffattootaa tiif deeggarsa warshishooppii, leenjii fi teeknikaa ni kenna.

4. **Waajjira Ol'aanaa Abukaatoo Kutaa Biyya Waashingitan (Washington State Attorney General's Office)**
   **(206) 464-7744**
   **www.atg.wa.gov**

   Seera Dhimma Jireenyaa abbaa qabeenyaa/ kireeffataa ilaallatu jalatti waa'ee mirgoota seeraa odeeffannoo ni kenna. Waajjirri Ol'aanaa Abukaatoo, dhimmoota abbaa qabeenyaa/ kireeffataa ilaalchisee, Tajaajila Odeeffannoo Sarara Mamiltootaa, kan odeeffannoo teeppii waraabame qabu of keessaa qaba (206) 464-6811.

5. **Waldaa Manneetii Kiraa Waashingtan (Rental Housing Association of Washington)**
   **(206) 283-0816**
   **www.rhawa.org**

   Seera akkasumas tumaalee Mirgaa fi Dirqamoota seera qabeessa kan Abbaa qabeenyaa/ kireeffataa Dhimma Jireenyaa Kutaa Biyya Waashingitan (Washington) jalatti dhimmuma kana irratti fi kan naannoo odeeffannoo gahaa isiniif ni kenna.

6. **Gidduugala Hiika Waldhibdee Kaawuntii Kiingi (Dispute Resolution Center of King County)**
   **(206) 443-9603**
   **www.kcdrc.org**

   Kireessitootaa fi kireeffattootaaf tajajaila araaraa ni kenna. Gidduugalli kun akka bakka bu'aa fooramii hojmaata mana murtii waldhibdee hiikuutti socho'a.

7. **Waajjira Mirga Namoomaa Siyaatil ( Seattle Office for Civil Rights)**
   **(206) 684-4500**
   **www.seattle.gov/civilrights**

   Qajeelfama Dhimma Mana Jireenyaa Magaalattii kan kireeffattootni sanyii, bifa ykn qalama, amantaa, amantii, hidda dhiiga dhalootaa, madfda biyyaa, umurii, saala, haala gaa'elaa, ulaagaalee sirna saalaa, ilaalcha siyaasaa, miidhaa sammuu ykn qaamaa kan qabu, waraqaa ragaa kutaa 8 irra kan jiru fayyadamuun, ykn qajeelchaa ykn beeylada tajaajilaa leenji'e nama qaama miidhamaan faayidaaiira oolan, keessumsiifama isaaniif hin malle hojiirra oolchuu irratti yaalii ittisaa ni taasisa akkasumas dhidhiibbaa mataa isaa ni taasisa.

8. **Waldaa Abbootii Seeraa Kaawuntii Kiingi (King County Bar Association)**

   - **Kilinikoota Seera Qabeessa Ollaa/Dhiyeenyatti Argaman**
     **(206) 267-7070**
     **www.kcba.org/CLS/NLC/clients.html**

     Gorsa seeraa kanfaltii malee kennamu beellamachuuf yoo feetan, bilbilaa sagantaa qabadhaa. Kilinikootni bakkeewwan hedduutti ni argamu. Ganama sa'a 9:00am irraa kaasee hamma sa'a boodaatti /hamma dhihutti/ Wixataa hamma Kibxataatti bilbilaa.

   - **Piroojektii Haqaa Dhimma Mana Jireenyaa (Housing Justice Project)**
     **(206) 267-7090**
     **www.kcba.org/CLS/HJP/clients.html**

     Kireeffattoota galii gad'aanaa argatan kanneen manicha akka gad dhiisan taasifaman bakka bu'a.

   - **Tajaajilawwan Seeraa Fedhaan Kennamu (Volunteer Legal Services)**
     **(206) 267-7010**
     **www.kcba.org/CLS/VLS/clients.html**

     Maamiltoota mana irraa ari'atamuun isaan quunnameef karaa abukaatoowwan fedhii qabanii bakka bu'ummaa ni kenna.

9. **Washington Landlord Association**
   **(888) 753-9150**
   **www.walandlord.com**

   Odeeffannoowwan abbootii qabeenyaa fi hojii gaggeessaatiin guddoo murteessummaa qaban gosa adda addaa ni kenna.

10. **Washington LawHelp (Gargaarsa Dhimma Seeraa Waashingitan)**
    **www.washingtonlawhelp.org**

    Dhimmoota ta manaa Istetii Waashingitan faana walitti dhufeenya qaban ilaalchisee odeeffannoo wwan gara garaa kan kennu yoo

**ULAAGAA SEERAA:** *Odeefannoon kun seerotaa fi tasgabeesitoota akka bakka bu'utti hin fayyadu. Hojiirra oolchaan seeraa fi qajeelfama hunda odeefannoo kana keessatti ibsames ibsamuu dhabees hojiirra oolchuun itti gaafatamumaasaati.*

ta'u, kannen keesaa; mirga kireeffattootaa, haala kireeffattonni mana itti gadi lakkisiifawan, mana basin isaa mootumaa fi gargaarsaan uwwifamu, mana basin isaa mootummaa fi gargaarsaan uwwifanu, deeggarsa iddoo quphannaa yeroo tasaa, bittoota manaa, kireeffattoota manaa sosocho'an, manneen murti dhimmano ta xixinno keessummeessan, deeggarsa inarjii, kan tajaajila fi kan telekomunikeeshinin fa'aa dha. Odeeffannoo argachuun kan danda'amu weebsaayitti qofa irraati.

11. **Washington Multi-Family Housing Association (Waashingitanitti walda tajaajila maneen)**
    **(425) 353-9077**
    **www.waapt.org**

    Kutaa bulchiinsa waashingitan keesatti kan argaman qabeenyaa fi kubbaaniyaaleen bulchitoo ta qabeenya matii huddu qabani faayidaa isaanif federaalatti, seeraa fi sadarkaawwan naannootiin bakka bulama.

11. **Washington Rental Owners Association (Walda abbooti qabeenya kiraa Waashingitan)**
    **(425) 353-6929**
    **www.waapt.org**

    Dhaabbata sadarkaa koonyaa yoo ta'u, kireeshitoota kionyicha keessatti argaman mirga isaanniif kan falmu, miseensotaaf odeeffannoo fi barbarnoota itti fuufinsaan kan kennu industirii manneen kiraa kana beeksisuudha.

Maddawwan odeeffannoo dabalataa waa'ee kireeffataa/kireessaa weebsaayitii keenya kan Seattle DCI'wwanii **www.seattle.gov/dpd/** irratti ni argamu.

Maxxansawwan (Publications) kan akka:

- Mirgaa fi dirqamoota abbaa qabeenyaa fi kireeffataa
- Sanada hiika ykn turjumaana odeeffannoo abbaaqabeenyaa-kireeffataa
- Tajaajila hiika qooqaa ykn turjumaanaa
- Sababa Sirriin Buqqaafamuu fi Kireeffataa Deebisanii Qubachiisuu
- Leenjii Hiikkaa Waldhibdee
- Komee dhiyeessuu

## Carraa Odeeffannoo Argachuu

Quunnamsiiftuun gara galagalcha eleektroona **Odeefannoowwan Seattle DCI, Seera Hooggansaa,** fi **Seera Bulchiinsa Siyaatil/Seattle** fuula "Meeshaalee fi Qabeenyoota" websayita **www.seattle.gov/sdci** irra jira. Galagalchi waraqaa dookmeentoota kana akkasumas tasgabbeesitoon odeefannoo kana keessatti eeraman Wiirtuu Qabeenya Hawwaasaa, iddoo fooqii 20ffaa Gamoo Bulchiinsa Siyaatil, daandii 700 Fivzi/Fifth Ave. irraa-gadee magaalaa Siyaatilitti argama, (206) 684 8457.

Seattle Department of Construction and Inspections
(Dippartmentii Konistraakshiinii fi Tu'annoo)
sdci
Odeefannoo
604A

# Ulaagaa Koodii

*— Qajeelfamoota tasgabbii fi qulqullina jireenyaa siyaatil (Seattle) itti hogganamu*

## SEEROTA SIYAATIL (SEATTLE) KAN IJAARSAA FI SUPHAA ILAALLATAN

*Guyyaa haromfamu: Adoolessa 11,2016*

Seattle Department of Construction and Inspections (Seattle DCI, Dippartmentii Konistraakshiinii fi Tu'annoo Siyaatili) koodii suphaa fi dhimma manaa siyaatil (Seattle) (SMC 22.200 - 22.208), akkasumas seerota bulmaataa kireessitootaa fi kireeffattootaa ni hoggana akkasumas hojiirra oolcha. Miseensotni hojjettoota Seera Seattle DCI ulaagaalee seera magaalaa hubachuu ilaalchisee kireeffattootaa fi kireessitoota deeggaruuf ni gargaara.

Yaadannoon Gargaarsa Maamilaa seerota magaalaa jalatti mirgaa fi dirqama kireessitootaa fi kireeffattootaatiif qajeelfama waliigalaati. Odeefannoo addaa Seera Manneetii fi Gamoo Suphuu(SMGS)/HBMC ykn Kiraa Galmeessuu fi To'annoo Seeraa (KGTS)/RRIO iraatti teessoon:

**Seattle Department of Construction and Inspections (Dippartmentii Konistraakshiinii fi Tu'annoo) Divizyinii Ulaagaa Seeraa Guupaman**
(206) 615-0808

**Teessoo:** Gamoo 19ffaa,
Taawarii Mana Qopheessaa Siyaatil
(19th Floor, Seattle Municipal Tower)

**Teessoo Meelii:** 700 Fifth Ave., Suite 2000
P.O. Box 34019
Seattle, WA 98124-4019

Dambiin Kireessaa/Kireeffataa Kutaa Biyya Waashingitan (Washington) (Boqonnaa 59.18 RCW ) kireeffattootaa fi kireessitootaaf mirgaa fi dirqama hundeessee jira. Odeeffannoo dabalataa waa'ee seera kutaa biyyichaatiif, dhaabbilee barreeffamaa armaan gaditti tarreeffaman keessaa tokko fayyadamaa ykn **http://apps.leg.wa.gov/RCW/** seenaati, dabalataanis RCW 59.18 'n barreessaa.

### Abbootii qabeenyaa kiraa irraa magaalaan kun maal barbaaddi?

HBMC jalatti, abbootiin qabeenyaa gamoo Siyaatil (Seattle) dirqama tajaajila jireenyaa qulqulluu fi tasgabbii kennuuf dirqamni isaan irra jira.Walumaagalatti,abbootiin qabeenyaa dirqama itti aanan ni qabu:

- Dallaa manaa ittiin jireenyaa dhala namaatiif akka mijatu godhanii eeguu, fi naannoolee faayidaa waliiniitiif oolan qulqulluu fi tasgabbaa'aa gochuu:
- To'annaa ilbiisaa, tukaanii fi ilbiisota kanneen biroo kennuu:
- Qabiyyeewwan bocaa (Baaxii, konyaa fi bu'uura) sirriitti ni qabata, akkasumas kutichi qilleensa akka qabaatu ni taasisa.
- Hojiiwwan elektirikaalaa, boombaa, ho'isaa fi mi'oota kanneen biroo fi tajaailawwan abbaa qabeenyaan dhiyaatan ni eega:
- Balfaaf konteenara gahaa ni dhiyeessa:
- Kutaalee kiraa kana ho'isuun dirqama yoo ta'e,Fulbaanaa hamma Waxabajjiitti tempireechara guyyaa (ganama 1:00 hamma 04:30) Digrii Faaraanaayitii 68 gad akka hin taane ni eega,akkasumas teempireechara gargalaa Digrii Faaraanaayitii 58 gad akka hin taane ni eega.
- Bakka ittiin jireenyaa dhaabbataatti, wayita kiraan jijjiiramutti tooftaalee furtuu fi furtuuwwan jijjiiruu,kireeffattootaatis furtuuwwan balbala kutaawwanii fi gamoo ittiin seenamu kennuu:
- Dhabamsiiftota aaraa ijaaruu fi waa'ee hojmataa fi tajaajila isaanii kireessitootaaf

Abbootiin qabeenyaa suphaa bareedinaatiif, tokkoo tokkoon kiraa booda, kan akka haguuggii fi diba qalamaa haarawaatiif itti gaafatamummaa ykn dirqama hin qabaatu. Hojjetaan Guuta Ulaagaa Seeraa abbaan qabeenyaa addatti hojii suphaaf itti gaafatamaa ykn dirqamaa ta'uu fi dhiisuu isaatiif deebii ni kenna. Odeeffannoo dabalataatiif (206) 615-0808 bilbilaa.

KGTS/RRIO jalatti abbootiin qabeenyaa manaa Siyaatil mana mijataa kan ulaagaalee ijoo jedhamanii KGTS'n murteefaman guutuu qabu. Akkasumas:

- Manneetii jireenyaaf kireefaman waggootii shan shaniin galmeesisu (Qabeenya kee kan kiraa galmeenisuu ilaalchisee hubalchiisa 620 ilaali)
- 2015 jalqabee yoo xiqqaate waggaa kudhanitti al-tokko to'annoo KGTS/RRIO yoo darbe (Qabeenya kee kan kiraa galmeenisuu ilaalchisee hubalchiisa 620 ilaali)

### Kireeffataa kan jedhanuu eenyu

Seera deeggasa bakkaa kireeffataa malee, kireeffataa jeechuun bu'uura wal galtee kiraatin nama gamoo ykn mana qabiyyeen qabatee dha. Jiraattonni turtin yeroo ji'a tokkoo fi isaa olturan kana keesatti hammatanuu. Waligalteen kiraa barruun ykn afaan taasifamu ni danda'a.



City of Seattle
Seattle Department of Construction and Inspections
(Dippartmentii Konistraakshiinii fi Tu'annoo)

700 5th Avenue, Suite 2000
P.O. Box 34019
Seattle, WA 98124-4019
(206) 684-8600

*Waraqaa guutummaan guutuun isaa waraqaa kilooriinii irraa bilisa ta'ee fi faayibarii post-consumer %100 irratti piriinti ta'e.*

## Dirqamoota Kireeffattootaa

Mana kireeffatan haala kiraa tasgabbaa'aa, qulqulluu, baqaqaa fi cabaa idilee ulaagaa kireessaa eegu guutuu qaba. Dirqamootni kireeffataa;

- Balfa haala sirriin kuusuu
- Tajaajilawwan elektirikaalaa fi boombaa fayyadamuu irratti kunuunsa taasisuu
- Kireeffataan ykn keessumoota isaaniin waan miidhame hatattamaan supha
- Abbaan qabeenya sababa quubsaa haaromsuu, suphuu fi ilbiisa to'achuuf akka seenu eeyyamu; akkasumas KGTS/RRIO to'annoo akka godhuuf seensisuu
- Dhabamsiiftota aaraa haala gaariin qabuu;
- Manicha keessatti meeshaaleemiidhaa geessisan kuusuu irraa of qusachuu

## Suphaawwan yoo barbaachise sirreffamawwan taasifaman

Suphaawwan yoo barbaachisan kireeffattoonti tarkaanfii armaan gadii ni fudhatu;

1. **Abbaa qabeenyaa quunnamaa.** Bilbilli ykn xalayaan karaa itti kireeffattoonti baay'een rakkoolee kamuu hiikkatan dha. Yeroo baay'ee, kun rakkicha kan hiiku ta'us, kireeffattoonti sirreeffamaaf tarkaanfii kamuu fudhachuu isaaniitiin dura gaaffiin barreeffamaa seeraan barbaachisaa dha. Garagalcha ergaawwan kanneenii hunda of harkaa qabaachuu keessanis yaadadhaa.
2. **Rakkicha Seatlle DCI tti Gabaasaa.** yoo abbaan qabeenyaa ykn hogganaan yeroo gahaa ta'e keessatti hin suphiin tarii Seattle DCI'n akkaa ilaalu saganteefatta . yoo haalichi SMGS/HBMC ykn KGTS/RRIO cabsuu fi abbaan qabeenyaa rakkinicha furuu dadhabe, abbaan qabeenyaa tarkaanfii sirreessaa akka fudhatuuf to'ataan ni gaafata. babalinasaaf kutaa itti aanuu ilaali;
3. **Suphaa gargaarsa dhuunfaa, marii, kiraa escrow keessa ramaduu dabalatee tarkaanfiiwwan sirreessaa biroo fayydamuu, fi dhuma irratti gara alaatti socho'uu.** *Dambiin Kireessaa/Kireeffataa Kutaa Biyya Waashingitan The (Washington State Residential Landlord/Tenant Act ) (Boqonnaa 59.18 RCW)* kireeffattootaaf tarkaanfii sirreeffamaa murtaa'e kan qabuu fi kunis haala abbootiin qabeenyaa gamoo, edda barbaachisummaan suphaa edda beeksifamee booda, abbaan qabeenyaa yeroo isaa eegee yoo tarkaanfii sirreeffamaa seerichi gaafatu ykn barbaadu yoo taasisuu baate dha. Filannoowwan kanneenitti fayyadamuufis, kanfaltrii kiraa manaa fi tajaajilaa keessan yeroo isaa eegdanii kanfaltanii xumuruutu isin irraa eegama. Sirreeffamootni kanneen bifa kiraa wizholdiingii fi hir'ifamaa ni dabalatu. Akka seera waliigalaatti, salphaatti, kiraan wiizhooldiigni sirreeffama mijataa waan hin taneefuu; dhugumatti, kireeffattootni kanfaltii kiraa raawwachuu dhabuu irraa kan ka'e mana keessaa ari'atamuu danda'u. Seerri Kutaa Biyyaa waa'ee kanfaltii kiraa irraa maallaqa hir'isuu fi kanfaltii kiraa kanas herrega escrow tti kanfaluuf dambiiwwan murtaa'aa ni qaba. Dhimmicha irratti odeeffannoo dabalataa yoo barbaaddan, gartuuwwan gargaarsa kireeffattootaa dhuma barruu kanaa irratti tarreeffaman quunnamaa.

## Rakkoolee Seattle DCI tiif Gabaasuu

Abbaan qabeenyaa ykn hojii gaggeessaan suphicha yeroo barbaadame keessatti yoo hin taasisiin, kireeffattoonti Seattle DCI tti gabasuu ni danda'u. Ulaagaa Seera Seattle DCI kan Taawarii Mana Qopheessaa Siyaatil Gamoo 19ffaa, 700 Daandii Shanaffaa, Siyaatil, WA 98104, (206) 615-0808 ( Seattle Municipal Tower at 700 Fifth Ave., Seattle, WA, 98104, (206) 615-0808) tiif barreessaa ykn bilbilaa

- Abbaan qabeenyaa ykn hojii gaggeessaan waa'ee gaaffii ykn komii suphaa deebii yoo hin kennu ta'u, filmaata isa qofaa ta'ee yoo isinitti mul'ate, waa'ee rakkoo kana Seattle DCI tti gabaasuuf bilbilaa. Gaaffii akkanaa yoo qabaattan maqaan keessan iccitii ta'ee eegama.
- Wanta martuu to'annaa barbaadu addatti ibsaa akkasumas teessoo gamoo, fi lakkoofsa manaa dabalataan kennaa;
- Gargaarsaaf Seattle DCI wayita gaafattan lakkoofsa bilbilaa dabalataan barreessaa, achiiyis Qajeelchichi to'annaa ykn to'annaatiif yeroo mijatu ni tottolcha. Wayita qorannaas namni gaafatu sun argamuutu irra jiraata.
- Qorataan sun seerota caban yoo arge, qorataan sun yaadannoo suphaawwan kunneen itti taasifamuu qaban ni qopheessa, akkasumas beeksisicha manicha irratti ni maxxansa.
- Yeroon sirreeffamaa guyyoota 30 hamma 60 ta'a. Kunis haallan seerota cabanii fi dheereffama kamuu abbaan qabeenyaa fudhatu irratti hundaa'a.
- Abbaan qabeenyaa suphaawwan barbaachisoo yoo hin taasisiin, sirreffamicha hordofuuf Seattle DCI dhimmicha gama mana murtiin hordofa.

## Gochaawwan akka dhiibbaa mirga namoomaa fi haaloo bahuutti fudhataman

HBMC gochaawwan tarkanfii murta'an kireessaa ykn kireeffataa irratti fudhataman isaan baay'ee isaanii ni daangessa ykn dhorka. Kutaan HBMC kun Qajeelcha Poolisii fi Adabbii Gochaa Yakkaa Siyaatil'n hojiirra akka oolu taasifameera.

Kanneen armaan gadii gochaawwan akka dhiibbaa mirga namoomaa ykn haaloo bahuu kireeffataa irratti raawwataman of keessaa qabaatu;

1. Furtuuwwan balbala kutaa keessaa jijjiiruu;
2. Balbala, foddaawwa, sanduuqa fiyuuzii fi tajaajilawwan kanneen biro dhabamsiisuu;
3. Tjaajilawwan boba'aa, elektirikaa, bishaan fi kanneen biro abbaa qabeenyaan hojjetaman ykn ijaaraman akka itti fufiinsaan akka hin hojjenne taasisuu;
4. Adeemsa mana gad dhiisifachuu seera qabeessaan ala kireeffataa manicha keessaa baasuu;
5. KIreeffataan cabiinsa seerota HBMC Seattle DCI tiif ga-

baasa waan taasiseef ykn mirga seeraa kamuu kireeffataan manicha kiraan qabachuu irraa maddan kamuu fayyadamuun manicha keessaa baasuu, kanfaltii kiraa dabaluu yk sodaachisuu;

6. Yeroo balaa hatattamaa ykn manicha seenuuf hayyamni kireeffataatiin kennameefii beeksisa qixa sirrii kennuun ala kutaa kireeffataa seenuu,
7. dursanii osoo barreeffamaan hin beeksisin kanfaltii dabaluun, daballiin kiraa dhibbantaa 10 kan hin caalle yoo ta'e akeekkachiisa guyyaa 30, daballiin kiraa dhibbantaa 10 ykn yoo caale akeekkachiisni guyyaa 60 ni kennaama.
8. Haala manni jireenyaa, jireenyaaf mijataa akka ta'uuf haalonni bu'uura ta'an osoo hin guuttamin kanfaltii kiraa manaa kan ji'aa dabaluuf ykn komii dhiheessuudhaaf.

Kanneen armaan gadii gochaawwan akka dhiibbaa mirga namoomaa ykn miidhaa geessisuu kireessaa irratti raawwataman of keessaa qabaatu;

1. Balbalawwan manaa irratti furtuu jijjiiruu
2. Meeshaalee ykn tajaajilawwan manicha irratti qabsiifaman, rarraaffaman ykn suphaman hayyama kireessaan ala dhabamsiisuu
3. Gamoo irratti ta'e jedhanii miidhaa geessisuu

Gochaawwan dhiibbaa mirga namoomaa ykn haaloo bahuu abbaa qabeenyaas ta'e kireessaa irratti raawwataman Seattle DCI: (206) 615-0808.

### Hiikkaa Kanfaltii Manaa

kanfaltii manaa kan jedhaman kiraa manaa fi kan biroo yeroo murtaa'e keessatti ykn ji'a ji'aan kan kanfalaman fkf kuusaa meeshaa. Kan dhaabbii konkolaataa ykn kanfaltiiwwan itti fayyadama tajaajilaa yoo ta'an kunneenis kireeffataan kireessadhaaf kan kanfaluu dha.

## Odeeffannoo dabalataa maddeen argamsiisanhoo?

Gartuuwwan madda biroo kan kireeffattootaa fi abbootii qabeenyaa mana kiraatiif odeeffannoo kennuu danda'an;

1. **Solid Ground (Sababa Qabatamaa)**
   **(206) 694-6767**
   **www.solid-ground.org**
   Seera akkasumas tumaalee Mirgaa fi Dirqamoota seera qabeessa kan Abbaan qabeenyaa/kireeffataa Dhimma Jireenyaa Kutaa Biyyichaa jalatti deeffannoo fi gorsa barbaachisaa, akkasumas sirrii hunda ni kenna.
2. **Legal Action Center**
   **(Gidduugala Tarkaanfii Seera Qabeessaa) Catholic Community Services (Tajaajilawwan Hawaasa Kaatoolikii)**
   **(206) 324-6890**
   **www.ccsww.org/legalactioncenter**
   Kireeffattoota galii gad aanaa qabanii fi tarkaanfii mana irraa ari'atamuu isaan quunnameef odeeffannoo fi deeggarsa ni taasisa
3. **Tenants Union of Washington State (Waldaa Kireeffattootaa kan mootummaa Waashingitan)**
   **(206) 723-0500**
   **www.tenantsunion.org**
   Rakkoolee abbootii qabeenyaa/kireeffattootaa ilaalchisee odeeffannoo fi gorsa ni kenna. Dabalataanis, waldaan Kireeffattootaa abbootii qabeenyaa waliin marii haala gaariin taasisuuf jecha, abukaatoo fi gartuuwwan kireeffattootaa tiif deeggarsa warshishooppii, leenjii fi teeknikaa ni kenna
4. **Washington State Attorney General's Office (Waajjira Ol'aanaa Abukaatoo Kutaa Biyya Waashingitan)**
   **(206) 464-7744**
   **www.atg.wa.gov**
   Seera Dhimma Jireenyaa abbaa qabeenyaa/kireeffataa ilaallatu jalatti waa'ee mirgoota seeraa odeeffannoo ni kenna. Waajjirri Ol'aanaa Abukaatoo, dhimmoota abbaa qabeenyaa/kireeffataa ilaalchisee, Tajaajila Odeeffannoo Sarara Mamiltootaa, kan odeeffannoo teeppii waraabame qabu of keessaa qaba (206) 464-6811.
5. **Rental Housing Association of Washington (Waldaa Manneetii Kiraa Waashingtan)**
   **(206) 283-0816**
   **www.rhawa.org**
   Seera akkasumas tumaalee Mirgaa fi Dirqamoota seera qabeessa kan Abbaa qabeenyaa/kireeffataa Dhimma Jireenyaa Kutaa Biyya Waashingitan (Washington) jalatti dhimmuma kana irratti fi kan naannoo odeeffannoo gahaa isiniif ni kenna.
6. **Dispute Resolution Center of King County (Gidduugala Hiika Waldhibdee Kaawuntii Kiingi)**
   **(206) 443-9603**
   **www.kcdrc.org**
   Kireessitootaa fi kireeffattootaaf tajajaila araaraa ni kenna. Gidduugalli kun akka bakka bu'aa fooramii hojmaata mana murtii waldhibdee hiikuutti socho'a.
7. **Seattle Office for Civil Rights (Waajjira Mirga Namoomaa Siyaatil)**
   **(206) 684-4500**
   **www.seattle.gov/civilrights**
   Qajeelfama Dhimma Mana Jireenyaa Magaalattii kan kireeffattootni sanyii, bifa ykn qalama, amantaa, amantii, hidda dhiiga dhalootaa, madfda biyyaa, umurii, saala, haala gaa'elaa, ulaagaalee sirna saalaa, ilaalcha siyaasaa, miidhaa sammuu ykn qaamaa kan qabu, waraqaa ragaa kutaa 8 irra kan jiru fayyadamuun, ykn qajeelchaa ykn beeylada tajaajilaa leenji'e nama qaama miidhamaan faayidaaiira oolan, keessumsiifama isaaniif hin malle hojiirra oolchuu irratti yaalii ittisaa ni taasisa akkasumas dhidhiib baa mataa isaa ni taasisa.
8. **King County Bar Association (Waldaa Abbootii Seeraa Kaawuntii Kiingi)**

   **Kilinikoota Seera Qabeessa Ollaa/Dhiyeenyatti Argaman**
   **(206) 267-7070**
   **www.kcba.org/CLS/NLC/clients.html**
   Gorsa seeraa kanfaltii malee kennamu beellamachuuf

yoo feetan, bilbilaa sagantaa qabadhaa. Kilinikootni bakkeewwan hedduutti ni argamu. Ganama sa'a 9:00am irraa kaasee hamma sa'a boodaatti /hamma dhihutti/ Wixataa hamma Kibxataatti bilbilaa.

**Housing Justice Project**
**(Piroojektii Haqaa Dhimma Mana Jireenyaa)**
**(206) 267-7090**
**www.kcba.org/CLS/HJP/clients.html**

Kireeffattoota galii gad'aanaa argatan kanneen manicha akka gad dhiisan taasifaman bakka bu'a.

**Volunteer Legal Services**
**(Tajaajilawwan Seeraa Fedhaan Kennamu)**
**(206) 267-7010**
**www.kcba.org/CLS/VLS/clients.html**

Maamiltoota mana irraa ari'atamuun isaan quunnameef karaa abukaatoowwan fedhii qabanii bakka bu'ummaa ni kenna.

9. **Washington Landlord Association**
**(888) 753-9150**
**www.walandlord.com**
Abbootin qabeenyee fi bulchitota qabeenya kiraa magaalaa Waashingitan keessatti argamanif mana ilaalchisee odeeffannoowwan gara garae faayidaa qaban ni kenna.

10. **Washington LawHelp**
**(Gargaarsa Dhimma Seeraa Waashingitan)**
**www.washingtonlawhelp.org**
Dhimmoota ta manaa Istetii Waashingitan faana walitti dhufeenya qaban ilaalchisee odeeffannoo wwan gara garaa kan kennu yoo ta'u, kannen keesaa; mirga kireeffattootaa, haala kireeffattonni mana itti gadi lakkisiifawan, mana basin isaa mootumaa fi gargaarsaan uwwifamu, mana basin isaa mootummaa fi gargaarsaan uwwifanu, deeggarsa iddoo quphannaa yeroo tasaa, bittoota manaa, kireeffattoota manaa sosocho'an, manneen murti dhimmano ta xixinno keessummeessan, deeggarsa inarjii, kan tajaajila fi kan telekomunikeeshinin fa'aa dha. Odeeffannoo argachuun kan danda'amu weebsaayitti qofa irraati.

11. **Washington Multi-Family Housing Association**
**(Waashingitanitti walda tajaajila maneen)**
**(425) 656-9077**
**www.wmfha.org**
Kutaa bulchiinsa waashingitan keesatti kan argaman qabeenyaa fi kubbaaniyaaleen bulchitoo ta qabeenya matii huddu qabani faayidaa isaanif federaalatti, seeraa fi sadarkaawwan naannootiin bakka bulama.

12. **Washington Rental Owners Association**
**((Walda abbooti qabeenya kiraa Waashingitan) )**
**425) 353-6929**
**www.waapt.org**
Dhaabbata sadarkaa koonyaa yoo ta'u, kireeshitoota kionyicha keessatti argaman mirga isaanniif kan falmu, miseensotaaf odeeffannoo fi barbarnoota itti fuufinsaan kan kennu industirii manneen kiraa kana beeksisuudha.

## Sanadoota Turjumaanaa Jiran

Hiikkaan sanada kanaa fi Gudunfaan Seera Kireesaa/ Kireeffataa Kutaa Biyya Waashi ngitan fi Siyaatil (Seattle) afaanota; Amaariffaa, Kaamboodiyaa, Maandaarin Chaay-iniis, Kooriyaa, Laa'otiyaan, Oromiffaa, Russian, Somaaliffaa, Ispaanish, Tagalog, Thai, Tigrinya and Vietnamese.

- Garagalchi piriinti ta'e DPD Public Resource Center, Gamoo Mana Qopheessaa Siyaatil kan fooqii 20ffaa irratti argamu, daandii 700 shanaffaa, , magaala qixxa lamaan (206) 684-8467 (20th floor of Seattle Municipal Tower at 700 Fifth Ave. in downtown Seattle, (206) 684-8467) irraa argama.
- Garagalchi elektiroonikii teessoo itti aanu irraa argamuu danda'a.
**http://seattle.gov/dpd/codesrules/commonques-tions/rentalhousingproblems/.**

## Gaaffilee?

Waa'ee sanada kanaa gaaffii yoo qabaattan, DPD's Code Compliance Division lakk.bilbilaa (206) 615-0808 'n bilbilaa.

## Carraa Odeeffannoo Argachuu

Quunnamsiiftuun gara galagalcha eleektroona Seera Seattle fi maxxansa Seattle DCI fuula "Meeshaalee fi Qabeenyoota" websayita **www.seattle.gov/dpd** irra jira. Galagalchi waraqaa dookmeentoota kanaa Wiirtuu Qabeenya Haw-waasaa, iddoo fooqii 20ffaa Gamoo Bulchiinsa Siyaatil, daandii 700 Fiivzi irraa-gadee magaalaa Seattle'tti argama, (206) 684 8457.

**ULAAGAA SEERAA:** Odeefannoon kun seerotaa fi tasgabeesitoota akka bakka bu'utti hin fayyadu. Hojiirra oolchaan seeraa fi qajeelfama hunda odeefannoo kana keessatti ibsames ibsamuu dhabees hojiirra oolchuun itti gaafatamumaasaati.

# Odeeffannoo Kireeffattootaaf

Seattle Department of Construction & Inspections

**Turjumaana**

***Galagalcha sanada kanaa Afaan Amaariffaa, Kaamboodiyaa, Mandarin Chaayiniffaa, Kooriyiffaa, Laa'otiyaan, Oromiffaa, Ruusiyiffaa, Somaaliffaa, Ispaanish, Taagaalog, Taay, Tigriffaaa fi Veetnaamiffaa'n yoo barbaaddan weebsaayitii SDCI'wwan www.seattle.gov/dpd/rentinginseattle ilaalaa ykn lakk. (206) 684-8467'n bilbilaa.***

*Gudunfaan Tumaalee Dhimma Kireessaa/Kireeffataa Kutaa Biyya Waashingitan (Washington) fi Magaalaa Siyaatil,(Seattle) yoo xinnaate waggaatti al takka abbootii qabeenyaa manneen kiraatiin kireeffattootaaf kennamuutu irra jiraata. As irratti kan hubatamuu qabaatu, seerotiin Magaalaa fi Kutaa Biyyaa mata duree addaa tokko jalatti wal fakkaatoo ta'uu dhiisuu danda'u; kanaafuu, qabiyyeen seerota kanneen lamaaniiyyuu ilaalamee hubatamuutu irra jiraata. Gorsa seeraatiif, abukaatoo dubbisaa.*

***Onkoloolessa 2018***

## Seera Kireessaa-Kireeffataa Siyaatil (Seattle)

### DIRQAMA ABBOOTII QABEENYAA/KIREEFFATTOOTAA

Abbootiin qabeenyaa ykn kireessitootni gamoo dirqama tajaajila bakka jireenyaa qulqulluu fi tasgabbaa'aa kennuuf dirqamni isaan irra jira. kanneenis dirqamoota itti aanan of keessaa ni qabu:

- Dallaa manaa ittiin jireenyaa dhala namaatiif akka mijatu godhanii eeguu, fi naannoolee faayidaa waliiniitiif oolan qulqulluu fi tasgabbaa'aa gochuu:
- To'annaa ilbiisaa, tukaanii fi ilbiisota kanneen biroo kennuu:
- Qabiyyeewwan bocaa (Baaxii, konyaa fi bu'uura) sirriitti ni qabata, akkasumas kutichi qilleensa akka qabaatu ni taasisa.
- Hojiiwwan elektiricaa, boombaa, ho'isaa fi mi'oota kanneen biroo fi tajaailawwan abbaa qabeenyaan dhiyaatan ni eega:
- Balfaaf konteenara gahaa ni dhiyeessa:
- Kutaalee kiraa kana ho'isuun dirqama yoo ta'e,Fulbaanaa hamma Waxabajjiitti tempireechara guyyaa (ganama 1:00 hamma 04:30) Digrii Faaraanaayitii 68oF gad akka hin taane ni eega,akkasumas teempireechara gargalaa Digrii Faaraanaayitii 58 gad akka hin taane ni eega.
- Bakka ittiin jireenyaa dhaabbataatti, wayita kiraan jijjiiramutti tooftaalee furtuu fi furtuuwwan jijjiiruu,kireeffattootaatis furtuuwwan balbala kutaawwanii fi gamoo ittiin seenamu kennuu:
- Dhabamsiiftota aaraa ijaaruu fi waa'ee hojmataa fi tajaajila isaanii kireessitootaaf

Abbootiin qabeenyaa suphaa bareedinaatiif, tokkoo tokkoon kiraa booda, kan akka haguuggii fi diba qalamaa haarawaatiif itti gaafatamummaa ykn dirqama hin qabaatu.

### DIRQAMOOTA KIREEFFATTOOTAA

Mana kireeffatan haala kiraa tasgabbaa'aa, qulqulluu, baqaqaa fi cabaa idilee ulaagaa kireessaa eegu guutuu qaba. Dirqamootni kireeffataa;

- Balfa haala sirriin kuusuu
- Tajaajilawwan elektirikaalaa fi boombaa fayyadamuu irratti kunuunsa taasisuu
- Suphaa miidhaa kireeffataa ykn keessummoota isaaniin qaqqaban hatattamaan
- Suphaa, haaressaa fi to'annaa ilbiisaa kireessaan taasisuuf carraa bira gahiinsa manichaa akka argatu kennuu
- Dhabamsiiftota aaraa haala gaariin qabuu;
- Manicha keessatti meeshaaleemiidhaa geessisan kuusuu irraa of qusachuu

### JUST CAUSE EVICTION ORDINANCE (QAJEELFAMA SABABA SIRRII SIYAATIL'N (SEATTLE) MANA GAD'DHIISUU)

Qajeelfamni kun kireessitootni walta'iinsa kiraa ji'a ji'aan taasifamu akka dhaaban ykn dhiisan sababa gahaa akka qabaatan isaan gaafata. Kunis kireeffattootni Siyaatil (Seattle) sababoota akka mana managad dhiisan itti taasifaman kan eeru yommuu ta'u, abbootii qabeenyaa ykn kireessitoota immoo sababa walta'iinsa kiraa itti addaan kutan beeksisa ykn akeekkachiisa barreeffamaa kennanii fi sababa isaas eeranii akka addaan kutan isaan taasisa. Abbaan qabeenyaa kireeffataa tokko mana kireeffatee gad lakkiisiisuu kan danda'u

**Baafata**

**Seera Kireessaa-Kireeffataa Siyaatil (Seattle)**


*Dirqama abbootii qabeenyaa/kireeffattootaa* ........ 1
*Dirqamoota kireeffattootaa* ........ 1
*Just Cause Eviction Ordinance* ........ 1
*Gochaawwan akka dhiibbaa mirga namoomaa fi haaloo bahuutti fudhataman* ........ 3
*the Rental Agreement Regulation Ordinance (Ajaja Labsll Walii Galtee Cimaadaa)* ........ 4
*Qajeelfamoota magaalattii biroo kireeffattootaa fi abbootii qabeenyaa miidhan* ........ 7


**Washington Residential Landlord-Tenant Act**


*Mirga kireeffattoota hundaa* ........ 8
*Gosa waliigaltee kiraa* ........ 8
*Loogii seeraan alaa* ........ 8
*Itti Gaafatamumma* ........ 9
*Tumaalee Seeraan Alaa Waliigaltee Kiraa* ........ 9
*Mirga Eegamuu Dhuunfaa/Iccitii* ........ 9
*Fi Kanfaltiiwwan Biroo* ........ 9
*Itti Gaafatamummaawwan Kireessaa* ........ 9
*Itti gaafatmummaa kireeffataa* ........ 10
*Amala sodaachisaa kireessaa ykn kireeffataa* ........ 10
*Waliigaltee ji'a-ji'aa irratti jijjiirama uumuu* ........ 10
*Kiraa yeroo murtaa'ee irratti jijjiirama uumuu* ........ 10
*Suphaawwan akkamiin akka adeemsifaman* ........ 11
*Gochaawwan seeraan alaa kireessaa* ........ 11
*Waliigaltee xumuruu/addaan kutuu* ........ 12
*Maallaqa kuufamaa deebisuu* ........ 12
*Manaa baafamuu* ........ 13
*Kanfaltii kiraa kanfaluu dadhabuun mana gatanii baduu* ........ 13
*Nagahee* ........ 15
*Garagalcha Sanadaalee* ........ 15
***Odeeffannoo Galmaa'umsa Filannoo* ........ 15**

qabeenyichi bulchiinsa magaalaa Siyaatiliin kan galmaa'e yoo ta'e qofaadha. Beeksisni yoo taasifame malee, kireessaan walta'iinsicha kiraa addaan kutuuf ta'uu isaa yeroon walta'iinsaa itti aanu jalqabuu isaa, yoo xinnaate akeekkachiisa guyyoota 20 dura kennuutu irraa eegama. Sababban sirrii kanneen armaan gadii of keessatti qabaata:

1. Kireeffataan kanfaltii kiraa manaa akka kanfalu guyyoota 3 kennameef keessatti yoo kanfaluuf hayyamaa ta'uu baate ykn manicha gad dhiisuuf hayyamaa yoo hin taane:
2. Kireeffataan yeroo mara kanfaltii kiraa kanfaluu yoo hin dandeenyee fi ji'oottan 12 keessatti darbiinsa kanfaltii kiraa abbaan qabeenyaa kireeffataadhaaf barreeffamaan al afurii fi isaa ol yoo beeksiseen:
3. Kireeffataan bu'uura tumaalee walta'iinsa kiraa yoo hinguutne fi guyyoota 10 beeksisni gaheen keessatti akka beeksisichaatti raawwachuu dhabuu ykn mana gad lakkisuuf hayyamaa yoo hin taane.
4. Kireeffataan bu'uura dirqamoota Washington State Residential Landlord-Tenant Act (Seera Kireessaa-Kireeffataa Kutaa Biyyichaa Waashingitaniin) guyyoota 10 beeksisni gaheen keessatti akka beeksisichaatti raawwachuu dhabuu ykn mana gad lakkisuuf hayyamaa yoo hin ta'iin.
5. Kireeffataan yeroo mara tumaalee walta'iinsa kiraatiif yoo hin bitamiinii, fi yeroo ji'oottan 12 keessatti beeksisa guyyoota kudhanii al 3 fi isaa olii abbootii qabeenyaan kan kennamuu qabu ta'a:
6. Kireeffataan kutaa manaa guddoo irratti yoo miidhaa geessise ("badiisa" yoo hordofsiise), jeequmsa yoo uumame (gochaa qoricha sammuu hadoochaa waliin wal qabateen), ykn hojii daldalaa seera qabeessa hin taane yoo adeemsise, fi beeksisni mana akka gad dhiisu ajaju kennameefii booda guyyoota sadii keessatti kana raawwachuudhaa yoo baate. Gosi miidhaa, jeequmsaa ykn hojii daldalaa ykn dhimma seeraan alaa kunneen beeksisa barreeffamichaa irratti ibsamuutu irra jiraata.
7. Kireeffataan gamoo ykn manneen keessatti ykn naannoo gamoo ykn manneen kiraatti dhiyoo jiranitti gochaa yakkaa raawwatee yoo argame. Gochaan yakkaa raawwatame jedhamee yaadame ykn shakkame nagaa fi tasgabbii kireeffattoota biroo ykn abbaa qabeenyaa haala qabatamaan kan miidhu ta'ee; gochaan qoricha seeraan alaa waliin wal qabate gochaa yakkaa tokko qajeelfamichan ibsame dha. Abbaan qabeenyaa sababa kana fayyadamu dhiibbaawwan shakkicha deeggaran ifatti ibsauu, fi garagalcha beeksisa addaan kutiinsa Property Owner Tenant Assistance (POTA, Gargaarsa Abbaa qabeenyaa fi Kiraa fudhataa) SDCI tiif erguu qaba.
8. Kireessaan manicha ofuma isaa qabachuuf ykn firri ykn maatiin dhiyoon akka qabatu yoo barbaadee, fi kutaan walfakkaataa banaa ykn biraan yoo gamoo kanuma irra hin jiraatiin haadha manaa ykn abbaa manaa kan abbaa qabeenyaa ykn kireessaa. Yeroon kiroo raawwachuuf yoo xiqqaate guyyoonni 90n dura akeekkachiisa barruu ni kenna. Miseensi maatii dhiyoo haadha manaa ykn abbaa manaa, warra, akkawoo fi akaakayyuu, daa'imman, obboleessa ykn obboleettii kan kireessaa/abbaa qabeenyaa jechuu dha. SDCI dursee abbaan qabeenyaa kireeffataa irraa mana gad dhiisifate miseensa maatii isaa itti hin galchu jedhee sababa itti yaadu yoo qabaate, kireeffataan waraqaa mirkannoo akka mallatteessu taasisuu ni danda'a. Yaadi sobaa jiraatee kutichi yoo gurgurtaaf hin beeksifamiin ykn hin tarreeffamiin, ykn gabaarra osoo hin bahiin kenname ykn guyyaa kireeffataan gad dhiisee kaasee guyyoota 90 jiran keessaa 60 keessatti deebi'ee yoo hin kireeffamne qajeelfamni cabe ni jira. Kireeffataan walta'iinsi kiraa mana isaa sababa kanan addaan cite, kireessaan tumaalee ykn ulaagaalee walta'iinsa kanaatiif sirriitti hin bitamne jedhee yoo yaade, mirga tarkaanfii dhuunfaa isaa fudhachuu ni qabaata.
9. Kireessaan walta'iinsa kiraa kan kireeffataa mana kutaa jireenyaa wal fakkaataa kan kireessaan keessa jiraatu waliin wal fakkaatu ykn tokko ta'e addaan kutuu yoo barbaade, ykn abbaan qabeenyaa kun mana isaa/ishee kireeffataa accessory dwelling unit (ADU, kutaa meeshaaleen jijjirraa keessaa kuufaman) mana abbaa qabeenyaan qabame keessa jiraatu kireeffataan akka hin fayyadamne yoo barbaade.
10. Kiraan qabachuun kireeffataa haala hojii qabeenyaa irratti kan hundaa'ee fi walitti dhufeenyi walta'iinsa hojii yoo addaan cite.
11. Abbaan qabeenyaa manichaa suphaa ykn haaressi manichaa muummichi hayyama barbaadu yoo karoorfamee fi haaressi kun kireeffataan osoo keessa jiruu hojjetamuu kan hin danda'amne ta'uun isaa yoo ibsame. Dabalataanis, abbaan qabeenyaa ulaagaalee Qaajeelfama Gargaarsa Deebisanii Bakka Qabsiisuu Kireeffataa gutuutu irra jiraata. (Odeeffannoo asii gad jiru ilaalaa). Abbaan qabeenyaa manichaa suphaa ykn haaressi manichaa muummicha akka sababa addaan kutuu walta'iinsa kiraatti yoo fudhatee fi kana raawwachuu yoo hin danda'iin, Abbaan qabeenyaa walta'iinsa kiraa addaan kutuuf sababa kana yoo lafa kaa'ee fi hojiirra ooluu yoo hin dandeenye, kireeffataan mirga tarkaanfii dhuunfaa isaa fudhachuu ni qabaata.
12. Abbaan qabenyaa gamoo sana gara Waldaa Gamtaa ykn Kondomiiniyamiitti naannessuuf ykn jijjiiruudhaaf yoo murteesse:
13. Abbaan qabeenyaa gamoo sana diiguuf ykn gara tajaajila jireenyaan alaatti jijjiiruu yoo barbaade. Abbaan qabeenyaa dura ulaagaalee Qaajeelfama Gargaarsa Deebisanii Bakka Qabsiisuu Kireeffataa gutuu fi hayyama barbaachisaa argachuun isaa dirqama.
14. Abbaan qabeenyaa mana jireenyaa maatii tokkoo qofa gurguruu yoo barbaadee fi kireeffataadhaaf yeroon walta'iinsa kiraa addaan cituu isaa dura, yoo xiqqaate beeksisa guyyaa 90'n duresee yoo kenne. Abbaan qabeenyaas, manichi guyyaa kireeffataan gad dhiifamee kaasee guyyoota 30 jiran keessatti tarreessa gatii qabeneyaa fi gatii isaanii sirrii gaazexaa ykn ejensii riyaalitii iratti ibsuutu irra jiraata. SDCI komee yoo ofitti fudhate, abbootiin qabeenyaa manicha gurguruuf yaada qabaachuu isaaniitiif mirkannoo yaada isaanii kana addeessu mallatteessuutu irra jiraata. Yaadi sobaa jiraatee kutichi yoo gurgurtaaf hin beeksifamiin ykn hin tarreeffamiin, ykn gabaarra osoo hin bahiin kenname ykn guyyaa kireeffataan gad dhiisee kaasee guyyoota 90 keessatti deebi'ee yoo kireeffame qajeelfamni cabe ni jira. Kireeffataan walta'iinsi kiraa mana isaa sababa kanan addaan cite, kireessaan tumaalee ykn ulaagaalee walta'iinsa kanaatiif sirriitti hin bitamne jedhee yoo yaade, mirga tarkaanfii dhuunfaa isaa fudhachuu ni qabaata.
15. Beeksisni Seera Irra Darbuu edda kennameefiin booda abbaan qabeenyaa, tajaajila kutaa manichaa kan Seera Fayyadama Lafaan hin hayyamamneen itti fufuu yoo barbaade. Abbaan qabeenyaa Kireeffattoota tokko tokkoo kutaa kanneeniif kireeffattootni manicha gad dhiisuu isaanii, yoo xinnaate yeroo torbee lamaa dura Gargaarsa Bakkatti Deebisuu tiif kanfaluutu irra jiraata. Kireeffattootni galiin isaanii gad aanaa ta'e kanfaltii gargaarsaa $2,000 isaanii kanfalamuu qaba. Kireeffattoonti biroon immoo kanfaltii tajaajila Gargaarsa Bakkatti Deebisuu kanfaltii kiraa kan ji'a lamaa waliin wal madaalu ni kanfalamaaf.
16. Daangaawwan Seera Itti Fayyadama Lafaa (Kanneen walitti dhufeenya kamuu yoo hin qabaatiin, mana jireenyaa tokko keessatti namoota 8 ol hin taane keessa jiraatan) guutuuf jecha abbaan qabeenyaa baay'ina kireeffattootaa kiraa mana kanaa hir'isuu yoo barbaade. Sababa kanaan walta'iinsa kiraa manaa kana addaan kutuuf adeemsawwan qajeelfamaa baldhaa yoo barbaaddan, adaraa keessan Yaadannoo Gargaarsa Maamiltootaa baay'ina kireeffattoota waliinii hir'isuu qaba.
17. Abbaan qabeenyaa walta'iinsa kiraa kan kireeffataa manichaa ADU beekame of keessaa qabuun, Seera Itti Fayyadama Lafaa irratti seera cabsuu isaa ilaalchisee beeksisni gaheeniin booda; sadarkaalee guddinaa ADU'wwanii guutuuf jecha addaan kutuu yoo barbaade. (Seerri cabe sun kireeffataan manicha gad dhiisee yoo bahee fi kutaalee lameenuu yoo kireesse, kireeffataan kutaa isa tokko deebisee qabachuutu ykn gad dhiisuutu irra jiraata. Abbaan qabeenyaa kireeffattoota buqqaafamaniif, akkasumas galiin isaanii gad aanaa ta'eef kanfaltii gargaarsaa $2,000, akkasumas kireeffattoota adda biraatiif immoo kanfaltii kiraa kan ji'a lamaa waliin maallaqni wal madaalu ni kanfalamaaf. SDCI abbaan qabeenyichaa yaada ADU fayyadamuu itti fufuu barbaachuu fi dhiisuu isaa hubachiisu ykn mul'isu akka mallatteessu gaafachuu ni danda'a.
18. Ajajni hatattamaa qabeenyicha gad dhiisuu SDCI'n kennamee kireeffattootnis yeroo isa dhumaa ajaja irratti kennametti manicha gad dhiisuu yoo hin dandeenye.

**Daandii Sababban Eeraman Hordofuu Dhabuu:** Abbaan qabeenyaa walta'iinsa kirichaa sababa (1) Gurgurtaan mana jireenyaa maatii sun yoo karoorfame, (2) Abbaan qabeenyaa ykn miseensi maatii isaa manichatti galuuf yoo ta'e, (3) Deebisanii Fooyyessuu Manichaa Qabatamaa ta'e yoo karoorfame, (4) Lakkoofsi jiraattotaa gara saddeetiitti hir'achuu qabu. ykn (5) beeksisa seera cabsuu isaa ibsu fudhateen booda abbaan qabeenyaa ADU yoo itti fufee, fi abbaan qabeenyaa sababban kireeffataa manicha irraa itti baase yoo hin raawwatiin, akkaataa seera Magaalattii ykn Adabbii Siiviliin, adabbii maallaqaa $2,5000 tarkaanfii dhimmicha hojiirra akka oolchu taasisu irratti fudhatama.

**Mirga Tarkaanfii Dhuunfaa Fudhachuu Kireeffattootaa:** Abbaan qabeenyaa walta'iinsa kirichaa sababa (1) Gurgurtaan mana jireenyaa maatii sun yoo karoorfame, (2) Abbaan qabeenyaa ykn miseensi maatii isaa manichatti galuuf yoo ta'e, (3) Deebisanii Fooyyessuu Manichaa Qabatamaa ta'e yoo karoorfamee, fi abbaan qabeenyaa sababban kireeffataa manicha irraa itti baase yoo hin raawwatiin, kireeffataan, hamma maaallaqa $3000, baasiiwwan, fi kanfaltii tajaajila abukaatootiif eeruun abbaa qabeenyichaa irratti himannaa hundeessuu ni danda'a.

Odeeffannoo dabalataa Just Cause Eviction Ordinance SDCI tiif (206) 615-0808 bilbilaa ykn weebsaayitii Waajjira SDCI www.seattle.gov/sdci daawwadhaati.

## GOCHAAWWAN AKKA DHIIBBAA MIRGA NAMOOMAA FI HAALOO BAHUUTTI FUDHATAMAN

Seerri Magaalaa gochaawwan tarkanfii murtaa'an kireessaa ykn kireeffataa irratti fudhataman isaan baay'ee isaanii ni daangessa ykn dhorka.

Kanneen armaan gadii gochaawwan akka dhiibbaa mirga namoomaa ykn haaloo bahuu kireeffataa irratti raawwataman of keessaa qabaatu;

1. Furtuuwwan balbala kutaa keessaa jijjiiruu;
2. Balbala, foddaawwa, sanduuqa fiyuuzii fi tajaajilawwan kanneen biro dhabamsiisuu;
3. Tjaajilawwan boba'aa, elektirikaa, bishaan fi kanneen biro abbaa qabeenyaan hojjetaman ykn ijaaraman akka itti fufiinsaan akka hin hojjenne taasisuu;
4. Adeemsa mana gad dhiisifachuu seera qabeessaan ala kireeffataa manicha keessaa baasuu;
5. Kireeffataan cabiinsa seerota HBMC SDCI tiif gabaasa waan taasiseef ykn mirga seeraa kamuu kireeffataan manicha kiraan qabachuu irraa maddan kamuu fayyadamuun manicha keessaa baasuu, kanfaltii kiraa dabaluu yk sodaachisuu;
6. Yeroo balaa hatattamaa ykn manicha seenuuf hayyamni kireeffataatiin kennameefii beeksisa qixa sirrii kennuun ala kutaa kireeffataa seenuu, guyyaa 2 dursanii beesisuudhaan daawwachiisuu malee guyyaa 1 dura beeksisuun hin ta'u.
7. Kirreeffataan, ykn bakka bu'aan kireeffataan aangesse kan kireessaa waliin jiru, gamoo sana keessatti odeeffannoo akka hin tamsaasne, gabatee beeksisaa irratti bu'uura seera gamoo sanaan odeeffannoo akka hin maxxansine, kireeffattoota biro akka hin quunnamne, kireeffattootni kutaalee hawaasummaa ykn tajaajila waliinii keessatti walga'ii akka hin qopheessine ykn taasifne dhorkuu.
8. Dursanii osoo barreeffamaan hin beeksisin kanfaltii dabaluun, daballiin kiraa dhibbantaa 10 kan hin caalle yoo ta'e akeekkachiisa guyyaa 30, daballiin kiraa dhibbantaa 10 ykn yoo caale akeekkachiisni guyyaa 60 ni kennaama.
9. Haala manni jireenyaa, jireenyaaf mijataa akka ta'uuf haalonni bu'uura ta'an osoo hin guuttamin kanfaltii kiraa manaa kan ji'aa dabaluuf ykn komii dhiheessuudhaaf.

Yeroo baay'ee kireessaan tokko tarkaan fi ijaa baafa chuutti seeraan kan amanamu kireeftataan sarbamuun mirgaa akka irratti raawwatame SDCI ykn qajeelcha Poolisii Seattle beeksisee guyyoota 90 keessatti ykn manni hojjii mootummaa tokko tarkaan fii erga fudhatee booddee fkf gochaa sakatta'uu erga raawwateen booda guyyoota 90 keessatti kireessaan tarkaanfilee yoo fudhatee dha.

Kanneen armaan gadii gochaawwan akka dhiibbaa mirga namoomaa ykn miidhaa geessisuu kireessaa irratti raawwataman of keessaa qabaatu:

1. Balbalawwan manaa irratti furtuu jijjiiruu
2. Meeshaalee ykn tajaajilawwan manicha irratti qabsiifaman, rarraaffaman ykn suphaman hayyama kireessaan ala dhabamsiisuu
3. Gamoo irratti ta'e jedhanii miidhaa geessisuu

Lakkoofsa bilbilaa (206) 615-0808 tiin SDCI dhaaf bilbilaa.

## KIREEFFATAA KAN JEDHAMU EENYU

Tenant Relocation Assistance Ordinance (Seera deeggasa bakkaa kireeffataa) malee, kireeffataa jeechuun bu'uura wal galtee kiraatin nama gamoo ykn mana qabiyyeen qabatee dha. Jiraattonni turtin yeroo ji'a tokkoo fi isaa olturan kana keesatti hammatanuu. Waligalteen kiraa barruun ykn afaan taasifamu ni danda'a.

## HIIKKAA BAASII MANAA

Baasiin manaa kiraa fi kaffaltiiwan waqtaawaa yookaan ji'a ji'a of keessaa qabata. Isaan kunis kaffaltiiwwan kuusaa, iddoo konkolaataan itti dhaabatu, bishaan, ibsaa fi kanneen biroo kireeffataan abba qabeenyaaf kaffaludha.

## DABALLII KANFALTIIWWAN MANAA

Magaalaa Seattle keessatti, kireessaan tokko kanfaltiiwwan manaa (kiraa manaa, iddoo dhaaba manaa, kuusaa meeshaa fi baasiiwwan biroo walqabatan) irratti daballii dhibbantaa 10% taasisuu yoo barbaadu kireefta taadhaaf akeekka chiisa guyyoota 30 kennuu qabaata. Hammi daballii dhibbantaa 10% ykn isaa oloo ta'e akeekka chiisa guyyoota 60 kennuu qabaata. Daballiin hojjii irra ooluu kan eegalu yeroo bara kiraa jalqabaa keessumattuu jalqaba ji'a irratti ta'uu qaba. Beeksiifniwwan kunneenis oddeeffannoo waa'ee attamiin kireeffattoonni waa'ee mirgaa fi itti gaafatamummaa isaaniirratti oddeeffanno itti argatan hammachu qabaata.

Residential Rental Inspection Program (Kireessaan kamiyy sagantaa sakatta'uu) mana jireenyaa irratti ulaagaalee gadi aanaa taa'an quutudhaaf manni kamiyyuu daballii kanfaltii taasisuu hinqabu. (http://www.seattle.gov/dpd/cs/groups/pan/@pan/documents/web_informational/s048492.pdf)

Qabeenyi kireeffamu tokko diggamuu, deebi'ee suuphamuu tajaajilli jijjiramuu ykn haala daangaan itti fayyadamaa jijjiramuu danda'u keessatti heeyyama jijjiirraa kireeffataa qaafachuu dhiisuu yaaduu dhaan abbootiin qabeenyaa fi misoomsi toonnii mana kireessaniif kanfaltii dabaluu hin danda'an. (http://www.seattle.gov/dpd/codesrules/commonquestions/tenantrelocation/default.html)

## THE RENTAL AGREEMENT REGULATION ORDINANCE (AJAJA LABSII WALII GALTEE CIMAADAA)

Magaalli Seattle Rental Agreement Regulation Ordinance SMC (Seattle Municipal Code, Koodii Mana Qoopheessaa Siyaatil) boqonnaa 7.24) dhimma cimaada mana jireenyaa hamma ta'e ni to'ata. Abbaan lafaa qarshii cimaada manaa 10% ykn isaa ol ji'a kudha lama (12) keessatti dabaluuf guyyaa (60) keessatti beeksisa barreeffamaa fudhata; walii galtee cimaada ji'a ji'aanii abbaan humnaa akka barbaade ji'aa (1) fi isaa ol jiraatu ykn adabbii fi dhabamsiisa kuufamaa ni dhorka. Hamma wabii/nageenyaa ykn kuufama dhiibbaa beeylada manaa, sochii baasii kan abbaa humnaa ni to'ata, cimaada ji'a darbee ykn karoora maxxansaa abbaa lafaa dhorkuun hundee kuufamaa seera mootummaaf galchisiisa. Xumura ajaja labsii abbaa lafaa fi kireeffataa abbaa humnaa bulchiinsa magaala Seattle qopheesse tokkoon tokkoon abbaa humnaatiif yeroo sochiitti yookiin yeroo walii galteen haareffamutti ni raabsa. Abbaan lafaa mirga cimaaddataa sarbuun Akka barbaadetti cimaada irraa fuuchuun labsii kanarra hirrisuu hin danda'u. Department of Construction and Inspections Seattle ajaja kana hojiirra oolchisiisa.Odeeffannoo Code Compliance Division (Dabalataaf Kutaa Koodii) ol-iyyannootti (206) 615-0808 ykn sarara kanaan: http:// www.seattle.gov/dpd/codesrules/commonquestions/rentalhousing problems/default.htm

### Dabala cimaadaa

Bulchiinsi magaala Seattle cimaada hin to'atu ykn hin dhorku. Haata'u malee, akka ulaagaa Rental Agreement Regulation Ordinance'tti abbaan qabeenyaa qarshii cimaada manaa 10% ykn isaa ol ji'a kudha lama (12)keessatti dabaluuf dursee beeksisa barreeffamaa guyyaa (60) itti fudhata; daballii cimaadaa 10% gadi gochuuf beeksisa barreeffama guyyaa soddomaa (30) itti fudhata, akka labsichaatti. Beeksisni kun odeeffannoo mirgaa fi dirqama cimaaddataan cimaada irratti qabu ibsuu qaba .Gatiin manaa cimaada, baasii kuusaa fi dhaabbii, fi baasii yeroo yeroonii cimaaddataa waliin wal-qabate hunda dhuunfata. Guyyaa jaatama (60) osoo hin beeksisiin kana gochuun labsii seeraa SMC 7.24.030.A fi SMC 22.206.180 cabsuudha.

### Dhiyeessa walii galtee cimaadaa dhorkamu

Walii galteen cimaadaa ji'a ji'aanii, afaaniin ykn barreeffamaanii cimaaddataan yeroo ibsamee ol akka turu hin godhu. Jalqaba yeroo walii galtee Abbaan lafaa cimaaddataa irraa kuufamaan qaraxuu ykn adabbii adda addaa yeroo ba'utti irraa fuuchuu dhuunfatti hin danda'u

Ta'uyyuu, cimaaddataan walii galtee ji'a ji'aanii addaan kutuu yoo barbaade beeksisaa barreeffamaa guyyaa digdamaa (20) yeroo cimaadaa keessatti beeksisuu qaba. Abbaan lafaa hin dirqisiifamu Yeroo cimaaddataan ba'uu jalqabutti cimaada herreeggachuu hin danda'u

### Kuufama wabii eegumsaa

Abbaan lafaa kuufama wabii eegumsaa sassabbachuu yoo barbaade kuufamichii fi hammisaa walii galtee irratti eeramuu qaba. Waliigalli hamma kuufamaa fi kanfaltiin socho'insaa cimaada ji'a tokkoo isa jalqaba caaluu hin qabu. Dabalataan, abbaan lafaa cimaaddataa barreeffamaan qopheessuu qaba. Ibsi haalaa, qulqullinnisaa fi manni cimaaddamu miidhaa yoo qabaate hamma cimaadni dhumutti qopheeffachuu qaba. Jechamichi abbaa lafaa fi cimaaddataan mallatteeffamuu fi guyyaan irratti ibsamuu qaba. Abbaan lafaa cimaaddataaf jechamicha koppii tokko kennuu qaba, akka galmeetti akka keewwatuuf.

Kuufamni wabii hundumtuu herreega amansiisaa fi abbaan lafaa cimaaddataa maqaan, bakkaan, fi iddoo kuufamaatiin beeksisuu qaba. Abbaan lafaa bakki kuufamaa yoo jijjiirame battalumatti beeksisuu qaba.

Kuufamni wabii yeroo xumura walii galteetti akkaataa labsii RCW (Revised Code of Washington, Koodii Irradeebii Waashingitan) 59.18.280tiin deebi'uu qaba.

### Kuufama balaa beeyladaa

Abbaan lafaa kuufama miidhaa beeyladaa ni kutata, garuu 25% cimaada ji'a jalqabaa kan manaa caaluu hin qabu. Kuufamni miidhaa beeyladaa cimaaddataan gargaarsaaf beeyladoota galfate hin ilaallatu Haa ta'uyyuu, cimaaddataa wantoonni gaafachiisan, Beeyladoota gargaarsaa cimaaddataan rakkoowwan qaqqaban, akkasumas balaawwan beeyladoonni keessumaa cimaaddataa qaqqabsiisani. Balaawwan beeyladoota manaa cimaaddataatiin qaqqaban kuufama wabii alallee yoo ta'e ni kanfala.

Waliigalteen kanfaltii beeyladootaan qaqqabu ibsu walii galtee cimaadaa keessatti katabamuu qaba. Ykn hammi kuufamaa ibsamee jalqabarratti akka kanfalu gochuudha, yoo cimaaddataan gaafate.

Beeyladni cimaaddataa gaafa cimaada jalqabaatii kaasanii yoo jiraatan walii galtee cimaadaa keessatti ibsamuu qabu. Beeyladoonni cimaaddataa gaafa jalqabaa kaasanii yoo jiraatan abbaan lafaa barreeffama dabalataa walii galtee cimaadaatti dabaluu qaba.

Abbaan lafaa kuufama beeylada manaaf kuufame yoo uumamuudhaa baate of harkatti hambifachuu hin danda'u, waan cimaaddataan itti gaafatamaa ta'uuf.

Kuufamni beeylada manaa akaataa labsii cimaaddataa RCW 59.18.280tiin deebi'uu qaba.

### Cimaada beeyladaa

Kanfaltiin Cimaada beeyladaa heeyyamamaadha.

**Lafa Konkolaataa dhabamu kiraa manaatiin alaa**

Kireessitoonni kanfaltiin lafa konkolaataa dhabamuu meeqa akka ta'e ilaalchisee, waliigaltee lafa konkolaataa addaa irratti ykn maxxantuu walii galtee kiraa manaa keessatti adda baafamuun kaa'u qabaatu.

**Kanfaltiidhaan sochoosuu**

Kanfaltiin socho'uun mootummaan ykn magaalaani garuu baasiin hin deebi'u.

Gatiin gabaasa calallii cimaaddataa Kanfaltiin socho'uu heeyyamamaa murtaa'aadha, akkasumas gumaan qabamuun mana isa haaraa cimaadamuuf kanfaluu danda'uun ni ilaalama.

Gatiin fudhannaa gabaasa calallii cimaaddataa gatii maamila simatamaa gabaasa magaala Seattle caaluu hin qabu; Abbaan lafaa gabaasni kan ibsuu alatti cimaaddataa irraa qarshii fudhachuu hin danda'u. Abbaan lafaa baasii dhiyeessa gabaasa calallii cimaaddataaf baye nagaheen deeggaree cimaaddataaf kennuu qaba. Abbaan lafaa maqaa fi bakka dhaabbata gabaasa hojjetee gabaasee fi mirga haftee nagahee kanfaltii cimaaddattootaa ni ta'u jedhamanii eegaman dhiyeessuu qaba.

Abbaan lafaa kanfaltii qulqullinaa hin deebine irraa fuudhuu yoo barbaade, abbaan lafaa kanfaltii dabalataa kan qulqullinaa kuufannaa wabii cimaaddataa irraa xumura cimaadaa irratti akka hin fuune ni dhorkama.

Abbaan lafaa yoomiyyuu taanaan kuufannaa wabii, kuufannaa balaa beeyladaa, kanfaltii miini ittiin fe'amu kan hin deebine fi cimaada ji'a darbee irraa kan hafe kanfaltii yeroo tokkoo cimaaddataa irraa akka hin fuune ni dhorkamu.

Bakki fudhanaa gabaasa calallii cimaaddataa, ykn gabaasa liqaa 10% olii irraa kan hafe gatiin fe'umsaa/socho'uu cimaada manaa ji'a jalqabaa 10%caaluu hin qabu, gatiin tarii baasii bakka hin buune/hin deebine/ keessatti makamuu ni danda'a. Haa ta'u malee, gatiin walii galaa kuufannaa wabii fi baasiin socho'aa cimaada ji'aa jalqabaa caaluu hin qabu.

**Walii_gala hanqina kuufannaa wabii, kuufannaa miidhaa beeyladaa fi baasii miini ittiin socho'u**

Gatiin walii_galaa kuufannaa wabii fi baasiin socho'aa cimaada ji'aa jalqabaa guutuusaa caaluu hin qabu. Gatiin socho'aa cimaada ji'a jalqabaa 10% ol ta'uu hin qabu. Kuufamni balaa beeyladaa cimaada ji'a jalqabaa 25% caaluu hin qabu. Manni jireenyaa sun nama kireessuuf mana jireenyaa isaa yoo ta'ee, namni manicha keessaa kutaa <u>jireenyaa tokkicha</u> kireeffate kanfaltiin ammeentaan kusaalee nageenyaa fi kanfaltiiwwan socho'aa deebii'ee hinkanfalamne kireefataa irratti hinhojjatu.

**Kanfaltii yeroo**

*Kuufannaa wabii fi Baasiin sochoosaa*

Walii galli kuufannaa wabii fi baasiin socho'aa hin deebinee cimaada manaa ji'a jalqabaa 25% ol ta'uu hin qabu. Cimaaddataan kanfaltii yeroo yeroon akka armaan gadiitti qoqqooddatee kanfaluu ni danda'a:

- Cimaaddattoonni ji'a ja'a(6) fi isaa olii, cimaaddataan ji'a ji'aan walitti aansuun ykn ji'atti qixxeetti qooduun yeroo itti galutti kanfaluu ni danda'a.
- Cimaadni guyyaa soddomaa(30) fi ji'a ja'a (6) gidduu yoo ta'e Cimaaddataan iddoo walqixxee afur(4) olitti osoo hin qoodiin gaafa jalqabaa irraa kaasee kanfaluu ni danda'a.
- Yoo cimaaddataan ji'a ji'aaf ta'e, bakka wal-qixxee lamatti qooduun yeroo lamatti kanfala, kanfaltiin jalqabaa gaafa manichatti galu yoo ta'u inni itti aanu immoo jiini itti aanu dhufee gaafa guyyaa kanfaltii jalqabaa ta'a.

Cimaaddataan filannoo biraan akkaataa kanfaltii abbaan lafaa itti walii galu fayyadamuu ni danda'a. Filannoo biraan yoo walii galan, walii galtee cimaadaa irratti bareeffamaan ibsuu yookiin qabsiisuu qabu. Guyyaa walii galametti kuufannaa wabii fi socho'aa kanfaluu dadhabuun akkaataa walii galtee cimaadaatti guyyaa kudhan keessatti akka kanfalu tole jechisiisuu ykn yaadachiisuu gaafata, akkaataa RCW 59.12.030(4)tti.

Abbaan lafaa cimaaddataaf yeroo inni galutti homaa kanfaluun(baasuun) isarraa hin eegamu.

Ulaagaalee karoora qoqqooddii eeyyamuuf kanfaltii kuufannaawwanii fi socho'insaaf cimaaddattoota mana namaa keessatti dabalamanii galaniif hin hojjetu ykn dhiyeessa kutaa manaaf abbaan manaa yoo keessa jiraate.

*Cimaada ji'a dhumaa*

Cimaaddattoonni cimaada ji'a dhumaa qoqqooduun kanfaluu ni danda'u.

Cimaaddataa ji'aa ja'a(6) fi isaa oliif, ji'a ji'aan yeroo ja'a(6) ykn bakka lamatti qooduun; cimaaddataa guyyaa jaatama(60) fi ji'a ja'a (6) gidduuf, yeroo afuritti (4) qoqqooduun gaafa itti galee kaasee kanfaluu qaba.

Cimaaddataan haala biraan kanfaluu ni danda'a abbaan lafaa ittiin walii gallaan. Walii galteen biraa uumamee jennaan barreeffamaan waliigaltee keessatti ibsamuu qaba. Yookiin dabalataan itti qabsiifamuu qaba.

Abbaan lafaa cimaaddataaf baasii homaa hin kennu gaafa inni seenu.

Ulaagaalee karoora qoqqooddii eeyyamuuf kanfaltii kuufannaawwanii fi socho'insaaf cimaaddattoota mana namaa keessatti dabalamanii galaniif hin hojjetu ykn dhiyeessa kutaa manaaf abbaan manaa yoo keessa jiraate.

*Kuufannaa Balaa Beeyladaa*

Cimaaddataan kuufannaa balaa beeylada bakka walqixxee sadiitti (3) qooduun gaafa beeyladichi manichatti galerraa kaasee kanfaluu danda'a. Cimaaddataan haala biraan kanfaluu ni danda'a abbaan lafaa ittiin walii gallaan. abbaan lafaa walii gallaan. Karaan biraa yoo ittiin walii galame, walii galtee cimaadaa keessatti ibsamuu qaba, barreeffamaan.

Cimaaddataan kuufannaa wabii, baasii geejjibaa, kuufannaa balaa beeyladaa, fi kan ittiin mana hundeeffatu, cimaaddataan karoora kanfaltii gaafachuu ni danda'a.

**Guduunfaa mirga Abbaa lafaa fi Cimaaddataa**

Abbaan lafaa guduunfaa labsii cimaadaa fi cimaaddataa magaala Seattle mirga, dirqama, furmaata abbaa lafaa fi cimaaddataa seera kanaa jalaa hiruu qaba. Ulaagaan kun kan guutamu maxxansa isa ammaa hiruunidha. Maxxansa Department of Construction and Inspections Seattle *Information for Tenants (Odeeffannoo cimaaddattootaaf).* Ragaan kun cimaaddataa barbaadu kamiifuu kennamuu qaba, yeroo cimaaddataan walii galtee raawwachuuf jedhutti, akkasumas yeroo walii galteen haareffamu. Cimaaddattoonni ji'a ji'aanii labsii fooyya'ee maxxanfamee waggaa keessatti yoo xiqqaate yeroo tokko argachuu qabu. Yeroo walii galteen cimaadaa haareffamu, *Information for Tenants* elektirooniksiin kennamuufii qaba. Maxxansi haaraa *Information for Tenants* kan argamuu danda'u: awww.seattle.gov/dpd/cms/groups/plan/@pan/documents/web_informational/dpdd016420.pdf

Abbaan lafaa akkaataa ulaagaatiin labsiiwwan bittimsuu yoo dadhabe, cimaaddataan barreeffamaan waliigaltee haquu ni danda'a. Dabalataan, cimaaddataan kan baasu, gocha dhorka miidhaa mirgaa kan abbaa lafaa, balaa ta'iinsaa, baasii abokaattoo, fi adabbiiwwan hamma $500. Manni murtii abbaan lafaa walii galtee raawwachuu dadhabuusaa yoo bira ga'e hamma $1000tti adabama.

**Seera Cabsuu**

Seera Rental Agreement Regulation Ordinance cabsuun jalqaba $500 kan adabsiisu yoo ta'u waggaa shan keessatti yoo itti deebi'ame $1000 adabsiisa(5). Iyyatni kan banamu kutaa 'City of Seattle Hearing Examiner' jedhamuttidha. Seera cabsuun beeksisa seera cabsuutti deemama akeekkachiisa lamaa booda.

**Mirga dhuunfaa gochaa Cimaaddattootaa**

Abbaan lafaa walii galtee sirrii hin taane kan armaan gadii yoo dirqamsiis:

1. Ulaagaalee walii galtee cimaadaa dhiyeessa murteessoo qaban;
2. Dhorki kuufannaa wabii, kuufannaa balaa beeyladaa, fi baasii socho'insaa hin deebinee; ykn
3. Ulaagaalee galiinsa manaa karoora kanfaltii

Abbaan lafaa cimaaddataaf kan itti gaafatamu:

1. Balaa tasaa abbaan lafaa cimaaddataa irraan ga'aa jiruun cimaaddataan yoo uume;
2. Hamma adabbii bulchiinsi Seattle ramade yoo dachaa godhe;
3. Kuufannaa wabii fi qaraxa mootumaan hin beekne yoo irraa fuudhe;
4. Hamma $3000; fi
5. Baasii abokaattoo fi kanfaltii mana murtii amansiisaa.

**Tenant Waiver of Rights and Remedies**

Walii galteen cimaadaa jireenyaa yoo hin jiraanne, afaaniin ykn barreeffamaan, mirga dhorkaa gonfachiisa akkaataa Rental Agreement Regulation Ordinance. Haata'u malee, abbaan lafaa fi cimaaddataan walii gallaan ajaja labsii keessa kan barbaadan hambisuu ni danda'u. Kana gochuuf ulaagaawwan armaan gadii guutamuu qabu:

1. Dhiyeessawan turuu qaban labsichi ibsuu danda'uu qaba;
2. Walii galtichi haala beekkamaan, liiziidhaan ykn walii galtee cimaadaan dhiyaachuu hin qabu;
3. Abbaa lafaa fi cimaaddataa jidduutti falmiin kanfaltii ilaallatee hin jiru; akkasumas
4. Cimaaddataan abokaattoo walii galtee mirkaneesse bakka buufatee ajaja gaafatameef wantoota guutuu qabu wajjin dhiyaachuu qaba.

**Wantoota bira darbaman**

Cimaaddataan mana jireenyaa kan nama biraa keessatti qooddatee gala yoo ta'e, bakki jireenyaa kan abbaa meeshaalee yoo ta'e, dhiyeessi ajaja dhorkaa hamma adabbii kuufannaa wabii fi kanfaltii socho'aa, akkasumas kanfaltii kuufannaa wabii fi kanfaltii godaansaa yeroo jijjiirraa hin dhiyaatu.

Akkasumas, labsii keessaa hambisuun deebisuun kuufannaa wabii tursiifame, akkasumas ulaagaalee haala ibsa tokko tokkoo, ulaagaalee kuufannaa wabii herreega amanamaa fi cimaaddataaf bakka ifaa ta'e jiraachuu qaba. Haa ta'uyyuu malee qaamni 'Washington State Residential Landlord-Tenant Act jechamu ulaagaawwan kana ni to'ata.

## QAJEELFAMOOTA MAGAALATTII BIROO KIREEFFATTOOTAA FI ABBOOTII QABEENYAA MIIDHAN

### 1. Open Housing and Public Accommodations Ordinance (Qajeelfama Carraa Banaa ta'uu manneenii fi Bakka Jireenyaa Uummataa)

Ajajni kun oogiif loogii lammummaa, bifa, amantaa, akaakilee, hidda lammummaa, umurii, saala, haala gaa'ilaa, haala maatii, filannoo saalaa, addummaa saalaa, ilaalcha siyaasaa, fi hirmaannaatiin dhufu ni dhorka. Housing Choice Vouchers Program (Sagantaa filannoo qoqqooddii manaa) (kutaa 8) yookiin qaama hanquu irratti; abbaan lafaa mana isaanii jechama 'dursa kan dhufetu dursa keessummeeffama' jedhuun keessummeessuu qabu; akkasumas cimaaddataan filannoo madda galii kanfaltii inni dhiyeeffateen simatamuu qaba. Gochi ajajaa fi komii seera cabsuun dhufu kallattiin Seattle Office for Civil Rights ('Waajjira mirga namaa Seattle'tti karaa) (206) 648-4500 dhiyaachuu qaba.

### 2. Qajeelfamoota Jijjiirama Kondomiiniyamii fi Waldaa Gamtaa

Manneen jireenyaa gara kondomiiniyamii ykn manneen waldaa gamtaatti yoo jijjiiraman, Qajeelfamootni Dabarsa kondomiiniyamii ykn manneen waldaa gamtaatti taasifamu to'annaa seera dhimma manneenii ni barbaada.

Dabalataanis, jijjiirraa kondomiiniyamiitiif, beeksisni guyyoota 120 dura kireeffataaf gahuutu irra jiraata. Kireeffataan kutaa manichaa bituuf yoo hin murteessiin, kireeffataan haala gargaarsa deebisanii qubachiisuuf taasifamuun kanfaltiin maallaqa kiraa kan ji'a sadii waliin wal madaalu ni kanfalamaaf. Kunis Maddeen hunda irraa galiin waggaa kan kireeffataa baay'ina miseensota maatiitiin sirreeffamee, galii gidduugaleessa naannichaa %80 kan hin caalle yoo ta'e dha. Akkuma qajeelfamicha keessatti bal'inaan ibsame maatiin ulaagaalee faayidaalee bakkatti deebisanii qubachiisuu guutuu fi maaticha keessas namni umuriin isaa jahaatamii shan (65) ol ykn isaa ol ta'e yoo jiraate ykn nama "Fedhii Addaa" barbaadu of keessaa qabu gargaarsa dabalataas ni argata.

Jijjiirraa Waldaa Gamtaa tiif, kireessaan ykn abbaan qabeenyaa manicha gurguruu akka barbaadu beeksisi guyyoota 120 kireeffataa dhaaf kennamuutu irra jiraata. Kireeffataan mana kiraan keessa jiraatu sana bituuf yoo hin hinmurteessine, maatiin kireeffataa gargaarsa deebisanii qubachiisuutiif maallaqni hammi isaa $500.00 ta'e ni kanfalamaaf.

Gargaarsi deebisanii qubachiisuu abbaa qabeenyaa ykn misoomsaatiin kireeffataadhaaf kallattiin ni kanfalama. Kanfaltiin gargaarsaa kanfalamuu kan qbu guyyaa manichi gad dhiifame irraa duubatti hin harkifatu.

Qajeelfamoota kana irratti odeeffannoo dabalataa yoo barbaaddan, SDCI Code Compliance, karaa lakk. bilbilaa (206) 615-0808'n qunnamaa.

### 3. Tenant Relocation Assistance Ordinance

Qajeelfamni kun kan hojiirra oolu kireeffattootni wayita manicha irratti miidhaa geessisan, tajaajila isaa jijjiiran, haaressa bu'uuraa, ykn dhimma manaa mootummaan deeggaramu irraa daangaan fayyadamuu yoo dhabamsiifame dha. Abbaa qabeenyaa hojiiwwan misoomaa karoorsu hayyama bakka qabsiisuu kireeffataa fi gamoo argachuu, fi hayyamicha walta'iinsa kiraa addaan kutuu isaatiin dura fayyadamuutu irra jiraata. Kireeffattootni hunduu manicha gad dhiisuuf guyyoota beeksisaa 90 isaan fayyadu fudhachuutu irraa eegama. Kireeffattootni galii gad aanaa qaban, galiin isaanii galii gidduugaleessaa irraa dhibbeentaa 50 kan hin caalle, gargaarsa bakkatti deebisuutiif oolu ni argatu. Heeyyama jijjiirraa kireeftataa gaafachuu dhiisuu yaaduudhaan kanfaltiiwwan manaa dabaluun danbii kanaan dhoowwa dha. Odeeffannoo dabalataa yoo barbaaddan SDCI tiif lakk.bilbilaa (206) 615-0808 tti bilbilaa.

### 4. Seera Suphaa fi Haaromsa Manaa fi Haaromsa Gamoo

Qajeelfamni kun abbootiin qabeenyaa ykn kireeffattootni sadarkaa sirrii kanneen murtaa'an akka galmaan gahanii fi gamoowwan haala suphaa gaariin qabachuuf barbaachisoo dha. Suphaa taasisuuf abbaa qabeenyaa otoo hin taasisin yoo hafe, kireeffataan waa'ee suphaawwan barbaachisan SDCI tiif lakk (206) 615-0808'n ni gabaasa. Qorataan seerri cabuu isaa yoo bira gahe, kireessaan ykn abbaan qabeenyaa sirreeffamawwan barbaachisan akka taasisu irraa eegama.

### 5. Third Party Billing Ordinance (Qajeelfama Ittigaafatamummaa Kanfaltii Qaama Sadaffaa)

Qajeelfamni kun abbootii qabeenyaa mataa isaanii ykn karaa kubbaaniyaawwan dhuunfaa, tajaajilawwan magaalichaan kireeffataadhaaf kennaman (Bishaan, Dhangala'aa Dhabamsiisuu, Balfa gatuu, tajaajila elektirikii) kiraa isaanii irraa adda ta'e kireeffattootaan kanfalchiisaniif seera ni hiika ykn hiikkaa seeraa ni ibsaaf. Qajeelfamichi gamoowwan jireenyaa hunda kutaalee manaa sadii fi isaa ol qaban hunda irratti hojiirra oola ykn ni hojjeta.

Seerotni kunneen abbaa qabeenyaa ykn qaama kanfaltii kanfalu, waa'ee kanfaltii tajaajilaa kan kireeffattootaa ilaalchisee, kireeffattootni odeeffannoo akka argatan taasisuuf fi, hojmaata kanfaltii tajaajilaa walta'iinsa kiraa keessatti ykn beeksisa barreeffamaan ifa akka ta'uufii gochuu gaafatu. Kireessaan beeksisa barbaachisaa osoo hin kenniin dura hojmaata kanfaltii lakkooftuu tajaajilaa haarawaa yoo kireeffataarra buuse, qajeelfamicha diige jechuu dha.

Kireeffataan hojmaata kanfaltii tajaajilaa qaama sadaffaa (Billing third-party) bakka bu'aa dhimma kanfaltii tajaajilaa tiif beeksisuunii fi sababa walitti bu'iinsichaa ibsuun mormuu ni danda'a. Kuni kan raawwatamuu danda'u, guyyaa biiliin isaan qaqqabe irraa kaasee guyyoota jiran 30 keessatti dha. Bakka bu'aan kanfaltii tajaajilaa kunis guyyaa yaadi mormii ykn waldhibdee kun isa gahee kaasee guyyoota 30 keessatti waa'ee dhimmichaa maria'chuuf kireeffataa quunnamuun irra jiraata. Kireeffataan komee isaa Seattle Office of the Hearing Examiner (Waajjira Dhaddacha Qorannoo Siyaatil) tiif dhiyeessuu ykn abbaa qabeenyaa mana mana murtiitti dhiyeessuu ni danda'a. Qorataan dhimma dhaddachaa ykn manni murtii kireessaadhaaf yoo murteesse, abbaan qabeenyaa adabbii kanfaluutu irraa eegama.

**6. Rental Registration and Inspection Ordinance (RRIO, Kaayoon sagantaan galmeesaa fi gorannaa kiraa)**

Rental Registration and Inspection Ordinance (Kaayoon sagantaan galmeesaa fi gorannaa kiraa) manneen magaalaa siyaataalitti argaman nageenyi isaanii guuutummaatti kan eegamee fi sadarkaalee bu'uuraa qabiinsa anaa jedhaman mirkaneessuu fid ha. Baraa 2014 irraa kaasee abbootiin qabeenyaa manajireenyaa siyaataal hundi, muraasairraa kan hafan, qabeenyaa isaaanii bulchiinsa maqaa laatiif galmeessisuu qabu galmeen tokkoo kan tajaajilu waggoota shan gofaafi dha. Qabeenyichi bulchiinsa magaalatti kan galmaa'e ta'uu baannaan kireeffataa gadi lakkisiisuu hin danda'u haala adda ta'een kan hafan irraa kan hafe qabeenyonni hundi waggaa kudhaanii sakataa'e irratti ni godhama sakatta'e kunneen to'attoota magaalaadhaa heyyamamee.

# Washington Residential Landlord-Tenant Act

**Boqonnaa 59.18 RCW.**
**DIRQAMA KAN KABAJA GAARII**

Kireessitoonis ta'anii kireeffattoonni tokkoo isa biraaf gara laafina akka agarsiisuuf seerri bulchiinsaa ni gaafata

Kireeffattootni hedduun kan bakka jireenyaa bu'uura bulchiinsa Washington State Residential Landlord-Tenant Act jalatti kan kireeffatan yommuu ta'an, kanneen murtaa'an immoo addatti seericha keessatti hin hammatamne.

Jiraattonni waliigalaan seericha jalatti hin haguugamiin kanneen armaan gaditti ibsamanii dha:

- Kireeffattootni bakka jireenyaa mana paarkii socho'aa yeroo baay'ee Mobile Home Landlord-Tenant Act (Seera mana bakkaa bakkatti socho'aa kireessaa-kireeffataa) kutaa biyyichaa jalatti haguugamu. (RCW 59.20). Haata'umalee, kireeffattoonti bakkaa fi mana bakkaa bakkatti socho'uu yeroo hedduu seera dhimma bakka jireenyaa jalatti haguugamu.
- Iddoowwan haara baafannaa yeroo Jireenya Hoteelaa fi Moteelaa fakkatan; jiraattota dhaabbilee uummataa ykn dhuunfaa yaalaa, amantaa, barnootaam bashannanaa ykn dhaabbilee bakka sirreeffamaa; jiraattota bakka jireenya maatii qeenxee (tokkoo) akka kiraa lafa qonnaatti kireeffame; kanneen jiraattota yeroo waqtii qonnaa mana jireenyaa argatan dha.
- Kirdeeffattoonti maallaqa guddoo of harkaa qaban mana keessa jiraatan bituuf waliigaltee ni taasisu. Kireeffattoonti bakka jireenyaa maatii tokkkoo filmaata bitachuu waliin kireeffatan, abukaatoon yoo dhimma ykn dhibee liizii ykn kiraan sun qabaatu yoo mirkaneesse raawwatama. Kireeffattootni waliigaltee filmaataa kiraa mallatteessan, garuu, filmaata sana kanneen hojii irra hin oolchiinis kanuma jalatti haguugamaniiru.
- Kireeffattoonti abbootii qabeenyaa/kireessitootaan qacaraman, waliigalteen isaanii kana mana jireenyaa kana keessa turuu kan danda'an wayita ykn turtii hojichaa hojjetaniif qofa dha jechuun yoo ibsa ta'e (Kan akka hojii gaggeessaa mana appaartaamaa).
- Kireeffattootni bakka jireenyaa maatii tokkoo waggaa tokko ykn isaa oliif kireeffachaa jiran ta'anii, abukaatoon isaanii gad dhiisuu isaanii akka qaban yoo mirkaneesse.
- Kireeffattoota qabeenyaa isaanii tajaajila jireenyaarra, dhimma daldalaatiif fayyadamaa jiran.

**MIRGA KIREEFFATTOOTA HUNDAA**

Seera Jireenyaa Kireessaa-Kireeffataa jalatti haguugamankis dhiifatanis, kireeffattoonti hundii seerota kutaa biyyichaa kanneen biro jalatti Washington State Residential Landlord-Tenant Act keessaas, Mirga Bakka jireenyaa dhala namaatiif mijatu jiraachuu; Loogii seeraan alaa kirraa eegamuu; Maal na dhibdee abbaa qabeenyaa ykn kireessaa irraa kan ka'e miidhaa qaamaa ykn qabeneyaa irra gahuuf beenyaa gaafachuu; Qabeenyi isaanii dhuunfaa kireessaan irratti duraa cufamuu fi qabamuu irraa eegamuu ni qabu.

**GOSA WALIIGALTEE KIRAA**

**Waliigaltee Ji'a-ji'aa.** Waliigalteen kun kan yeroo hin murtoofneef taasifamu ta'ee; kanfaltii kiraa ji'a ji'aan ykn yeroo gabaabaa biraa keessatti kanfalamu dha. Waliigalteen kunis barreeffaaamaan ykn jechaan/afaaniin ta'uu ni danda'a. garuu, kanfaltiin kan sassaabameeru yoo ta'e, waliigalteen kun barreeffamaan ta'uutu irra jiraata. [RCW 59.18.260]

Waliigalteen ji'a – ji'aa kireessaan ykn kireeffataan qaama isa biraatiif, xumuramuu yeroo walta'iinsa kiraa yoo xinnaate guyyoota 20 dura beeksisuutu irra jiraata. Wayita jijjiirraan gara Kondomiiniyamiitti taasifamu ykn imaammata kiraa irratti jijjiiramni yoo jiraate, ijoollee osoo hin dabalatiin, kireessaan qaama kireeffataadhaaf beeksisa barreeffamaa kan guyyoota 90 kennuutu irraa eegama. [RCW 59.18.200] Kanfaltiin kiraa ykn seerotni dhimma kiraa yeroo kamuu jijjiiramuu kan danda'an ta'ee; kireessaan ykkn abbaan qabeenyaa qaamolee kireeffattootaaf guyyaa daballii kanfaltii kiraa ykn jijjiirama seerichaa yoo xinnaate guyyoota 30 dura barreeffamaan beeksisuutu irraa eegama. [RCW 59.18.140]

**Kiraa yeroo murtaa'eef.** Kiraan kireeffatichi yeroo murtaa'eef akka turu kan taasisuu fi gahumsa abbaa qabeneyaa immoo turtii waliigaltee kiraa jijjiiruu irratti isa daangessa ykn dhorka. Kiraan seera qabeessa ta'uuf barreeffamaan raawwatamuutu irra jiraata. Yeroo turtii kiraatti, yoo qaamoleen lamaan, kireessaa fi kireeffataan irratti waliigalan malee, kanfaltiin kiraa hin dabalu, akkasumas seerotniin hin jijjiiraman. Walii galteen yeroo waggaa tokkoo fi achii ol turan abukaatoon mirkanaa'uu qabu. [RCW 59.18.210]

**LOOGII SEERAAN ALAA**

Seerri Federaalaa kireessitootni mana isaanii nama tokkotti kireessuuf hayyamamaa ta'uu dhiisuu fi haal dureewwan kiraa adda addaa kireeffattoota irratti sababa sanyii, bifa, saala, amantaa, miidhaa qaamaa, sadarkaa maatii (daa'imman qabaachuu ykn guddiftuu daa'immanii kanneen barbaadan), ykn madda biyyoolessaa (bakka dhalootaa) ykn lammummaa irratti hundaa'uun irra buusan ni dhorka. [Fair Housing Act (Seera Jireenyaa Qixa Sirrii) 42 USC s. 3601 et.seq. 1988] Seerri kutaa biyya kanaa namootni akkanaa kun sababa haala

fuudhaa fi heerumaa, amantaa, jiraachuu sensory, miidhaa sammuu fi qaamaa waliin wal qabatee akka eegaman ni tuma ykn mirkaneessa. Mana kiraa akka hin arganne yoo didamtan ykn taasifamtan, ykn dhiibbaan loogii mana jireenyaa isin irraa geese yoo jiraate, komee keessan barreeffamaan Washington State Human Rights Commission (Komishinii Mirga Namoomaa Kutaa Biyya Waashingitanitti (Washington) dhiyeeffadhaa. Komee keessan Kutaa Dhjimma Jireenyaa Qixa-sirrii Federaalaa kan Department of Housing and Urban Development (Qajeelcha Dhimma Mana Jireenyaa fi Magaalaa) ykn Qajeelcha Mirga Namoomaa Magaalaa naannoo keessan jirutti barreeffamaan komii keessan gabaasuu ykn dhiyeeffachuu ni dandeessu.

## ITTI GAAFATAMUMMA

Kireeffagtaan al takka waliigaltee kiraa yoo waliif mallatteesse, kanfaltii kiraa isaa seerota kana jalatti tumamanii jiran akka raawwataman taasisuuf seera qabeessummaa isaa eegsifachuufis itti fufiinsaan kanfaluutu irra jiraata. Kireeffataanis, suphaa qabeenyaa ilaalchisee kamiif akka itti gaafatamaa ta'e ni hubata. Kireessan sababa of eeggannoo gochuu qabu gochuu dhabuun miidhaa ga'uuf itti gaafatamaa akkuma ta'u kireeffataanis miidhaa ofii isaaf geesuuf itti gaafatamummaa fudhaachuuf qophaayuu qaba. [RCW 59.18.060]

## TUMAALEE SEERAAN ALAA WALIIGALTEE KIRAA

Tumaaleewwan murtaa'an kan waliigaltee kiraa ykn liizii irratti mul'atan, seera qabeessa kan hin taanee fi seericha jalatti hojiirra kan hin oole dha. [RCW 59.18.230] Kanneenis kan haguugan:

- Tumaaleen mirga kireeffataadhaaf Landlord-Tenant Act kennamaniif haala kamiinuu mulquu fi himannaa kireessaa irraa mana murtiitti mirga of irraa ittisuu isaanii kanneen dhabamsiisan.
- Waldhibdeen ykn falmiin gara mana murtii wayita dhaqutti tumaalee kireeffataan baasii abukaatoo kireessaa ni kanfala jedhu.
- Bakkaa fi haala kireessaan itti gaafatamaa ta'etti, tumaalee itti gaafatamummaa kireessaa daangessu.
- Kireeffataan wayita waliigaltee kiraa mallatteessutti qaama araarsaa addaa waliin akka waliigalu gaafatu;
- Tumaalee kireessaan beeksisa qixa sirrii osoo hin kenniin dura manicha akka seenu hayyamu;
- Miidhaan manicha irratti qaqqabe sababa kireeffataan ykn keessummoota isaatiin ta'uu baatus, tumaalee kireeffataan miidhaa qaqqabe hundaatiif akka kanfalu ibsu.
- Tumaalee kireeffataan kanfaltii kiraa kanfaluuf yoo duubatti harkifate ykn yeroo isaatti hin raawwatiin abbaa qabeenyaa qabeenyaa kireeffataa akka qabatu hattamu.

## MIRGA EEGAMUU DHUUNFAA/ICCITII—MANA KIREEFFAME SEEUU KIREESSAA [RCW 59.18.150]

Kireessaan gara mana kireessee kanneeniitti, yeroo amansiisaa ta'etti seenuu akka barbaadu yoo xinnaate guyyoota lama dursee barruun beeksisuu qaba. Haata'umalee, kireessaan dhimma manicha qaamolee bitaniif ykn kireeffataniif agarsiisuuf wayita barbaadee beeksisa guyyaa tokkoo wayita kennuuf, sababa amansiisaan ala kireeffataanis gaaffii kana hin didu ykn ofitti ni fudhata. Kireeffattootni sababa amansiisaa seeraa tokko malee, kireessaan gara manaa seenee hojii suphaa, fooyyessaa, ykn sarviis taasisuu hin didan. Wayita dhimmi ariifachiisan mudatu, ykn qabeenyichi yoo gad dhiifame, kireessaan beeksisa malee ni seena.

## FI KANFALTIIWWAN BIROO

### Kuufama deebi'ee kanfalamu

Landlord-Tenant Act jalatti, jechi "Kuufama" jedhu maallaqa kireeffataadhaaf deebi'ee kanfalamu irratti qofa hojiirra oola, Kuufamni maallaqaa deebi'ee kanfalamu wayita jiraatutti, seerichi kanneen armaan gadii akka guutaman ni gaafata:

- Waliigalteen kiraa barreeffamaan ta'uutu irra jiraata. Kuufamni kamuu kireeffataan maallaqa kuufame kana deebisee argachuuf maal gochuu akka qabu ibsuutu irra jiraata. [RCW 59.18.260]
- Tokkoon tokkoo kuufama maallaqaatiif, kireeffataatiif nagaheen barreeffamaa kennamuutu irra jiraata. [RCW 59.18.270]
- Tarree mirkaneessituu ykn ibsi haala mana kutaa kiraa sanaa ibsu guutamuutus irra jiraata. Abbaan qabeenyaa fi kmireeffataan irratti mallatteessuu qabu. Akkasumas kireeffataan garagakcha ykn koppii mallattaa'e fudhachuutu irraa eegama.
- Kuufami kanneen herrega baankii ykn kubbaaniyaa escrow amanamaa keessa taa'uutu irra jiraata. Bakka maallaqi kun kuufames kireeffataadhaaf barreeffamaan ibsamuutu irra jiraata. Waliigalteewwan biroon barreeffamaan yoo hin taasifamiin, dhalli maallaqa kuufamaa sana irraa argamu kan abbaa qabeenyaa ykn kireessichaa ta'a. [RCW 59.18.270]

### Kanfaltiiwwan hin deebine

Kanfaltiiwwan kanneen haala kamuu keessatti kireeffataadhaaf deebi'anii hin kanfalamaniif. Kanfaltiin deebi'ee kireeffataadhaaf kan hin raawwatamne yoo ta'e; waliigalteen kiraa sun barreeffamaan ta'ee maallaqni kanfalame akka hin deebine ibsuutu irra jiraata. Kanfaltiiwwan hin deebine seera qabeessaan "kuufama" jedhamuu hin danda'an. [RCW 59.18.285]

## ITTI GAAFATAMUMMAAWWAN KIREESSAA [RCW 59.18.060]

Kireessaan dirqama;

- Manicha Haala seera kutaa biyyaa fi naannoo hin cabsineen fi fayyaa fi tasgabbii kireeffataa hin jeeqneen ni qaba ykn kunuunsa
- Qabiyyeewwan bocaa kan akka baaxii, walalii fi chimney's haala suphaa gaariin kunuunsee ni qaba.
- Gamoo jireenyaa sana qilleensaaf banaa akka ta'u ni taasisa.
- Furtuu fi cufantaawwan gahaa ta'an ni dhiyeessa.
- Ho'a, elektirisiitii, bishaan ho'aa fi qorraa dhiyeessuuf tajaajilawwan barbaachisoo ta'an ni dhiyeessa.
- Meeshaalee bakka walitti qaba balfaa ni dhiyeessa, yoo mana jireenyaa maatii tokkoo ykn qofaa yoo ta'e malee; meeshaan balfaa kun akkaataa itti fuudhamu irrattis haala ni mijeessa,
- Naannoolee itti fayyadama waliinii, kan akka eep common areas, such as balbala guddaa wal hiru, gulantaa fi galmi, qulqulluu fi wangtoota miidhaa geessisan irraa bilisa ta'uutu irraa eegama.

- Kireeffataan osoo ol hin seeniin dura ilbiisota ni to'ata. Mana jireenyaa maatii tokkoo qofa ykn faalamni ilbiisaa kun kireeffataan kan dhufe yoo ta'e malee, kireessaan to'annaa ilbiisaa irratti itti fufiinsaan hojjechuutu irraa eegama.
- Cabiinsaa fi baqaqa idileen ala manicha haala yeroo kireeffataan dura seeneen suphee eegumsa ni taasisa.
- Siistama elektirikaalaa, boombaa fi ho'istuu haala supha gaariirra akka jiraatan ni eega, tajaajilawwan ykn meeshaalee walta'iinsa kiraa waliin kennaman kamiifuu eegumsa ni taasisa.
- Maqaa fi teessoo kireessaa ykn bakka bu'aa kireessaa qaama kireeffataatiif ni beeksisa.
- Akkaataa kireeffataadhaan gaafatametti bishaan ho'aa ni dhiyeessa.
- Waa'ee odereffannoo nageenyaa fi eegumsa ibiddaa beeksisa barreeffamaa ni kenna, akkasumas kutaan manichaa, wayita kireeffataa haarawaan ol seenutti dhabamsiiftota aaraan guutamanii qophii ta'uu isaanii ni mirkaneessa. (Kireeffattootni dhabamsiiftota kanneen eeguuf itti gaafatamummaa qabu.) Mana jireenyaa maatii tokkootiif yoo ta'e malee, beeksisichi akkaataa dhabamsiisaan aaraa sun itti hojjetu, waamicha yeroo balaa ibiddaa gamoo fi/ykn tooftaa Ispiriinkilar, Imaammata dhimma aaraa, fi karooraalee beeksisa dhimma hatattamaa, mana gad dhiisuu ykn deebi'anii qabachuu, yoo jiraate, kireeffataadhaaf beeksifamuutu irra jiraata. Kutaaleen maatii baay'ee beeksisa kana akka cheekliistii nageenyaa fi fakkiiwwan eegumsa ibiddaa gamoo sanaa, fi sararran baqa yeroo balaa mul'isan ni kennamaaf.
- Kireeffataa haarawaan wayita gara manichaa seenu, waa'ee ilbiisa du'aa keessa manaa, guddina isaanii to'achuu fi dhiibbaa fayyaa irratti qaban to'achuu Deparment of Health Qajeelcha Department of Health (Eegumsa Fayyaan) kenname kireeffattootaaf ni kenna. Kireessaan kireeffattoota hundaaf odeeffannoo barreeffamaa ni kenna, ykn bakka kutaa bakka jireenya uummataa, ifaa fik mul'atutti ni maxxansa. Odeeffannoon kunis www.doh.wa.gov/ehp/ts/IAQ/mold-notification.htm irraa ni argama.
- Kireeffataan dalagaa kanneen gang waliin isa quunnamsiisu irratti kan bobba'e yoo ta'e; kireeffataa biraan dhimma gang-waliin wal qabatew raawwachuu isaa barreeffamaan yoo beeksiseen kireessaan qorannoo taasisuutu irraa eegama. [RCW 59.18.180]
- Meeshaaleen agarsiiszuwwan gaasii gubataa kaarbon moonoksaayidii ittisuuf fayyadan dhiheessuu.

### ITTI GAAFATMUMMAA KIREEFFATAA [RCW 59.18.130]

Kireeffataan akka raawwatu kan irraa eegamu:

- Kanfaltii kiraa fi tajaajilawwan biroo kamuu irratti waliigale kanfaluu;
- Qajeelfamoota Magaalaa Kaawuntii ykn Kutaa Biyyaatiif bitamuu
- Kutaa kiraa sana qulqulluu fi balfa irraa bilisa taasisee eeguu
- Balfa bakka isaatti kuusuu
- Faalama ykn foolii badaa kireeffataan uumameef ni kanfala.
- Siistamoota elektirikaa, boombaa fi ho'isaa sirrriitti hojiirra oolcha
- Bakka jireenyaa sana ta'e jedhee ykn maal na dhibdeen miidhaa irra hin geessisu
- "Fayyadama seeraan alaa" (Miidhaa qabatamaa qabeenya irra gahu) ykn "Jeequmsa" (Fayyadama qabeenyaa kireeffataa biraa irratti gidduu seenuu)
- Meeshaalee dhabamsiisa aaraa fi carbon monoxide, baatirii bakka buusuu dabalatee, sirriitti ni qaba
- Gochaawwan namoota biro gamoo sana irra jiran irra miidhaa geessisuu danda'u ykn rasaasa seeraan alaa ykn meeshaa sagalee hin qabne nama adabsiisuu danda'u qabatee hin argamu ykn gochaawwan kana fakkaatan irratti hin hirmaatu. [RCW 59.18.352]
- Manicha wayita gad dhiisutti, cabiinsa ykn baqaqiinsa idileen ala, bu'uura kireeffataanm kun dura wayita seene turetti ni deebisa.

### AMALA SODAACHISAA KIREESSAA YKN KIREEFFATAA (RCW 59.18.352 and .354)

Kireessaan tokko nama biraa meeshaa qaraanaa ykn sagalee hin qabneen yoo sodaachisee, fi gochaa sodaachisuu kanaanis kireeffataan kun yoo adabbii hidhaa jala oole, kireessaan walta'iinsa kiraa kan kireeffataa hidhame kanaa addaan kutuu ni danda'a (kireeffataan tarkaanfii akkanaa akka fudhatu barbaadamuu baatus) Kireessaan gochaa tarkaanfii sababa hidhaa seeraan alaatiif galmee yoo hin baniin, kireeffataan gochaan sodaa irratti raawwate beeksisa barreeffamaa kennuun waliigaltee kiraa jalatti dirqama irraa eegamu tokko malee manicha gad dhiisuu ni danda'a. Wayita Kireessaan haaluma wal fakkaatuun kireeffataa sodaachise, kireeffataan beeksisa kennuun manicha gad dhiisuu ni filata. Dhimmoota lamaan kana keessatti, kireeffataan sodaachifame guyyaa manicha gad dhiisee booda yeroo jiru kamiifuu kanfaltii kanfaluuf hin dirqamu, akkasumas kiraa dursee kanfaleef maallaqi isaa deebi'ee ni kanfalamaaf.

### WALIIGALTEE JI'A-JI'AA IRRATTI JIJJIIRAMA UUMUU

Walumaagalatti, kireessaan tumaaleewwan walta'iinsa kiraa ji'a – ji'aa, kan akka kanfaltii kiraa olkaasuu ykn seerota kiraa irratti waliigalaman jijjiiruuf yoo barbaade, kireeffataadhaaf beeksisni barreeffamaa yoo xinnaate kan guyyoota 30 kennamuufiitu irra jiraata. Jijjiirami kanneenis kan raawwatamaa ta'an jalqaba yeroo kiraa irratti qofa dha (Guyyaa maallaqni kiraa kanfalametti). Beeksisni guyyoota 30 gadii yeroo kiraa armaan gadiitiif raawwatamaa ta'a ykn ragga'a.

Kireessaan manicha gara Kondomiiniyamiitti jijjiiruu yoo barbaade, kireeffataadhafa beeksisni guyyoota 120n dura kennamuufiitu irra jiraata. [RCW 59.18.200]

### KIRAA YEROO MURTAA'EE IRRATTI JIJJIIRAMA UUMUU

Kiraa jalatti, yeroo baay'ee, jijjiiramni yeroo turtii kiraatti, qaamoleen lamaan, kireessaa fi kireeffataan yoo irratti waliigalan malee raawwatamummaa hin qabaatu.

**Qabeenyichi yoo gurgurame.** Gurguramuun qabeenyichaa waliigaltee kiraa battaluma addaan hin kutu. Manni kireeffame sun wayita gurguramutti, meelii beekameen ykn maxxansa beeksisaa manicha irratti maxxanfamuun, maqaa fi teessoon abbootii qabeenyaa haarawaa kireeffataadhaaf beeksifamuutu irra jiraata.Kuufamni waliigalaa abbaa qabeenyaa isa duraatiif kanfalamee tures, gara abbaa qabeenyaa isa haarawaatti ni naanneffama. Abbaan qabeenyaa haarawaa kunis maallaqa kana herrega baankii ykn escrow amanamaa keessa ni taa'a. Abbootiin qabeenyaa haarawaas bakka maallaqichi ittii kuufame hatattama barbaadamuun kireeffataadhaaf ni beeksisa.

## SUPHAAWWAN AKKAMIIN AKKA ADEEMSIFAMAN

Kireeffataan sirreeffamawwan, kan akka suphaa adeemsisuu isaatiin dura kireeffataan kanfaltii kiraa manaa, kan tajajaila manichaa waliigalaa dabalatee kanfalatan ii xumuruutu isaan irraa eegama. [RCW 59.18.080]

**Beeksisa Barbaachisu** [RCW 59.18.070] Mana kiraa sana keessaa meeshaan ta'e tokko suphaa wayita isa barbaachisutti, tarkaanfiin inni duraa, kireeffataan beeksisa barreeffamaa abbaa qabeenyaa ykn nama maallaqa kiraa sassaabutti waa'ee rakkoo kanaa beeksisuu ykn kennuu dha.

Beeksisichis teessoo fi lakkoofsa appaartaamaa mana kireeffamuu, maqaa abbaa qabeenyaa qabaachuu qaba. Yoo kan beekamu ta'e, tarreessa ibsa rakkoo sanaas of keessaa qabaachuu qaba. Beeksisa kenneen booda, kireessaan suphicha jalqabuuf hamma yeroo isa barbaachisu eeguutu irra jiraata. Yeroon obsaan eeguu barbaachisu kunis: Bishaan ho'aa ykn qorraan yoo hin jiraanneef, ho'a ykn elektirisiitii, ykn haala lubbuuf balaa uumuuf sa'a 24, Suphaa kollotteessaa (Firiijii), reenjii fi istoovii tiif ykn sarara boombaa kireessaan hojjetameef sa'a 72; suphaawwan kanneen biroo hundaatiif immoo guyyoota 10.

**Filmaatawwan Kireeffataa** [RCW 59.18.090] Suphaaqqan yeroo barbaadame keessatti yoo hin jalqabiinii fi kireeffataan kanfaltii kiraa fi kan tajaajilaa yoo kanfale, filmaatawwan armaan gadii faayidaarra ni oolu;

1) Kireeffataan qaama kireessaadhaaf beeksisa barreeffamaa kennuun battaluma manichas ni gadf dhiisa. Kireeffattootni kiraa isaan dursanii kanfalan akkasumas kuufama isaanii haala idileen ol kaa'atan mirga argachuu ni qabu.

2) Falmiin ykn araarri waldhidbee uumamu furuuf tajajaila.

3) Kireeffataan hojiiwwan suphaa nama adeemsisuuf qacaruu ni danda'a. Yeroo baay'ee, hojicha hojjechiisee kanfaltii kiraa irraa ni hir'isa. [RCW 59.18.100] (Hojmaatni kun meeshaa dabalataa kan kuusa balfaa kireessaan akka dhiyeessu dirqisiisuuf hin tajaajilu.)

   **Yaadannoo Faayidaa Qabeessa:** Suphaan sun tokko ta'ee guyyaa obsaan eegan 10 yoo qabaate, kireeffataan edda kireessaan beeksisa fudhatee booda hamma guyyoota 10tti, ykn kireessaan tilmaama maallaqaa fudhatee guyyoota shaniin booda, hammamuu duubatti haa harkifatu malee; kireeffataan manicha hojjechiisuuf walta'iinsa hin seenu.

   Adeemsa ykn hojmaata kana hordofuuf, kireeffataan dirqama: daldalaa hayyama qabuu fi galmaa'e irraa tilmaama gatii laphee sirrii irraa madde ykn dhugaa kireessaadhaaf ni diyeessa. Yeroo obsaan eeggitii sanaan booda, kireeffataan suphaan manichaa mo'ataa caalbaasii gatii gad aanaa dhiyeesseen akka raawwatamu walta'iinsa ni seena. Hojichi edda raawwatameen booda, kireeffataan kanfaltii tajaajila kan daldalaa ykn hojjetaa suphaa sanaa kanfalee booda baasiiwwan kanneen kanfaltii kiraa irraa ni hir'ifata. Kireessaan akkaataa hojmaata suphichaa akka to'atu carraan kennamuufii qaba. Baasiin tokko tokkoon suphaa kanfaltii kiraa kan ji'a tokkoo hin caalu; baasiin waliigalaas yeroo ji'oottan 12 keessatti immoo kanfaltii kiraa ji'a lamaa hin caalu.

   Suphaan guddaa kireeffattoota baay'ee isaanii tuqu ykn dhiibu yoo taasifamuu barbaachise, kireeffattootni waliin ta'anii, adeemsa sirrii hordofuun hojichi akka hojjetamu taasisuu ni danda'u. Achiiyis, tokko tokkoon isaanii baasii gama isaanii kanfaltii kiraa irraa hir'ifachuu ni danda'u.

4) Kireeffataan suphaa sana adeemsisee baasii isaa kanfaltii kiraa irraa kan hir'ifatu yommuu ta'u; hojichaaf hojjetaa ykn daldalaan hayyama qabuu fi galmaa'e kan isa hin barbaachifne yoo ta'e; Adeemsi walfakkaataa kan armaan olitti eerame (2) ni hordofama. Haata'umaleem daangaan baasii akkanaa tokkkoo fi walakkaa kiraa ji'a tokko ta'a.

5) Kiraa Escrow Keessaa- Haallan hir'ina qabaniif beeksisni kennamee booda, akkasumas, qaami mootummaa hir'ina kana edda mirkaneesseen boodaa, fi yeroon obsaan eeggitii yloo irra darbee, kireeffattootni kanfaltii kiraa manaa kan ji'aa isaanii herrega Escrow keessa kuusuu ni danda'u.

## GOCHAAWWAN SEERAAN ALAA KIREESSAA

**Meeshaa irratti mana cufuu.** [RCW 59.18.290] Seerichi kiressitootni cufantaawwan jijjiiruu, furtuuwwan haarawaa dabaluu, ykn kireeffattoonti cufantaa fi furtuu idilee fayyadamuu akka hin dandeenye taasisuu kireessitootaa ni dhorka. Kireeffataan kanfaltii kiraa manaa irratti duubatti harkifatus, gochaan manaa fi qabeenyicha irratti cufuun seeraan ala dha.

Kireeffataan manni isaa irratti cufame akka mankichatti ol seenuu danda'u himannaa hundeessuu ni dsanda'a. Qaamoleen bulchiinsaa naannawaas seera qabeenyaa fi mana irratti cufuu abbootii qabeenyaa morman kan qabn yommuu ta'u; kireeffattoota gochaan kun irratti raawwatamee manaa baafamanis ni gargaaru. Odeeffannoo dabalataatiif Bulchiinsa Magaalaa ykn Kaawuntii keessaan quunnamaa ykn dubbisaa.

**Sarara Tajaajilawwanii Cufuu.** [RCW 59.18.300] Abbaan qabeenyaa sababa kireeffataan kanfaltii kiraa yeroon itti kanfalu duubatti harkifateef qofa sararran tajaajilaa cufuu hin danda'u ykn kireeffataa manaa akka bahu hin dirqisiisu. Sarrarran tajaajilaa abbaa qabeenyaatiin kan cufaman wayita suphaawwan taasifamuuf ta'ee, fi yeroo amansiisaa murtaa'eef qofa dha. Abbaan qabeenyaa tajaajilaaf kanfaltii lakkaawwii ta'e jedhee yoo hin kanfaliin, tajaajilawwan kanndeen ni cufamu, cufiinsi ykn addaan cituun tajaajilaa kanneenis seeraan ala jedhama. Tajaajilawwan kanneen abbaa qabeenyaan yoo cufaman, kireeffataan dursa, dhaabbatni tajaajilicha kennu deebisee kan hojjetuuf ta'uu fi dhiisuu isaa dursa ni qulqulleeffata. Cufiinsichi seeraan ala ta'ee yoo argame, kireeffataan himannaa seera qabeessa hundeessuu ni danda'a. Mana murtiittis kireessaan falmii taasifame yoo mo'ate, abbaan seeraa, kireeffataadhaaf, tokko tookkoo guyyoota tajaajila kanneen dhabee itti tureef kanfaltii adabbii qarshii $100, ida'uu durgoo abukaatoo akka argatu ni murteessaaf.

**Qabeenyaa kireeffataa fudhachuu.** [RCW 59.18.310] Abbaan qabeenyaa ykn kireessaan qabeenya kireeffataa akka fudhatu kan hayyamu yoo kireeffataan dhiisee bade qofa dha. law allows a landlord to take a tenant's property only in the case of abandonment. Waliigaltee kiraa manaa keessatti keewwatni abbaa qabeenyaa ykn kireessaan qabeenya kireeffataa, haala adda biraa keessa akka fudhatu hayyamu raawwatamummaa hin qabaatu. Abbaan qabeenyaa ykn kireessaan qabeenyaa kireeffataa seeraan ala yoo qabate, hunda dura kireeffataan kireessaa quunnamuutu irra jiraata. Kuni yoo hin milkaa'iin, dhimmichi poolisiitti ni beeksifama. Kireessaan beeksisi barreeffamaa isa gahee boodas qabeenyicha yoo hin deebisiin, mmani murtii, abbaan qabeenyichaa, kireeffataadhaaf tokko tokkoo guyyaa qabeenyichi qabameef qarshii $100 – walumaagalatti $1,000 akka kanfalu ni ajaja. [RCW 59.18.230(4)]

**Qabeenyaa Hin Malle Kireessuu.** [RCW 59.18.085] Abbaan qabeenyaa kutaalee ykn manneen sababa seerri kanaan dura irratti cabee fi hamma yoonaa hin sirroofne ykn seeraan ala jedhamanii fi kiraaf hin malle hin kireessu. Qabeenyaa kanas abbaan qabeenyaa kun osoo beekuu yoo kireesse, hammamuu haa guddatu kanfaltii maallaqa kiraa ji'a sadii, akkasumas baasiiwwan waliigalaa fi durgoo abukaatoo hundaaf itti gaafatamaa ta'a.

**Gochaawwan ykn Tarkaanfiilee Hin Malle.** [RCW 59.18.240 -.250] Kireeffataan seericha jalatti mirgoota kaa'aman fayyadamuu, kan akka qaama mootummaa/ bulchiinsaatiif komii dhiyeessuu ykn maallaqa suphaa hir'isuu irratti dhiyaatu ilaalchisee gochaa tarkaanfii ykn adabbii fudhatamu seerichi ni dhorka. Fakkeenyaaleen tarkaanfilee hin malle kanfaltii kiraa manaa dabaluu, tajaajila kireeffattootaaf kennamu hir'isuu, ykn kireeffataa manaa baasuu fa'a. Seerichi durumaa akka ibsuu yaalutti, tarkaanfiiwwan kanneen, kireessaanis wayita jijjiiramni uummamu seera kaa'ame kan cabse yoo ta'e malee; hojiirra oolmaa tarkaanfii kireeffataa booda guyyoota 90 keessatti yoo uumaman ykn raawwataman tarkaanfii hin malle jedhama. Dhimmichi gara mana murtiitti fudhatamee kireeffataadhaaf yoo murtaa'e, kireessaan gochaa tarkaanfii hin malle raawwateef deebisee akka beenyaa kanfalu, akkasumas miidhaa kireeffataa irra gaheef, dabalataanis durgoo abukaatoo kireeffataadhaaf akka kanfalu ni ajajajama.

## WALIIGALTEE XUMURUU/ADDAAN KUTUUU

**Beeksisa Qixa Sirrii Manichaa Gad-dhiisuu.** Kireeffataan wayita barri walta'iinsa kiraa xumuramutti yeroo baay'ee, kireessaadhaaf beeksisa barreeffamaa kennuun hagas mara barbaachisaa dha. Haata'umalee, kiraan kun beeksisa idilee ta'uun isaa mirkanaa'uuf ilaalamuutu irra jiraata. Kireeffataan turtii yeroo kiraa darbee mana kiraa kana keessa kan turu yoo ta'ee; fi abbaan qabeenyaas kanfaltii kiraa kan ji'a itti aanuu yoo ofitti fudhate, kireeffataanis manicha waliigaltee ji'a-ji'aan taasifamuun akka kireeffachaa jirutti yaadama.

Kireeffataan waliigaltee kiraa barri kiraa osoo hin xumuramiin yoo addaan kute, bara kiraa hafeef kanfaltii raawwachuuf itti gaafatamaa ta'a. Haata'umalee, kireessaan mana kiraa kana gatii walfakkaataan kireessuuf yaalii danda'amuuf hunda ni taasisa. Kuni yoo hin raawwatamiin, kireeffataan kanfaltii yeroo kiraa amansiisaa ta'een ala jiru kanfaluuf itti gaafatamummaa hin qabu. the tenant may not be liable for rent beyond a reasonable period of time. [RCW 59.18.310(1)]

**Beeksisa Qixa-sirrii Waliigaltee Hambisuu – Humna Waraanaa Hir'ifame.** Walta'iinsi kiraa kireeffataan yoo miseensa humna waraanaa (Eegduu Biyyaalessaa ykn Eeggataa Humna Waraanaa) ta'e, kireeffataanis ajaja gara hojiitti deebi'uu ykn hojii qabachuu yoo isa qaqqabe, ajajni akkanaa guyyaa isa gahee kaasee guyyoota toorba hin caalle keessatti abbaa qabeenyaadhaaf ni beeksisa. Haallan kunneen wayita uumamanitti, walta'iinsi kiraa abbaa manaa/haadha manaa ykn nama maxxantuu isaa/ishee ta'een addaan cituu ni danda'a. [RCW 59.18.220]

**Beeksisa Qixa-sirrii Waliigaltee Ji'a-Ji'aa Hambisuuf Taasifamu.** Kireeffataan waliigaltee kiraa ji'a-ji'aa xumuruuf yoo barbaade, beeksisni barreeffamaa kireessaadhaaf kennamuutu irra jiraata.

Beeksisi kunis turtiin walta'iinsa kiraa kun dhumuu isaa, yoo xinnaate guyyoota 20 dura fuhatamuu qaba (Guyyaa kanfaltiin kiraa raawwatamuun dura). Guyyaan beeksisi itti kenname hin lakkaa'amu. Kireessaan, qaamni kireeffataa kun manicha wayita gad'dhiisu beeksisa ykn akeekkachiisa guyyoota 20 ol kireessaadhaaf akka kennuuf hin barbaadu. Abbaan qabenehyaa kireeffataan waliigaltee ji'a-ji'aa akka mana isaa gad dhiisu yoo barbaade, (SIyaatiliin ala qofaaf) beeksisa guyyaa 20 kennuun irraa eegama.

Kireeffataan beeksisa qixa sirrii osoo hin kenniin manicha yoo gad dhiise, seerichi akka jedhutti, kireeffataan guyyaa 30 kanfaltiin kiraa itti aanu kanfalame irraa, ykn kireessaan qaami kireeffataa kun manicha kireeffate akka mana gad dhiise baree kaasee kan guyyoota 30 kanfaluuf itti gaafatamaa ta'a. Haata'umalee abbaan qabeenyaa wayita kana kireeffataa haarawaa adda biraa barbaaduu yaala. Manni jireenyaa kun yeroon guyyoota 30 kun osoo hin raawwatiin yoo kireeffame, kireeffataan dura hamma kireeffataan haarawaa gale kanfaltii raawwachuu hamma eegalutti dirqama kanfaltii kiraa raawwachuu qofatu irra jiraata.

**Beeksisa Qixa-sirrii Waliigaltee Ji'a-Ji'aa Hambisuu – Humna Waraanaa Hir'ifame.** Walta'iinsi kiraa ji'a-ji'aa kun kireeffataan yoo miseensa humna waraanaa (Eegduu Biyyaalessaa ykn Eeggataa Humna Waraanaa) ta'e, kireeffataanis ajaja gara hojiitti deebi'uu ykn hojii qabachuu kan beeksisa guyyoota 20 kennisiisuu isa hin dandeessifne yoo isa qaqqabee fi beeksisa barreeffamaa guyyoota 20 gadiin yoo addaan kute, walta'iinsichi addaan cituu ni danda'a. Haallan kunneen wayita uumamanitti, walta'iinsi kiraa abbaa manaa/haadha manaa ykn nama maxxantuu isaa/ishee ta'een addaan cituu ni danda'a. [RCW 59.18.200]

**Eegumsa Cabuu Naamusaa/Nageenyaa.** Kireeffataan waa'ee miidhaa mana keessaa, badii ykn dhiibbaa cimaa saal quunnamtii isa ykn ishee ykn miseensa maatii isaanii irra gahee kanas barreeffamaan abbaa qabeenyaa yoo beeksisan, kireeffataan seera raawwachiiftota aangoo qabaniif dhimmicha beeksisuun walta'iinsa kiraa kana battaluma addaan kutuu ni danda'a. garagalchi ajaja kanaas kireessaadhaaf kennamuutu irra jiraata. Dhorka Dhiibbaa Kireeffataan dhimmicha qajeelcha ittisa miidhaa ykn seera raawwachiiftota aangoo qabaniif beeksisee; walta'iinsa kiraa kana guyyoota 90 keessatti addaan kutuu ni danda'a. [RCW 59.18.570-585]

## MAALLAQA KUUFAMAA DEEBISUU [RCW 59.18.280]

Kireeffataan mana gad-dhiisee booda, abbaa qabeenyaa maallaqa kuufamaa kan kireeffataa deebisuuf guyoota 21 ni qaba, ykn kireeffataadhaaf ibsa barreeffamaa maallaqichi guutummaan ykn gariin maaliif akka qabame ni ibsaaf. Kireeffataan manicha wayita gad dhiisutti teessoo ergaan itti ergamuufii danda'u dhiisuu ykn kaa'uutu irra jiraata.

Safartuun cimaadaa seericha jalatti, kutaan mana kirichaa, cabiinsaa fi baqaqiinsa idileen ala akkuma kireeffataan dura itti galetti sirreeffamuutu irra jiraata. Kuufamni maallaqaa cabiinsaDeposits cannoa fi baqaqiinsa sirreessuuf, akkasumas miidhaa wayita kireeffataan itti gale qabu ture haguuguuf hojiirra oolchuun hin danda'amu.

Kanfaltiin, ibsi, ykn lamaan kun barbaadaman meelii Poostaa Sadarkaa Tokkoffaa kanfaltiin itti raawwatametti, guyyoota 21 keessatti yoo kuufame abbaan qabeenyaa kun seericha kabajeera jechuu dha. Kireeffataan abbaa qabeenyaa kana mana murtiitti yoo dhiyeessee, fi abbaan qab eenhyaa ibsicha ta'e jedhee kan hin kenninee fi maallaqicha kan hin deebisne, ta'e jedhee ta'uun isaa yoo murtaa'e; kireeffataan dacha hamma maallaqa kuufamee ni argata.

### MANAA BAAFAMUU

**Kanfaltii Kiraa Kanfaluu Dhabuun.** Kireeffataan kanflii kiraa manaa kanfaluu irratti guyyaa tokkoof illee yoo duubatti hafe, abbaan qabeenyaa qaama kireeffataadhaaf kanfalticha akka raawwatu ykn manicha akka gad dhiisu beeksisa guyyoota sadii ni kennaaf. Kireeffataan kanfaltii kiraa waliigalaa kana guyyoota sadii keessatti raawwatee yoo xumure, abbaan qabeenyaa kana ofitti fudhachuu fi yaada isaa kireeffataa manicha keessaa baasuu ni dhiisa.

**Tumaalee walta'iinsa kiraatiif bitamuu dhabuu:** Kireeffataan tumaalee walta'iinsa kiraatiif yoo hin bitamiin (FKN, Waliigaltichi Beeyladi kamuu akka jiraatu osoo hin hayyamiin Adurree guddisuu), abbaan qabeenyaa qaama kireeffataa kanaaf akka tumaalee seera kiraa kabaju ykn manicha akka gad dhiisu beeksisa guyyyaa 10 ni kennaaf. Kireeffataan dhimmoota kanneen yeroo isaa eegee haala quubsaan yoo sirreesse, abbaan qabeenyaa adeemsa kireeffataa mana irraa baasuu itti hin fufu.

**"Badiisa ykn Jeequmsa" Uumuutiif.** Kireeffataan qabeenyaa kireessaa irra miidhaa yoo geessise, manicha gochaa seeraan alaa kan akka gang ykn qoricha sammuu hadoochaa waliin walqabate iratti yoo bobba'e; gatii miidhagina qabeenyichaa yoo miidhe, ykn kireeffattootni biroo fayyadama manneen kiraa irratti qaban ilaalchisee gidduu yoo seene, abbaan qabeenyaa kireeffataan manicha akka gad dhiisu beeksisa guyyaa 3 (sadii) ni kenna. Haala kana keessatti filmaatni turee rakkoo jiru itti sirreessu hin jiraatu.

**Mana Qoricha Sammuu Hadoochaa fi Dhugaatii Alkoolii Irraa Bilisa Ta'e Tajaajila Kanneeniif Fayyadamuun Seera Cabeef.** Kireeffataan turtii waggaa lamaa gadiitiif sagantaa deebisanii fayyuu mana qoricha sammuu hadoochaa fi alkoolii irraa bilisaa irratti yoo bobba'e, qabate, ykn qorichas ta'e dhugaatii alkoolii kan hiru yoo ta'e jiraate; abbaan qabeenyaa kireeffataadhaaf mana isaa akka gad dhiisu beeksisa ykn akeekkachiisa guyyoota sadii ni kennaaf. Kireeffataan seera cabse guyyaa tokko keessatti kan sirreessj yoo ta'e, waliigalteen kiraa kun addaan hin citu. Kireeffataan dogoggora isaa kana guyyaa tokko keessatti yoo hin sirreessiin, manicha gad dhiisuun walta'iinsi kiraas addaan ni cita. Kireeffataan turtii ji'oottan jahaa keessatti amala walfakkaataa yoo itti fufe yoo ta'e; kireessaatiif abbaan qabeenyaa, manni isaa akka gad dhiifamuuf beeksisa guyyoota sadii kan kennuuf yommuu ta'u, kireeffataan gara fuula duraatti darba ykn cabiisa seeraa kana mirga sirreeffachuu hin qabaatu.

**Beeksisa:** Abbaan qabeenyaa kireeffataa mana isaa hin gad dhiifne irratti tarkaanfii fudhachuuf, beeksisni bu'uura RCW 59.12.040 kennamuutu irra jiraata.

Kireeffataan beeksisni manicha akka gad dhiisu eeru kennamuufis tumaalee walta'iinsichaa yoo cabse, abbaan qabeenyaa gara mana murtii dhaquun gochaa "Seeraan ala qabachuu" gabaasuu ni danda'a. Manni murtiis abbaa qabeneyaadhaaf yoo murteesse, waa'ee dhimmichaa sheriff tti gabaasuun, kireeffataan hayyama mataa isaatiin yoo kan hin gad dhiifne ta'e akka gad dhiisu taasifama.Abbaan qabeenyaa kireeffataa manaa gad dhiisifachuu kan danda'u karaa mana murtii fi Waajjira Sheriff qofa dha.

### KIREEFFATAAN YEROO DU'UTTI ISA BAKKA BU'EE NAMA SOCHOOSU MOGGAASUU (RCW 59.18.590)

Yeroo kireeffataan abbaan qabiyyee dhuunfaa du'utti isa bakka bu'ee namni isa bakka bu'ee socha'u fedha isaatiin yookiin akkaataa gaaffii kireessaatiin moggaasuu qaba. Bakka bu'ummaan, maqaa bakka bu'aa,teessoo lakk.poostaa, teessoo imeeyilii,lakk.bilbilaa qabaachuu kan qabu yoo ta'u,yeroo kireeffataan du'utti (kireeffataan mana kireeffatae dhuunfadhaan qabee yoo ture) kireessan gara bakka bu'aan isaa kireeffatetti akka seenu ,qabeenya kireeffataa akka baasu,haftee kanfaltiideebii ta'u akka fuudhu,akkaataa fedha dhumaa dhaamoo fi seera dhalaa raawwaaii qabuun, qabeenya kireeffate akka dhabamsiisu kan heyyamu yoo ta'u bakka bu'ummaanis kan ragga'u kireessaan jechaan amma haqutti yookiin bakka bu'ummaa haaraadhaan hamma bakka bu'amutti ta'a. Qabeenya kireeffataa du'aa namni bulchu yoo muudamu yookiin akkaataa seeraatiin namni seeraa dhaalaa du'aa ta'e yoo argame ni ta'a,bakka bu'aan kireeffataa du'aa bakka bu'ee socha'uun ni hafa.

### KANFALTII KIRAA KANFALUU DADHABUUN MANA GATANII BADUU [RCW 59.18.310]

Seericha jalatti, mana gatanii baduun kan uumamu, kireeffataan kanfaltii kiraa rrawwachuu dadhabuu fi jechaan ykn gochaan manicha keessa itti fufiinsaan jiraachuu kan hin barbaadne ta'uu mul'isa. Manni kiraa wyita gad dhiifamu, abbaan qabeenyaa gara mana kireweffamee seenuun qabeenyaa kireeffataan dhiisee bade kamuu ni qulqulleessa ykn sassaaba. Qabeenyaan kireeffataa kunis bakka nageenyi isaa eegamaa amansiisaa ta'etti kuufamuutu irra jiraata. Kireeffataadhaafis beeksisni bakka qabeenyi isaa kuufame addeessuu fi yeroo itti guguramuuf yaadame ibsuun ni ergamaaf. Abbaan qabeenyaa teessoo haarawaa kan kireeffataa yoo hin beekne, ergaan beeksisaa kun teessoo Mana kiraatti ergamuun kan irra jiraatu ta'ee; Tajaajila Poostaa U.S 'n ni ergama.

Turtiin yeroo qabeenyaa gatamee bahame kan kireessaan gurguru gatii qabeenyaalee kanneenii irratti hundaa'a. Gatiin waliigalaa kan qabeenyichaa $250 gad yoo ta'e, abbaan qabeenyaa beeksisa gurgurtaa qabeenyichaa kireeffataadhaaf erguun guyyoota 7 (toorba) eeguutu irra jiraata. Suurri maatii, yaadannoo fi sanadoota dhimma dhuunfaa, guyyaa kireessaan beeksisa ergeefii irraa kaasee hamma guyyoota 45 (Afurtamii Shanii) tti hin gurguraman.

Gatiin waliigalaa qabeenyichaa $250 ol yoo ta'e, abbaan qabeenyaa beeksisa gurgurtaa qabeenyichaa kireeffataadhaaf erguun guyyoota 45 (Afurtamii Shan) eeguutu irra jiraata.

Suurri maatii, yaadannoo fi sanadoota dhimma dhuunfaa gurgurtaan isaanii akkuma qabeenyaalee biroo guyyuma walfakkaatatti ni raawwata.

Maallaqni gurgurtaa qabeenyaa kana irraa argamu, maallaqa kireessaadhaaf kanfalamuu malu, kan akka, maallaqa deebi'uu fi baasii kuusaa fi geejjiba shaqaxootaa haguuguuf oola. Maallqni hafe kamuu yoo jiraate, abbaan qabeenyaa turtii waggaa tokkoo (1)'f ni kaa'aaf. Kireeffataan yeroo kana keessatti dhiyaatee yoo hin gaafatiin, maallaqa abbaa qabeenyaa ta'ee itti fufa.

Abbaan qabeenyaa/kireessaan qabeenyaa kireeffataa yoo fudhatee, fi manni murtiis boodarra mana gad dhiisanii deemuun akka hin jirre yoo murteesse, abbaan qabeenyaa ykn kireessaan kun badii qabeenyaa kireeffataa irra geessiseef beenyaa, kanfaltii seerummaa mana murtii fi baasii abukaatootiif kanfaluuf ni dirqama.

Hojjimaatni kun akkaataa dhabamsisa qabeenya du'aa irratti rawwii hin qabaatu. "Du'a kireeffataatiin walqabatee, dhisuu kiraadhaa kan jedhu armaan" gaditti ilaali.

## MANAA BAAFAMUU MANA GAD-DHIISUU WALIIN WAL QABATE [RCW 59.18.312]

Kireeffataan gochaa mana gad dhiisuu irratti ajaja kanfaltii beenyaa wayita dhiyeessu, manichi banaa edda ta'ee booda, waa'ee kuufama qabeenyaa ilaalchisee itti gaafatamummaa fudhachuu kireessaa beeksisa ibsu kireeffataan ni fudhata. Kireeffataan qabeenyaaleen isaa akka kuufamuuf unka itti gaafatan ni kennamaaf.

Kireessaan kuufama qabeenyaa kanaatiif kireeffataatiin guyyoota sadii keessatti yoo gaafatamee fi kanaafis kanfaltii tajaajilaa kanfaluuf yoo waliigale; ykn kireeffataan beeksisa barreeffamaa taasisuu haala isa hin dandeessifneen qaama miidhamaa yoo ta'e qabeenyaa kireeffataa ni kuusaaf. Gaaffiin barreeffamaa kuufamaa kireessaadhaaf qaamaan, ykn xalayaan, ykn teessoo meelii kireessaa kan unka gaafannoo irratti ibsameen ni kennama.

Ajajni beenyaa edda raawwatamee boodas, kireessaan mooraa ykn manichatti ol seenuun haftee qabeenyaalee kireeffataa kamuu qabachuu ykn fudhachuu ni danda'a. Gaaffii barreeffamaa kireeffataan ala, qabeenyaa kireeffataa bakka kuusaa qabeenyaa uummataa dhiyootti kuusuu ni danda'a. Abbaan qabeenyaa ykn kireessaan, gaafatees ta'e osoo hin gaafatamiin, qabeenyaa kireessaa yoo kuuse, kanfaltiin baasii geejjibaa ykn kuusaa qabeenyichaaf bahe hammamuu haa xiqqaatu malee, guyyoota soddoma (30) keessatti kireeffataan hamma kanfalamee xumuramutti qabeenyaaleen kunneen hin deebi'aniif.

Gatiin waliigalaa kan qabeenyichaa $250 ol yoo ta'e, xalayaa harkaan kennamuun ykn ergaa seera qabeessaan waa'ee yaada gurgurtaa qabeenyichaa kireeffataadhaaf teessoo isaa beekamaa yeroo dhiyootti beeksisuutu irraa eegama. Guyyaa beeksisaa irraa kaasee guyyoota soddomaa (30) booda, abbaan qabeenyaa barreeffamoota dhuunfaa, suuraa maatii, fi yaadannoo illee dabalatee qabeenyaalee kanneen ni gurgura.

Gatiin waliigalaa kan qabeenyichaa $250 ykn gad yoo ta'e, xalayaa harkaan kennamuun ykn ergaa seera qabeessaan waa'ee yaada gurgurtaa qabeenyichaa kireeffataadhaaf teessoo isaa beekamaa yeroo dhiyootti beeksisuutu irraa eegama. Guyyaa beeksisaa irraa kaasee guyyoota toorba (7) jiran keessatti, abbaan qabeenyaa barreeffamoota dhuunfaa, suuraa maatii, fi yaadannoon ala qabeenyicha ni gurgura.

Maallaqni gurgutaa qabeenyichaa irraa argamu, hammamuu gad aanaa haa ta'u, baasii geejjibaa fi kuusaatiif qabatamaan baheef hojiirra oola. Baasiin kunis, hammamuu xiqqaatu, baasii geejjibaa fi kuusaatiif qabatamaan oole hin caalu. Maallaqni dabalataa yoo jiraate, abbaan qabeenyaa kireeffataadhaaf daangaa yeroo waggaa tokkoof ni kaa'uufiitu irra jiraata. Maallaqa dabalataan qabame kanaaf yeroo waggaa tokkoo (1) keessatti kireeffataa irraa gaaffiin yoo hin dhiyaatiin, maallaqni hafe akka qabeenyaa badeetti ilaalamee gatiin isaa Washington State Department of Revenue (Qajeelcha Galiiwwanii Kutaa Biyyaa Waashingitanitti) kuufama.

RCW 59.18.312 ilaali

## DU'A KIREEFFATAATIIN WAL-QABATEE KIRAA DHIISUU (RCW 59.18.595)

Manicha keessa qofummaadhaan kireeffatee jiraachaa kan ture,kireeffataan du'uu isaa akka beekeen hatattamaan bakka bu'aa du'aatiif ,yeroo balaa nama waamamu yookiin nama dhaala du'aa beekkamuuf beeksisa kennuu qaba .Beeksisnis maqaa kireeffataa du'aa fi teessoo man keessa jiraachaa ture,guyyaa kireeffataan itti du'e,gatii kiraa ji'aa fi kiraan hanga yoomitti akka kanfalame ibsuu qaba.Beeksisni poostaadhaan yookiin qaaman kennamee guyyata 15 keessatti yookiin guyyaan dhumaa kiraan manaa itti kanfalame yoo gahu waliigalteen kiraa akka adda citu ibsuu kan qabu ta'ee bakka bu'aan kireeffataa guyyoota 15 kan keessatti dhihaatee guyyaa kireeffataan itti du'e irraa kaasee guyyoorta 60 jiraniif kiraa kanfaluudhaan qabeenya kireeffataa baasuudhaaf kireessaa waliin dudubbachuu kan danda'u yoo ta'u guyyaan kiraan itti kanfalame yoo gahus waliigalteen kiraa kan adda citu ta'a. Yeroon waliigaltee xumuramuun dura qabeenyi kireeffataa yoo bahuu baatan kireessan gara mana kireessetti seenuudhaan qabeenya keessatti argamu kamiyyuu qabuu,iddoo nageenyi isaa eeggametti kaa'uu fi meeshaa teessisuu fi deddeebisuudhaaf baasii baase gaafachuu fi akeekkachiisa barbaachisaa ta'e erga kennee booddee seera irratti bu'uura taa'een meeshaalee gurguruudhaaf yookiin dhabamsiisuuf mirga akka qabu dabalatee beeksisa irratti ibsamuu qaba. Qabeenya kireeffataa du'aa sochoosuudhaaf garagalchi bakka bu'ummaan kenname beeksisa waliin wal-qabachuu qaba.

Kireessanis yeroon kiraa osoo hin xumuramin dura guyyaa jirutti yookiin guyyaa gareewwan lamaan itti walii galanitti bakka bu'aa kireeffataa irraa gaaffiin barreeffamaa yoo isa qaqqabu qabeenya kireeffataa qabee ture deebisuu qaba.Bakka bu'aan kireeffataas tarree qabeenya baase bakka bu'aan kireeffataa qabeenya harkaan gahuu fi fudhachuu kan ibsu barreefamni mirkanaa'umsaa mallattaa'uu qaba.

Bakka bu'aan kireeffataa duraan dursee kiraa kanfaluudhaaf walii galee yoo ta'e kireessaan akeekkachiisa erguu kan qabu bakka bu'aa beekkamaa kireeffataaf,yeroo balaatti nama waamamu,yookiin dhaaltota kireeffataafi mana duraa kireeffataatiif ta'a.Akeekkachhisni lammataa kuni kiraa dursee akka kanfaluuf maqaa bakka bu'aa du'aa kireeffataa, teessoo fi lakk.bilbilaa yookiin teessoo argamaa ,hamma kiraa duraan dursee walii galteen kanfalamee fi kiraan hanga yoomii akka kanfalame kan ibsu ta'uu qaba.Bakka bu'aan kireefftaa qabeenya kireeffate yoo beekuu baate yookiin yoo fudhachuu baate guyyaan kiraan itti kanfalame yoo darbee booda yookiin akeekkachiisni lammaffaan erga ergamee guyyaa 45 booda kireessaan qabeenya akka gurguru yookiin akka dhabamsiisu akeekkachiisa irratti ibsamuu qaba.

Abbaan qabeenyaa yoo meeshaalee iddoo kuusaatti olkaa'e, karaa barreeffama lammaffaan (dursa kana godhuu yoo baate) ibsuu qaba. Kana kan godhu, bakka bu'aa kireeffataaf, nama beekamu kamuuf, nama yeroo balaa waamamuuf, yookaan dhaalaa kirreeffataa beekamu kamuuf, kireeffataan du'eera taanaan iddoo jireenyaa isaaniitti tahuu qaba.

Beeksisni kunis waa'ee abbaan qabeenyaa erga xalayaan lammataa ergamee guyyoota 45 keessatti, yoo bakka bu'aan kirreeffataa meeshichi kan kooti yoo jechuu baate, yookaan yoo dhabamsiisuu baate, mirga qabu of keessatti hammachuu qaba. Kanaanis, abbaan qabeenyaa qabeenya kana gurguruu yookaan balleessuu akka danda'u kan ibsu ta'uu qaba.

Bakka bu'aan kireeffataatis meeshaalee sochoosuudhaaf fi tursiisuudhaaf jecha baasiiwwan qabatamaa yookiin sababiiwwan lamaan keessa kan kaase kanfalee tarree qabeenya fudhatee qabiyyee qabeenyaa fudhatee abbummaa akka hin fudhanne ibsi mirkaneessu kennamuu qaba. Bakka bu'aan kireeffataa akkaataa yeroo isaa eegeen kireessaa yoo dubbisuu baate yookiin qabeenya kireeffataa du'aa yoo baasuu baate, kireessaan sanadaalee dhuunfaa fi suurawwan hanbisuudhaan qabeenya taa'e gurguruu yookiin dhabamsiisuu ni danada'a. Qabeenyi gurguramu gabaa irratti gatiin qabachuu danda'u $1,,000 ol yoo ta'e,kireessaan akkaataa hojjimaata fudhatama qabuun qabeenyicha gurguruu qaba.Qabeenyi hin gurguramin hunduu karaa sababa qabuun dhabmsiifamuu qabu. Qabeenyi gurguramu gabaa irratti gatiin qabachuu danda'u $1,000 gadi yoo ta'e, kireessaan akkaataa hojjimaata fudhatama qabuun qabeenyicha gurguruu qaba.

Bakka bu'aan kireeffataa sanadoota dhuunfaa hin gaafatamin ii fi suurawwan qabeenyi kireeffataa du'aa erga gurguramanii booda yookiin erga dhabamsiifamanii booda guyyoota 90 kan taa'an yoo ta'u kanaa booda dhabamsiifamuu yookiin dhaaltota kireeffataatiif kennamuu ni danda'u.

Kireessaas ta'ee hojjettoonni kireessaa namni kamiyyuu qabeenya kireeffataa du'aa gurgurame yookiin dhabamsiifame kallattiidhaanis ta'ee al-kallattiidhaan bituun hin danda'amu.Kireessaan qabeenya kireeffataa du'aa gurguruudhaan qabeenya argame qabeenya sochoosuudhaafi teessisuudhaaf baasii qabataamaa fi sabaabaa qabeessa golguudhaaf oolchuu ni danda'a.Mallaqni hafe yoo jiraate kireessaan yeroo waggaa tokko ta'uuf ni teessisa.Yeroon waggaa tokkoo xumuramuudhaan dura mallaqa hafe ilaalchisee gaaffiin yoo dhihaachuu baate mallaqni hafe kuni kutaa bittaa Washington State Department of Revenue keessatti kan hafe jedhamee taa'uu qaba.

Kireessaan mallaqa kiraa irraa hafe kamiyyuu bakka bu'aa kireeffataatiif deebisuu kan qabu yoo ta'u mallaqni ta'uu qabu kamiyyuu sababa itti hambiseef herreega deebbee ta'uu waliin gochuudhaan bakka bu'aan kireeffataa qabeenyicha guyyaa qabeenya kaasee eegalee guyyoota 14 keessatti kennuu qaba.

Kireessaan tumaawwan seeraa kan ta'e jedhee yoo diige, kireessaan qabeenya kireeffataa irratti miidhaa qabatamaa gaheef itti gaafatamaa ta'a.Adeemsa seeraa kanaan wal-qabatee qaamni moo'ataa ta'u kisaaraa irra gahee fi baasii abukaatoo deebisiisuu qaba.

### NAGAHEE

Kireessaan kireeffataa irraa kanfaltii maallaqa dheedhidhaan fuudhuuf nagahee kennuu qaba.Yeroo kieefftaa irraa gaafatmus mallaqa dheedhiidhaan ala karaa jiraniin kanfaltii raawwatamaniif nagahee kennuu qaba. Kanfaltiin kiraa kan keessatti hammatamanis, kanfaltii dursaa, baasii tajaajilaa, paarkiingii, kanfaltii meeshaa teessisuu, yookiin baasiwwan kiraadhaan wal-qabatan birooti. RCW 59.18.063 ilaali.

### GARAGALCHA SANADAALEE

Ibsa haala mana kireeffatee ibsu bu'uura RCW 59.18.260 fi SMC 7.24.030.C dhaan yoo xumurame,garagalchi kireessaa fi kireeffataadhaan mallatteeffame kireeffataadhaaf ni kennama.

Mooraa tokko ilaalchisee waliigalteen kiraa barreeffamaan godhame yeroo jirutti kireessaan kireeffataa waliigaltee mallatteesse tokkoon tokkoof garagalcha mallattaa'ee fi mirkanaa'e kennuu qaba.Kireeffataan kireeffatummaadhaan yeroo turutti garagalcha mirkanaa'ee kireeffataadhaan gaafatame tokko kennuu qaba. Kireeffataan kireeffatummaadhaan yeroo turutti garagalcha mirkanaa'ee kireeffataadhaan gaafatame tokko tolaan kennuu qaba. RCW 59.18.065 ilaali.

## ODEEFFANNOO GALMAA'UMSA FILANNOO

Maxxansa kanatti odeeffannoowwan dabalaman: filannoof galmaa'uu, yoo dura galmaa'anii jiraatan, bakka jireenyaa yoo jijjiirame akka itti haareffamu. Odeeffannoo dabalataaf www.kingcountry.gov/depts/elections.ilaali

# Sagalee

kennuuf galmaa'u hind-agatiin!




## Sagaleen kee gumaacha qaba!

www.kingcounty.gov/depts/elections

# Baga nagaan mana dhuftan!

**Gara mana haaraatti yoo galamu waan hojatamu baayyeetu jira. Galmee filannoo kee haaromsuun wantoota barbaachisoo yaadatamu qaban keessaa tokko.**




## Galmooftee jirtaa?

**Teessoo kee haaromsuuf malloota salphaa shan kunooti:**

- Eeeyyama konkolaachisuu Bulchiinsa Waashingtan kan ammaa yookiin waraqaa eenyummaa kan qabdu ta’e, karaa intarneetiin gali!
- Unkaa galmee *Odeeffannoo* kanatti dabaluun *paakoo Kireefataatti* eergi.
- Maqaa, guyyaa dhalootaa, bakka jireenyaa duraanii fi teessoo poostaa, fi bakka jireenyaa haaraafi teessoo poostaa elections@kingcounty.gov tti imeelii ergi.
- 206-296-VOTE (8683) bilbili. Afaanoota 120n tajaajilli ni jira.
- Waajjirawwan Mummee Filannoowwanii Kaawuntii King kan Renton keessa yookiin damee Galmee filattootaa Seattle keessa qaaman dhaqi.

Filannoon osoo hingahiin yoo xinnaate guyyoota 29 dura teessoo kee haaromsuu yaadadhu. Guyyaa filattootaa qulqulleefadhu.



## Galmaa’uu Barbaaddaa?

**Filachuuf galmaa’uuf maloota sadiitu jira:**

- Eeeyyama konkolaachisuu Bulchiinsa Waashingtan kan ammaa yookiin waraqaa eenyummaa kan qabdu ta’e, karaa intarneetiin gali!
- Unkaa galmee *Odeeffannoo* kanatti dabaluun *paakoo Kireefataatti* eergi.
- Waajjirawwan Mummee Filannoowwanii Kaawuntii King kan Renton keessa yookiin damee Galmee filattootaa Seattle keessa qaaman dhaqi.

**Seattle** Department of Construction & Inspections

Fold and seal, or use an envelope

## Instructions

**Use this form to register to vote or update your current registration.**

Print all information clearly using black or blue pen. Mail this completed form to your county elections office (address on back).

**Deadline**
This registration will be in effect for the next election if postmarked no later than the Monday four weeks before Election Day.

**Voting**
You will receive your ballot in the mail. Contact your county elections office for accessible voting options.

**Public Information**
Your name, address, gender, and date of birth will be public information.

**Notice**
Knowingly providing false information about yourself or your qualifications for voter registration is a class C felony punishable by imprisonment for up to 5 years, a fine of up to $10,000, or both.

**Public Benefits Offices**
If you received this form from a public benefits office, where you received the form will remain confidential and will be used for voter registration purposes only.

Registering or declining to register will not affect the assistance provided to you by any public benefits office. If you decline to register, your decision will remain confidential.

If you believe someone interfered with your right to register, or your right to privacy in deciding whether to register, you may file a complaint with the Washington State Elections Division.

**Contact Information**
If you would like help with this form, contact the Washington State Elections Division.

**web** www.vote.wa.gov
**call** (800) 448-4881
**email** elections@sos.wa.gov
**mail** PO Box 40229
Olympia, WA 98504-0229

For official use:

fold in half

2 / 2016

# Washington State Voter Registration Form

Register online at www.myvote.wa.gov.

## 1 Personal Information

last | first | middle | suffix

date of birth (mm/dd/yyyy) | gender

residential address in Washington | apt #

city | ZIP

mailing address, if different

city | state and ZIP

phone number (optional) | email address (optional)

## 2 Qualifications

If you answer *no*, do not complete this form.

○ yes ○ no **I am a citizen of the United States of America.**

○ yes ○ no **I will be at least 18 years old by the next election.**

## 3 Military / Overseas Status

○ yes ○ no **I am currently serving in the military.**
Includes National Guard and Reserves, and spouses or dependents away from home due to service.

○ yes ○ no **I live outside the United States.**

## 4 Identification — Washington Driver License, Permit, or ID

If you do not have a Washington driver license, permit, or ID, you may use the last four digits of your Social Security number to register.

x x x - x x -

## 5 Change of Name or Address

This information will be used to update your current registration, if applicable.

former last name | first | middle

former residential address | city | state and ZIP

## 6 Declaration

I declare that the facts on this voter registration form are true. I am a citizen of the United States, I will have lived at this address in Washington for at least thirty days immediately before the next election at which I vote, I will be at least 18 years old when I vote, I am not disqualified from voting due to a court order, and I am not under Department of Corrections supervision for a Washington felony conviction.

sign here

date here

return address:
PO Box 40229, Olympia, WA 98504-0229

Office of the Secretary of State
PO Box 40229
Olympia, WA 98504-0229

first class postage required

OFFICIAL ELECTION MAIL
Authorized by the U.S. Postal Service

Please write your county elections office address below:

fold in half

**Adams County**
210 W Broadway, Ste 200
Ritzville, WA 99169
(509) 659-3249

**Asotin County**
PO Box 129
Asotin, WA 99402
(509) 243-2084

**Benton County**
PO Box 470
Prosser, WA 99350
(509) 736-3085

**Chelan County**
350 Orondo Ave Ste. 306
Wenatchee, WA 98801-2885
(509) 667-6808

**Clallam County**
223 E 4th St, Ste 1
Port Angeles, WA 98362
(360) 417-2221

**Clark County**
PO Box 8815
Vancouver, WA 98666-8815
(360) 397-2345

**Columbia County**
341 E Main St, Ste 3
Dayton, WA 99328
(509) 382-4541

**Cowlitz County**
207 4th Ave N, Rm 107
Kelso, WA 98626-4124
(360) 577-3005

**Douglas County**
PO Box 456
Waterville, WA 98858
(509) 745-8527 ext 6407

**Ferry County**
350 E Delaware Ave, Ste 2
Republic, WA 99166
(509) 775-5200

**Franklin County**
PO Box 1451
Pasco, WA 99301
(509) 545-3538

**Garfield County**
PO Box 278
Pomeroy, WA 99347-0278
(509) 843-1411

**Grant County**
PO Box 37
Ephrata, WA 98823
(509) 754-2011 ext. 2793

**Grays Harbor County**
100 W Broadway, Ste 2
Montesano, WA 98563
(360) 964-1556

**Island County**
PO Box 1410
Coupeville, WA 98239
(360) 679-7366

**Jefferson County**
PO Box 563
Port Townsend, WA 98368-0563
(360) 385-9119

**King County**
919 SW Grady Way
Renton, WA 98057
(206) 296-8683

**Kitsap County**
614 Division St, MS 31
Port Orchard, WA 98366
(360) 337-7128

**Kittitas County**
205 W 5th Ave, Ste 105
Ellensburg, WA 98926-2891
(509) 962-7503

**Klickitat County**
205 S Columbus, Stop 2
Goldendale, WA 98620
(509) 773-4001

**Lewis County**
PO Box 29
Chehalis, WA 98532-0029
(360) 740-1278

**Lincoln County**
PO Box 28
Davenport, WA 99122-0028
(509) 725-4971

**Mason County**
PO Box 400
Shelton, WA 98584
(360) 427-9670 ext 469

**Okanogan County**
PO Box 1010
Okanogan, WA 98840-1010
(509) 422-7240

**Pacific County**
PO Box 97
South Bend, WA 98586-0097
(360) 875-9317

**Pend Oreille County**
PO Box 5015
Newport, WA 99156
(509) 447-6472

**Pierce County**
2501 S 35th St, Ste C
Tacoma, WA 98409
(253) 798-VOTE

**San Juan County**
PO Box 638
Friday Harbor, WA 98250-0638
(360) 378-3357

**Skagit County**
PO Box 1306
Mount Vernon, WA 98273-1306
(360) 416-1702

**Skamania County**
PO Box 790, Elections Dept
Stevenson, WA 98648-0790
(509) 427-3730

**Snohomish County**
3000 Rockefeller Ave, MS 505
Everett, WA 98201-4060
(425) 388-3444

**Spokane County**
1033 W Gardner Ave
Spokane, WA 99260
(509) 477-2320

**Stevens County**
215 S Oak St, Rm 106
Colville, WA 99114-2836
(509) 684-7514

**Thurston County**
2000 Lakeridge Dr SW
Olympia, WA 98502-6090
(360) 786-5408

**Wahkiakum County**
PO Box 543
Cathlamet, WA 98612
(360) 795-3219

**Walla Walla County**
PO Box 2176
Walla Walla, WA 99362-0356
(509) 524-2530

**Whatcom County**
PO Box 369
Bellingham, WA 98227-0369
(360) 778-5102

**Whitman County**
PO Box 191
Colfax, WA 99111
(509) 397-5284

**Yakima County**
PO Box 12570
Yakima, WA 98909-2570
(509) 574-1340

**WA State Elections Division**
PO Box 40229
Olympia, WA 98504-0229
(800) 448-4881

fold in half